# Aduu Bahaa Jiruu Dha

Jeffersonville, Indiana USA

65-0418M

1 Mee mataa keenya gadi haa qabannu. Yaa Gooftaa, akkuma guuyyaaFaasikaa ganama kanaatti walitti qabamnetti, mukti daraararuuf hudheedhiibbataa akka jiru, kanniisni ga'ee isaanii fudhachuuf balali'aa akka jiran,simbirroonni hamma onneen isaanii tarsa'uutti sirbanii gammaadaa akka jiran inhubanna, sababiin isaa Faasikaa tu jira. Waaggoota baay'een dura, Ati Yesusiindu'aa akka kaafte in amanna, har'a immoo yaadannoo guyyaa sanaa ayyaaneffachaajirra.

Har'a hunduma keenya gidduutti Faasikaan haa ta'u. Nuyi, garboonniIsaa, Sgalee Isaa akka hubannu nu godhu, nuyi yeroo sanatti Isaa wajjinhirmaattuu taanee amma immoo du'aa kaanee Isaa wajjin Waaqa irra taa'aajiraachuu keenya akka hubannu nu godhi.

Tajaajila guyyaa har'aa mana sagadaa kanaa fi guutummaa biyyaakeessatti iddoo bilbila kanaan dhaggeeffatamaa jiru hundumaatti eebbisi.

Warra nukkubsatanii fi warra miidhaman hundumaa fayyisi.Isaaniifis akkasuma Faasikaan haa ta'u, dhukkubaa gara fayyanii jabaachuuttuba'uu isaaniif haa ta'u. warri cubbuu fi irra daddarbaadhaan du'anis, har'akaraa Kristos jireenyi isaaniif haa ta'u. Maqaa Isaatiin waan kadhannuuf, nyuisSi jajjannaa. Ameen.

2 Dhugaadhumatti ganama har'aa deebi'ee as Jefersenviilee,Indiyaanaatti, mana sagadaa guddaa kana keessatti, iddoo waldaan guuteenamoonni waldaa marsanii, oobdii fi iddoo hundumaa guutanii dhaabataniiwaaqeffatan kanatti argamuun koo carraa guddaa hagana hin jiedhamne dha. Yaanamoota guutummaa biyyaatii bilbilaan nu hordofaa jirtanii, asii ganamni kunguyyaa miidhagduu dha.

Barii ganama har'aa sa'aatii kudha tokkotti, miskiinni hiriyaakootii inni qoma diimaa sun gara foddaatti ol balali'ee hirribaa na dammaqse.Hamma onneen isaa isheen xiqqoon sun dhootutti, "Inni ka'eera" jedhee iyye.Simbirroo miskiina kana yeroo hundumaa akka hiriyaa koottin isa yaada, sababiinisaa, baay'een isa jaalla dha.

Oduun argaa-dhageettii (legend) waa'ee simbirroo kanaa akkasjedha, "Simbirroo xinnaan halluu bunaa qabu tokko, iddoo cubbuun Isa kaa'efannoo irratti, utuu Inni dhiphatuu arge" jedha. Dhugaadha, sombirroo xinnoonsun cubbuu hin qabu ture. Inni simbirroo xinnoo tokkoof jedhee hin duune."Garuu inni gara fannoo sanaatti balali'ee, uuruu isaa xinnoo sanaan mismaaraIsatti cinqqarame irraa buqqisuuf utuu yaaluu, qomni isaa guutummaatti diimaata'e." Aakka gaachanaatti Wanta ulfina qabeessa ta'e isa Inni du'eef kana irraaittiin ittisuuf, kan koos karaadhuma kan simbirrichaa akka ta'un barbaada.

3 Yeroon nuyi asitti qabnu murtooftuu ta'uu ishee waan beeknuuf,keessumaa firoonni koo warri bilbilaan dhaggeeffachaa jirtan, ganama kanasuuraa yeroo murtaa'ee dura kaameeraadhaan kaame irra yaada qalbii keessaniiakka keessaniif waamichan isiniif dabarsa, innis suuraa waa'ee mul'ata (vision)isan waldaa kanatti, yeroon Indiyaanaadhaa Ariizoonaa deemuuf ka'aa jiru argedha; innis iddoo Ergamoonni Waaqayyoo torban bifa piraamiidiitiin na simatani dha.Waan gara boodaatti ta'u beekuu dhabuu koo irraan kan ka'e, yeroon achiga'etti, qilleensa dheekkamsaa sana dura namni dhaabachuu waan hin dandeenyeef,dhuma jireenya kootii ti jedheen yaade; hundumti keessan seenaa oduu (story)kanaa wajjin wal bartaniittu jedheen amana. Egaa yeroo sanatti, ganama kanafakkaatu gaaf tokkootti, Saabiinoo Kaanyoonii keessatti utuu kadhatarra jirruubillaa (sword) harka koo keessaa kaa'aa, "Kun Dubbii Sagalee Koo ti, BillaaDubbii Sagalichaatis" naan jedhe.

Sana booda immoo, akkaataadhaamu raajiin dubbatameetti ErgamoonniWaaqayyoo mul'atan. Yeroodhuma sanatti duroon Ifaa guddaan tokko iddoondhaabadhee turee sokkee, qilleensa ol deemee maayilii soddoma irratti geengoomaree akka koola Ergamoota Waaqayyoo uume, achumaanis akkaataadhuma gurmuuErgamoota Waaqayyoo mu'atan sanaaiitti samii irratti fakkiin Piraamiidiikaafame.

4 Meeksii koo irraa qabeee hanga Ariizoonaa kaabaa iddoo HafuurriQulqulluun, "Tuuksan irraa maayilii afurtama gara kaaba bahaatti fagaatteejirata" naan jedheetti, warri saayinsii suuraa isaa kaafataniiru. Sana boodainni qilleensa keessaa sokke, warri barrulee Laayif (life) suuricha kaasanii, "Waan namaaf hin galle tokkotusamii keessatti mul'ate, iddoo jiidhiinsi itti argamuu hin dandeenyetti, iddoohurki bishaanii itti argamuu hin dandeenyetti; ol fageenya maayilii soddomaa fibal'ina maayilii digdamii torbaatiin," jedhanii maxxansan, inni egaakallattiidhaan iddoo Ergamoonni Waaqayyoo turan sanaa ol deemaa ture.

Amma, isaan maalummaa isaa baruudhaaf na gaafatan. Warrisaayinsii, isaan keessaa inni Tuuksan jiru tokko, maalummaa waan sanaa baruubarbaadee ture, an garuu isaanitti hin himne. Isin hundi keessaan isa inbeektu, utuu harka irra hin ga'in dura isinitti himame. Garuu inni isaaniif kan dhufe miti; inniisiniif kan dhufe dha.

5 Egaa Inni achitti, "Mallattowwan Torban in banamu. Dhoksawwantorban, dhoksawwan baqqaana torban (sevenfold) Macaafa Qulqulluu, inni uumamuubiyya lafaatii jalqabee cufamee ture, banamee in mul'ifama" naan jedhe. Nuyiimmoo, guutummaa addunyaa wajjin yeroo wal bira qabamnu gurmuu gadi

deebi'aaxiqqoo wayii yoo taane iyyuu, nuyi warra eebba kunneeniin, dhoksawwan kanneendhaga'uudhaa gammadanii burraaqani dha. Gaa'elli, Gaa'ela diiguun, sanyiinbofaa, gaaffiwwan garaagaraa kunneen hunduu guutumaa guutuutti nuttimul'ifameera, nama utuu hin ta'in, Waaqayyotu Ofii Isaatii dhoksawwan torbansana bane malee; innis Waldattiin maal akka ture, jalqabatti Kristos keessaattamitti akka Inni ture, fi attamitti akka Inni bara dhumaa keessa mul'ifamuufjiru kan of keessatti qabate dha.

Egaa amma, kun akka moofa'uu ta'eera, garuu ala kanaa suuraa isaasiidaa yaadannoo irraa waan qabnuuf ilaaluu dandeessu. Garuu, yeroo sanatti,yoo in yaadattu ta'e, suuraa sana akkuma warri barruu Laayif (Life)maxxansanitti as kaa'een ture. Garuu warri na hordofaa jirtan, warri as jirtankun, suuraan sun akkataa inni itti ilaalamuu qabutti ilaaltaniittu yoo ta'e,baay'een dinqifadha.

6 Isin yaadadhaa, mul'anni (vision) kun kan dhufe yeroon MacaafaMul'ataa keessatti, iddoo waa'ee abboota firdii durii irratti, iddoo nuyi YesusMul'ata boqonnaa tokko keessatti hubanne irratti utuun lallabaa jiru gara koodhufe. Yeroon nuyi Bara Wakdootaa itti banne, yeroo xiqqoodhaan banamuuMallattowwan Torbanii in dursa. Kristos "Rifeensa mataa suufii (wool) fakkatu,adii" uffatee dhaabata ture. Abbootiin firdii Ingilizii durii, fi abbootiinfirdii baroota dheeraa duraa, yeroo murtii dabarsuuf gara teessumaattideemanitti aangoo ol'aanaan akka isaaniif kennamu isiniif ibseen ture. Isaanaangoo ol'aanaa qabaachuu isaanii mul'isuuf, mataa isaanii irratti wiiggii(wig) adii uffatu turan.

7 Tole egaa, suuricha yoo gara kanattigalagalchitanii ilaaltan, warri as jiratn kun tarii, Kristos ta'uu Isaa inhubattu. Iji Isaa as ilaalaa jiraa hubadhaa, dhugaatti dhibbaa dhibba akkasta'uu danda'a; Wiiggii adii uffachuudhaan Waaqayyo hundumaa gararraa jiruu fiAbbaa Firdii waaqaa fi lafaa ta'uu Isaa ti. Ija Isaa, funyaan Isaa, afaan Isaaarguu dandeessuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Suuricha gara kanatti galagalchaa, akkataadhuma isaanmaxxansanitti; akkaataan kun, akkataataasifamuun irra ture dha. Arguu dandeessaniittuu? ["Ameen."] Inni Abbaa Firdii Ol'aanaa ti. Isa malee kan biraatokko iyyuu hin jiru. Inni kun ammas adda baafannaa guutuu, Ergaan kun Dhugaata'uu Isaa kan dhugaa ba'u dha. Kun Dhugicha. Inni dhugaa dha. Kun immoo Qaama(person) sadaffaa Isa hin godhu, Qaama (Person) tokkocha malee.

Adiiuffatee, ilaalaa, gara dukkana kana, fuula Isaa, areeda Isaa, fi ija Isaailaalaa. Qalbeeffadhaa, Inni…ilaalaa jira. Ifi kun Isa irraa dhufee karaa bukkee gara harka mirgaatiin, gara Inniilaalaa jirutti ba'aa jira. Fannoo irrattis Inni gara mirgaa, gara namichacubbamaa sanaa ilaale. Ifa du'aa ka'uu Isaa keessa, nuyi amma iyyuu MaqaaIsaatiin fuulduratti deemna.

8 Ganamakana yeroo dheeraa qabaadhee wanta gaaddidduu shakkii kam iyyuu garas ta'e kanairra utuun tutturee nan hawwan ture, inni kunoo waldaa kana keessatti jalqabeewaggoottan soddomman, yookiin soddomii shanan darban keessa mirkaneeffamaa asga'e; inni erga bara dacha lagaa sanaa jalqabee, bara 1933tti asumaJefersenviileetti yeroo Ifi innumti sun gadi dhufee, "Akkuma Yohannis cuuphaan dhufaatii Kristos isa duraafkaraa agarsiise, Ergaan kee immoo isa lammaffaaf karaa in agarsiisa" jedheedubbate irraa jalqabee mirkaneeffamaa as ga'e. Nuyi yeroo dhumaa irra jirra, isa kana inhubanna. Yeroo tokko tokko inni maaliif lafa irratti hin mul'annee jenneedinqifanna; yoo fedha Waaqayyoo ta'e, tarii yeroo muraasa yoo arganne carraawaan kana ibsuu in arganna.

9 Ammaegaa gara Macaafa Qulqulluu keessaniitti akka deebitan nan barbaada, yeroohundumaa Dubbiin Sagalee, Sagalee Waaqayyoo dubbifachuun dursuu akka qabu inamanna. An yeroo hundumaa Isa nan dubbisa, sababiin isaa, Inni… Dubbiin koodubbii namaa ti, inni in kufa; garuu Dubbiin Sagalee Waaqayyoo gonkumaa hinkufu.

Ammaegaa Caaffatoota Qulqullaa'oo keessaa barreeffama tokko dubbifachuuf deemaajirra. Jalqaba, iddowwan sadan Macaafa Qulqulluu keessaa akka dubbifannuuffilanne, akka baafattan barbaanna. Isaan keessaa tokko Mul'ata boqonnaa 1,lakkoofsa 17 fi 18; inni kun iddoo Inni "Rifeensa mataa Isaa akka rifeensahiddamaa yookiis akka cabbii calaqqisuunii fi miilla Isaa akka sibiila diimaaisa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifuutiin" mul'ate dha. Akkasumas MacaafaQulqulluu keessan irraa, Roomaa 8:11 akka baafattan nan barbaada. Ergaa kooganama har'aa Isa Gooftaan guyyaa du'aa ka'uutif laphee koo irra kaa'eef,Caaffata Qulqulla'aa keessaa akka dubbifannuuf iddoo sadiin filadhe. AkkasumasMaarqos 16:1fi lama akka baafattanis nan barbaada. Iddoo sanatti egaa qabiyyeebarumsa kootiitti nan dhi'aa dha.

10 Amma,Mul'ata boqonnaa 1 lakkoofsa 17 fi 18 in dubbifanna.

Yommuun isa arge akka nama du'eemiilla isaa jalatti nan kufe. Inni immoo harka isaa mirkaa ana irra kaa'ee,"Hin sodaatin! Inni duraa, inni booddees ana;

Inni jiraatus ana.Takka illee du'eenture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'airratti, balbala iddoo warra du'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba" jedhe.

Ergaa gara warra Roomaa boqonnaa 8 lakkoofsa 11 haa dubbifannu.

Hafuurri Waaqayyooinni Yesusin warra du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, inni Kristosinwarra du'an keessaa kaase, Hafuura isaa isa isin keessa jiraatuun, dhagnakeessan isa du'us immoo in jiraachisa.

Amma immoo Maarqos boqonnaa 16, boqonnaan 16, boqonnaa du'aa ka'uuti, lakkoofsa 1 fi 2 haa dubbifannu.

Sanbanni erga darbee,Maariyaam isheen Magdaalaa, Maariyaam haati Yaaqoob, Salomeenis dhaqanii dhagnaYesus dibuudhaaf urgooftuu bitan.

Jalqaba torbanii,[gaafa Sanbata guddaa], ganama barii ka'anii akkuma aduun baateen awwaalichabira ga'an.

11 Egaa, barreeffama koo ganama kanaatiif, mata duree guddaa godhee, Inni AduuBa'aa jiru dha, kan jedhun fudhachuu barbaada. Mata duree xiqqaatiif immoo,"Humna du'aa ka'uu" kan jedhuttin gargaaramuu barbaada.

Egaa amma, akkuma isin beektan, tarii raadiyoo fi barsiisatajaajiltoota garaa garaa irraa dhaga'aa turtaniittu. Jaallatamaa Obboleessikeenya Neviilleen ganama kana mata duree Faasikaa, du'aa ka'uu irrattibarsiisaa ture. Anis karaa xiqqoo adda ta'en fudha jedheen yaade, waan addata'e gochuuf miti, roga biraatiin xiqqoo itti isiniif dabaluuf yaadeen malee.Caaffatoonni, kallattii hundaanuu Caaffatoota wajjin deemaa, Inni yeroohundumaa Yesus Kristosin labsa. Karaa kamiinuu isa harkaa ba'uu hin dandeessan.Inni yeroo hundumaa Isa labsa.

12 Amma, guyyaan har'aa akka addunyaatti tajaajila yaadannoo ti, yookiin,yoo xinnaate, Ameerikaa fi dachee gama kanaa kan jiran, waldaa keessaa fi iddoohundumaatti, yaadannoo ijifannoo ijinfannoon olii kan takkaa namni barajireenya isaa keessatti qabaatee hin beekintu ayyaaneffatamaa jira.

Akkan yaadutti, akka Fayyisaa lubbuutti Inni yeroo du'e, yookiinakka daa'imaatti Inni yeroo dhalate, Inni utuu gara biyya lafaa hin dhufneta'ee, as jiraachuu jiraachuu hin danda'u ture. Inni yeroo du'etti, dhugaattiInni cubbuu keenya nurraa haqe. Garuu, amma iyyuu, daa'imman gaggaariindhaltaniiru, namoonni baay'een sababa dhugaatiif dhiphifamanii ajjeefamaniiru, garuuisaan keessaa hanga guyyaa kanaatti namni ofii isaa du'aa kaasuu danda'e hinjiru.

13 Amma, inni egaa seenaa keessatti torban guddaa gita hin qabne,yeroo hundumaa ayyaana ayyaaneffatamu keessaa isa guddicha gita hin qabne dha, Faasikaankun iddoo Inni waan dubbatetti qoramee mirkaneesse dha. Namni waan baay'eedubbachuu danda'a, garuu hanga wanti dubbatame sun Dhugummaan isaa qorameemirkanaa'utti, dhibbaa dhibbatti hin amanamu. Akkuma Waaqayyo, Inni, "Waanhundumaa qoraa, isa gaarii jabeessaatii qabadhaa!" jedhe, waan Ofii Isaatii hingodhi tokko isin akka gootaniif, Inni isinitti hin himu. Kanaafuu Inni cubbuukeenyaaf kan du'e Eenyu akka ta'e mirkaneesse.

Egaa yeroo ammatti, guyyaa kun guyyaa yaadannoo duwwaa miti, ilillii Faasikaa, qoobii Faasikaa, hilleettiidiimtuu fi waan kana fakkaatan hunda kan hammate dha malee, sadarkaa waan kana hundumaa qabannee garaayyaana qulqulla'aa dhufuu irra geenyeerra; wanti kun hunduu homaa rakkoo hinqabu, garuu haala sana keessatti kun wanta dhugaa ta'e miti.

14 Akka namoonni bara har'aa, "Nuyi waggaatti al tokko guyyaa kamisaamiilla dhiqannee, guyyaa jimaataatti immoo kennaa qulqulluu fudhachuu qabna"jechuuf yaalaa jiranii fi akka doktiriinii garaa garaa hundumaatti…Isaan inniguyyaa kanatti ta'uu qaba, moo guyyaa sanatti ta'uu qabaa irratti, yookiis inniguyyaa sanbataatti moo guyyaa jalqaba torbaniitti ta'uu qabaa irratti waliinwal falmu; yookiis… Wantoonni kunneen hunduu aadaa qofa dha. Sooma faasikaa(Lent) yoo soomtanis yoo soomuu baattanis, Jireenyi isin keessa hin jirutaanaan inni gaarummaa maalii isiniif qabaata? Inni yaadannoo duwwaa ta'a. Isakanaan wanti mormu hin jiru, garuu isaan wanta barbaachisaa ta'e dhiisanii,guutumaan guutuutti aadaa isaanii adeemsifachaa jiru.

Seexanni hammam nama amantii ta'uu keessan irraa, yookiinDoktiriinii keessanitti hammam cimtanii jiraachuu keessan irraa dhimma hinqabu. Jireenya sana hin qabdan taanaan, karaa kamiinuu ol hin deemtan. Hammamnama amantii yoo taatan iyyuu, hammam nama gaarii yoo taatan iyyuu, miseensawaldaa meeqaa yoo taatan yookiis fuulduratti ta'uuf yoo aggaamtan iyyuu, yoolammata dhalachuudhaa baattan, isaan kun hunduu jijjiirama tokko iyyuu fiduuhin danda'an.

Kanaafuu, Waaqayyo Yesusin du'aa kaaseera erga ta'ee, Inniyaadannoodhaaf du'aa Isa kaaseeree? Guyyaan du'aa ka'uu waaggaatti guyyaatokkoo, yookiis du'aa ka'uun isa nuyi guyyaa ta'e tokko ayyaaneffannudhaa? Yookiis,nuyi du'aa ka'uu Isaa irraa gargaaramoo dhaa? Du'aa ka'uun anaaf maal jechuudha? Du'aa ka'uun isiniif hiika akkamii qaba? Egaa amma, Inni du'aa akka ka'eamantiidhaan (by faith) in amanna, garuu inni kun maal naaf godhaa? Inni kunwaggaa kuma lama dura kan raawwate dha.

Amma barreeffama kana in qoranna!

15 Limmoo narsiin na waraante irraan kan ka'e irreen koo waan nadhukkubuuf of dadhabeera. Tajaajilaaf biyya alaa deemuuf qophaa'aa waananjiruuf, anii fi ilmi koo limmoo kana waraannachuun keenya dirqama. Talaalliidhukkuboota koleeraa, kan busaa keelloo, kan dhukkuboota garaa garaa waananfudheef, qaamni

koo bututuu irra darbee hanga na dhukkubuu irra ga'ee jira.Biyya biraa dhaquu keessaniin dura kana akka waraannattaniif Qeesaar isin irraabarbaada. Inni, “Kan Qeesaar, Qeesaariif kennaa; Kan Waaqayyoo, Waaqayyoofkennaa” jedhe.

Akkuman achi taa'aa turetti, saba ganama kana na eegaa jirankanatti maalan dubbadha laata jedheen yaadaan ture; dhiiraa fi dubartii warrakabaja guddaa na biraa qaban, warra toora bilbilaa irratti na eeggachaa jirankanatti maalan dubbadha laata jedheen yaadan ture. “Attamittan geggeessa? Barreeffama attamiin isaan biraan ga'a?” jdheen yaadan ture.

16 Utuman achi taa'ee jiruu, gara hirriba keessa baduu ta'ee utuunjiruu, balballi koo karaa alaatiin rukutame. Hamman beekutti, ana irraan kanhafe namni tokko iyyuu iddoo sana hin jiru. Nan dhaggeeffadhe. Homtinuu hinjiru. Yeroo xiqqoo booda, yeroon kutaa qo'annaa kootiitti deebi'u, balballikutichaa rurrukutamnaan yeroon ilaalu, namni ta'e tokko balbalicha raasaa jira.Yeroon gara balbalichaatti deemee banu, wanti ani hin eegne (surprise) mucaadurbaa xinnoo, bareedduu, kan rifeensi mataa keelloo, kan iji ishee cuquliisaaachi dhaabattee jirti, isheen ilillii Faasikaa fakkaattee dhaabatti turte;namni kun, kuunnoo achi taa'ee gara koo ilaalaa jirta.

17 Isheen kaardii harkatti naaf laatte. Innis immoo… Eyyee dhugaadha, Yeroon mana galutti kaardiin Faasikaa fi kan kana fakkaatan mana guutaniina eegu jedheen keessa kootti tilmaame; garuu ergan manaa alatti kanan fudhadhetokko duwwaa dha. Isheen, “Obboleessa koo Branhaam, kennaan kun abbaa koo fiana irraa kan siif kenname dha” naan jette. Isheen jechi, “ana” jedhu keessajirachuu isaa sirriitti na hubachiisuu yaalte. Abbaa ishee ogeessa fakkii ti,inni nama wiilcheerii (wheel chair) dhaan deemu dha, isatu kaardii kana naaferge. Yeroon kaardicha fudhettis mucaa bareedduu sana akkuman galateeffadheenbalbala irraa fagaadheen achi deeme, sana booda caardicha nan bane.

Mata duree barsiisa koos bifuma kardii kana irraan argadhe.Sababiin isaa kaardicha irra Maarqos 16:1 fi 2 jira ture, aduun baateetti,aduun ba'aa jirti. Sana booda waa'ee isa kanaa itti yaaduuttin ka'e, achumaanismata duree xiqqaa, “du'a keessaa dammaquu (quickening)” jedhu, du'aa ka'uuYesus Kristos, kan jedhu irrattin xiyyeeffa dhe.

18 Amma guyyaan, aduu dha, yeroo aduun ba'aa jiru dha. Tole egaa, Yeroon lafti kun dukkana limixiikeessa turte tureera. Lafti bifa kan hin qabnee fi onaa turte. Lafti bishaaniinkan haguugamtee dukkana, dimimmisa, atimoosfeera ifa golgolaa keessa turte.Hafuurri Waaqayyoos bishaan irra in sosocho'a ture, Innis, “Ifni haa ta'u!”jedhe. Waaqayyo sababa kana godheef qaba, sababaniin isaa, jala bishaan sanaa,sanyii Inni dhaabetu jira waan ta'eef, sanyichi jirachuuf immoo ifa aduu isabarbaachisa.

19 Ifti yeroo duraatiif lafa irratti kenname immoo Sagalee Waaqayyodubbate dha. Ifti yeroo jalqabaatiif lafa irratti ba'e Sagalee Waaqayyo dubbatedha. Inni, “Ifni haa ta'u!” jedhe, ifnis in ta'e. sababiin Inni dukkana garaifaatti jijjiireef, uumama gammachuu fijireenyaa lafa irratti fiduuf jedhee ti. Yeroo sanatti, guyyaa guddaa sanatti,guyyaa uumama biyya lafaatiif yeroo jalqabaatii aduun baate sanatti, HafuurriWaaqayyoo jaalalaa fi arjummaadhaan sosocho'a ture; aduun baatee qixa hundumaahaxooftee, xiyyi ifa ishees bishaan lafa irraa qoorsee lafa gararraattiatimoosfeeriin akka uumamu taasise. Egaa, inni kun yeroo jalqabaatiif gammachuufi jireenya lafa irratti sanyii sanaaf dhufe dha. Yeroon sun yeroo guddaa ture.

Garuu, Oo, ba'i aduu sun waan biraa hin turre, isheen aduu gaafaFaasikaa ganama baate sana kan fakkaattu turte malee. Yeroo kanatti, aduunsamii keessa ol lixxee dhokachuun, ifa aduu takkaa argamee hin beekne fide;sababiin isaa, ba'uun aduu isa kanaa oduu guddaa aduun inni jalqabaa fidee hinbeekne fidee dhufe waan ta'eef. Ba'uun aduu isa kanaa oduu, “Inni kaafameera!Inni akkuma dubbate, du'aa ka'eera. Inni du'aa ka'eera” kan jedhu ture.

20 Aduun yeroo jalqabaaf ba'e, Uumama keessatti, ergaa uumamni lubbuujiraatu lafarra akka jiraatu, lubbuun du'uuf jiru akka jiraatu fidee dhufe.

Garuu yeroo kanatti, aduun yummuu baatutti, aduu lammataatu ba'e;aduu kan biraa, Ilmatu ba'e. Ba'uu aduu (s-u-n rising) qofaatu ta'e miti,Sanyii Waaqayyoo warra uumamamuu biyya lafaatin dura lafarra akka dhaabamaniifabdachiifamaniif Jireenya Bara Baraa fiduudhaaf Ilmis ka'eera (S-o-n had risen)malee.

Jalqabuma irraa jalqabee biqiloonni lubbuu aduun (s-u-n)laattuufiin malee jiraachuu hin danda'an; har'a yeroo ilmaan Waaqayyoo lafairra jiran kanatti immooo, warri Inni uumamuu biyya lafaatiin dura fialateJireenya Bara Baraa argachuuf Ifa Ilmichaa (the S-o-n Light) argachuu isaanbarbaachisa. Inni uumamuu biyya lafaatiin dura Ofii Isaa keessatti isaanfialate.

Ganama gaafa Faasikaa sana, yeroo sanatti, dhagni keenya iddookosii ta'e wayii tokkotti kaa'amee ture yeroo sanatti, maaliif jennaan, nuyibiyyoo lafaati waan taaneef. Waaqarra immoo Macaafa yaadannootu ture, qaamonni(attributes) Isaa immoo Isa keessa turan, Ilmi Waaqayyoo du'aa ka'ee, ilmaanwaaqayyoo warra durumaan yaada Waaqayyoo keessa jiran immoo, guyyaa guddichakanatti Inni

du'aa akka isaan kaasu durumaan beeka. Kun ta'uuf akka jiru Inniduraan dursee beeka. Aduun inni lammataa kun aduu isa jalqaba uumamaa irrattiba'e caalmaatti, attam ulfina qabeessa.

Har'a, guyyaan kun guyyaa tarsaafamuu Golgaa Faasikaa ti!

21 Amma, bara kana golgaa Faasikaa kan ta'e dhukkuba sombaa qabna.Namoonni faca'iinsa dhukkuba sombaa hir'isuuf, yookiin doktoorota ittiinqacaruuf, miidhamtoota dhukkuba kanaa ittin gargaaruu fi saayinsii fayyaatiindhukkuba kana hir'isuuf kan oolu, galii walitti qabuuf jecha ergaa walii waliiisaaniitti ergaa oolu. Yeroo ergaa walii walii keenyatti erginutti, ergawwankunniin, golgaa Faasikaa jennee kan waamnuun kan golgamani dha. Garuu yerooergaa kana erga harkaan ga'annee booda, golgaa isaa in tarsaafna, sababiin isaagolgaan sun ergaa of keessatti hidhee jira waan ta'eef.

Egaa amma, Golgaan Faasikaa inni dhugaan, guyyaa aduun kun ba'ettitarsa'eera; dhoksaan Jireenya du'a boodaas immoo ifatti baafamee mul'ifameera.Yeroo sana duratti waa'ee kanaa hin beeknu turre. Biyyi lafaa dukkana keessattiwalitti qabame, namni shakkiin guutamee dukkana keessa qaqqabachuu eegale.Tiyooriin garaa namootaa keessa guute, aadaan bakka buufame. Namni bifaqirixametti sagade. Namoonni aduutti sagadan. Isaan waaqayyoolii gosahundumaatti in sagadan. Namoonnixiinxala yaadaa uuman hunduu du'anii in awwaalaman, boolla keessattis in hafan.

Garuu golgaa inni dhugaan tarsa'eera, Namni Inni al tokko akkanuyi jiraannutti jiraate, Inni akka nuyi duunutti du'e, du'aa kaafameera. Maalganamni akkasii! Seenaa addunyaa keessatti ganamni akka gaafa sanaa raawwateehin jiru. Dhoksaan ture sun akka beekamu taasifameera, dhoksichis Inni du'aaka'uus Jireenyas ta'uu Isaa ti.

22 Inni ganama sana yeroo dhufetti, “An waanan jiraadhuuf, isinis injiraattu” jedhe. Du'aa ka'uu irraa fayyadamaan Isa qofaa miti, sanyiin kakuuWaaqayyoo isa guddaa keessa boqotanii turan hunduu fayyadamtoota Jireenya du'aaka'uun dhufee ti. Sababiin isaa, Inni, “An waanan jiraadhuuf, isinis injiraattu” jedheera waan ta'eef. Inni kun egaa tarsaafamuu golgichaa ture. Innikan kaafameef, warri Kristos keessa jiran hunduu Isaa wajjin akka kaafamaniifi.

Guyyaa ba'uu aduu ulfina qabeessa kanatti, Waaqayyo Dubbii SagaleeIsaa mirkaneesse. Dimimmisii fi shakkiinsammuun namootaa keessa sosocho'aa ture hunduu isaan irraa fuudhame, sababiin isaa, Namni Inni al tokko dhala namaawajjin jiraatee, isaanii wajjin nyaatee, isaanii wajjin hirmaattuu ta'ee ta'aature, “Ani lubbuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammo deebisee fudhachuudhaaf abooqaba” jedhee dubbate. Inni dubbachuu qofaadhaan bira darbe utuu hin ta'in,dhugummaa wanata dubbate sanaas hojiidhaan mirkaneesse. Oo, maal wanti ulfinaqabeessa akkasii!

Dhuguma dhuguman isiniin jedha, ganama kana nuyis, nuyi warriisatti amannus, wanti guddaa ture sun nu dura hin dhaabatu. Sababiin isaa, Innidu'aa kaafameera waan ta'eef, nuyis akkasuma durumaan du'aa kaafamneerra,maaliif jennaan, nuyi Isa keessa turre kaa.

23 Amma qalbeeffadhaa. Duumessi lafa aguugee ture, sanyiin immooiftni aduu (s-u-n) yoo itti ba'e malee lubbuun jiraachuu hin danda'u. Ammaimmoo Ilmi (S-o-n) ba'eera, dimmimisi hunduu Ifa kanaan dhabamsiifameera, Inniguutummaa biyya lafaa wal ga'ee, namootaan, “Inni as hin jiru, Inni ka'eera!”jedha. Maal dubbiin hammana ga'u! InniDubbii Sagalee Isaa mirkaneesse. Inni Sagalicha mirkaneesse, maaliif jennaan,Inni amma du'a, qiliillee, fi boolla du'aa harka jala galfateera waan ta'eef.

Sadan tokkummaan (trinity) seexanaa du'a, qilee fi boolla du'aati; maaliif jennaan, Seexanni madda du'aa waan ta'eef, qileen qabeenya isaa ti,boolli du'aas kan isaa ti. Inni kun egaa sadan tokkummaa (trinity) seexanaa ti,innis waan sababa waan tokkoo duwwaadhaan kan uumame dha, innis du'a dha. Du'uukeessaniin gara boollaa in deemtu; cubbamaa ta'uudhaan immoo gara qilee indeemtu. Wanti waliigala ta'e, sadan tokkummaan seexanaa du'a ture. Baroota kanahundumaatti namoota hidhee kan ture isa kana.

24 Garuu sadan tokkummaan (trinity) Waaqayyoo inni dhugaan, Tokkota'ee Kristos Isa Jireenya ta'e, Isa hidhaa sana cabsee diina mo'atee du'aaka'e, Waaqayyo Isa dhugaa tokkicha Isa ta'e keessaan mul'ate. “Inni jiraatus ana.Takka illee du'een ture, amma garuu kunoo, baraahamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'a irratti, balbala iddoo warradu'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba.” Waaqayyo, Nama keessaan, Namauumee, nu gidduu buufate, diinota hundumaas in injifate. Sadan tokkummaanseexanaa mo'atamee, sadan tokkummaan Waaqayyoo akka mirkanaa'u godhee beeksise,sababiin isaa Waaqayyo duwwaatu humna lubbuu deebisee jiraachisuu qaba waanta'eef. Inni Amaanu'eel isa dubbatamee ture sana dha. Waaqayyo foon uffatee nugidduutti mul'ate.

Hindinqisiifatinaa, Inni Maatewos boqonnaa 27 keessatti dubbateera waan ta'eef,Inni “Gooftummaan hunduu waaqa irratti lafa irrattis Anaaf kennameera. Egaadhaqaa, hamma andaara lafaatti dhuga baatuu Koo ta'aa” jedhe. Inni du'a, boolladu'aa fi qilee injifate. Inni kana duwwaa godhe utuu hin ta'in, humnaguddaadhaan, gooftummaa waaqa irraa fi lafa irratti qabaachuu danda'e. Inniguutummaatti Abbaa ture, Inni guutummaatti Hafuura Qulqulluu ture, wanti jirature hunduu Isa keessaa ture. “Gooftummaan

hunduu waaqa irratti lafa irrattisAnaaf kennameera." Isa irran kana hafe hunduu gooftummaa dhabeeyyii dha. Inniisa injifateera.

25 Amma!Yeroo sanattis, sana qofaa miti, Inni Dubbii Sagalee Isaa bartoota Isaa warraIsa amananitti erge. "Hin sodaatinaa, takka illee du'een ture, amma garuukunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira. Du'a irratti balbala iddoowarra du'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba; ani durumaan harka koo keessaisa galfadheera. Sanyiin Waaqayyoo warri duraan dursanii uumamuu biyyalafaatiin durra yaadaan qabaman, yummuu Ifichi ba'ee andaara lafaa wal ga'utti,ulfinni Wangeelaa yummuu wal ga'utti gara Jireenyaatti in dhufu. Barootahundumaa keessatti, Inni midhaan Waaqayyo akka biqilchuuf Isa abboome inbiqilcha." Inni du'aa kaafameera.

Oo,maal wanti dinqisiisaan akkasii, "Ani jiraataa dha, yookiin deebi'eejiraadheera (quickened)." Jechi 'qu'iikendi' (quickened) jedhu jecha Giriikiiyoo ta'u, hiikkaan isaa wanta "Erga du'ee booda deebi'ee jiraatu" jechuu dha.

AakkumaSanyii lafa keessa dhaabamuu ti, iji sanyii lafatti facaafame hunduu du'uutuirra jiraata. Iji sanyii facaafamee hunduu tortoruu qaba. lubbuun sanyichakeessa jirtu immoo lammata deebitee dhalachuu qabdi.

Inni,"jiraachifameera." Isa kana duwwaa miti. "Jireenya isa du'aa kaasee Najiraachise, Humana isa boolla du'aa keessaa Na baase, Humnichi dhagna keessanisa du'aa akka kaasuuf isiniif Nan erga, kanaanis iddoo Ani jiru, isinis in jiraattu."

26 Luqaasboqonnaa 24 lakkoofsa 49 irratti Inni, "Kunoo isa Abbaan Koo isin abdachiiseisiniifan erga, garuu akka nama uffannaa guutuu uffatuutti waaqa irraa humnahamma argattanitti mandara Yerusaalem keessa turaa" isaaniin jedhe. Innifaayidaa hundumaa isa irraa argachuu Isaa qofa agarsiise miti, Inni faayidaaleekanneen warra Isatti amananiif qoode malee.

InniJireenya iddootti deebisuuf, yookiin Jireenya fiduuf dhufe, sanyii warrauumamuu biyya lafaatiin dura Waaqayyo yaadaan isaan qabee Macaafa Jireenyaairratti maqaa isaanii caafe furuuf dhufe. Kunoo isaan lafa irratti abdiidhabanii jiru; Inni Eebba ta'uu duwwaadhaaf hin dhufne, garuu sanyii durumaanyaadaan qabamaniif Eebbicha hiruuf dhufe malee. Egaa amma, sanyichi utuulafarra hin turre ta'ee, silaa hin jiraatu ture. Inni mutee biqiluudhaaflafarra jiraachuu qaba. Bara meeqaaf iyyuu dukkana keessa haa jiraatu malee,yeroo Ifni Ilmaa (S-o-n) Isatti ba'utti Inni qummuudee in biqila. Ammaqalbeeffadhaa, Inni Isa nuufis qooduudhaaf dhufe.

27 Hindinqifatinaa malee Wangeelli oduu misiraachoo ti. Hiikkaan jecha Wangeelajedhuu, "oduu misiraachoo" jechuu dha. Oduu misiraachoo ti, maaltu? Namni tokkonuuf jedhee yoo du'e, kun oduu misiraachoo ti. Kristos yoo dhalate, kun oduumisiraachoo ti. Garuu oduun kun takkaa ta'ee hin beeku, oduun akka kanaa takkaaodeeffamee hin beeku, innis, oduu waa'ee Nama nama abdachiisee waan abdachiisesana immoo mirkaneessee takkaa odeeffamee hin beeku. Yeroo sanatti, "Kunoo, Innibaraa hamma bara baraatti in jiraata; du'a irratti,bantuu balbala iddoo warradu'anii banu harka Isaa keessaa qaba." Dukkunni hunduu godaaneera. TokkichiIlama Waaqayyoo boolla du'aa keessaa ka'eera waan ta'eef, kana booda dukkannimul'atu hin jiru. "Tole egaa, Inni in dhufa, yookiin Inni tarii in dhufa ta'a"jechuun hin jiru. Inni durumaan dursee dhufeera, Wangeelli, oduu misiraachoo!

28 Qalbeeffadhaa,Ergaan Wangeelaa inni guddaan, Inni du'aa ka'eera isa jedhu mirkaneessuu dha."Dhaqaa bartoota Kootti du'aa akkan kaafame himaa, isa kana isaaniifmirkaneessuuf Anuu isaan arguufan jiraa." Oo, yaa Waaqayyo, attam Ifni sunammas deebi'ee bara dhumaa kanatti guutummaa biyya lafaatti ba'aa jiraa! "Anibartoota Kootiif Nan mirkaneessa! An du'aa akkan hin taane dhaqaa isaanittihimaa, ani aadaa barsiifataa miti, Ani Kristos Isa jiraataa dha. Ani isaan arguufanjira. Ergaa du'aa ka'uu Kootii bartoota Koo biraan Naaf ga'aa," Wangeela, oduumisiraachoo isaan biraan Naaf ga'aa.

Isin,"wanti kun sirriidhaa?" in jettu.

29 Ibroota 13:8 irratti, "Inni kaleessa isa ture, har'as barabaraanis isuma sana" jedha. Nuyi, warri fayyadamtoota du'aa ka'uu Isaa taane,amma Jireenyi Isaa nu keessa jiraachuu mirkaneeffachaa jirra, nuyi warra du'aaka'uu Isaa irraa fayyadamanidha. Jireenyichi, jireenya takkaa jiraatamee hinbeekamne dha; Inni Ilama Waaqayyoo ture. Inni du'ee, boolli Isatti cufameeture; garuu yummuu Inni ganama Faasikaa sanatti du'aa ka'etti, nuyi akkahojjettoota Isaatti, ergamani gara guutummaa biyya lafaatti deemnaii oduumisiraachoo kana himuu, ergamni oduu jiraachuu Isaa himuu Isaan nuttikennameera. Isa kana attamitti Sagalee duwwaadhaan raawwchuu dandeenya?"Wangeelli nuyi isiniif lallabne humnaan, Hafuura Qulqulluudhaan akkasumasamansiisa guutuudhaan jiraataa ta'uu Isaa isiniif mrkaneessine malee, Sagaleeduwwaadhaan gara keessan hin dhufne" jedhamee barreeffameera waan ta'eef.

30 Amma egaa, wangeelli biraa yoo jiraate, akkuma Phaawulos gareeisaa keessaa tokkotti dubbate, "Gara wangeela kan biraatti goruu keessaniifbaay'een dinqifadha." Wangeelli biraa illee hin jiru, garuu wangeela ittifakkeessa amantii (make-belief) tiin oduu misiraachoo sana irraa gara mammaaksaamantiitti

isin garagalchuudhaaf warra yaalantu jira malee.

"An waanan jiraadhuuf, isinis in jiraattu." Yohannis 14:12, "Dhugumadhuguman isiniin jedha, namni Anatti amanu waan Ani hojjedhu hundumaas inhojjeta" jedhe. Maal Ergaan akkasii! Hin diqifatinaa, biyya lafaa dukkanatiyooloojiitiin liqimfamte keessa jirra, garuu yeroo galgalaa'utti Ifichideebi'ee in ta'a. Yeroo galgalaa'utti du'aa kaafamuun in ta'a. Yeroogalgalaa'utti Ifni in ba'a.

31 Amma, qabiyyee Ergaa ergamee inni guddaan, "Inni du'aa kaafameera"kan jedhu yoo ta'u, nuyi warri fayyadamtoota (beneficiaries) Isaa taane, nuyiwarri du'aa ka'uu Isaa wajjin hirmaanne, jiraachuu Isaa biyya lafaatiifmirkaneessuudhaan, jireenya du'aa ka'uu Isaattii fayyadamtoota taana. Isa kanaimmoo Sagalee duwwaadhaan raawwanna miti. Isa kana aadaa barsiifata namaatiinraawwachuu hin dandeenyu. Nuyi dhugaadhumatti wanta fuula keenya itti qabneejirru duwwaa in calaqqisiifna.

Bara har'aa kana baay'een keenya namoota gara Kristositti galchaajiraachuu dhabuun keenya baay'ee na sodaachisa. Nuyi gara waldaatti, garatiyooriitti isaan galchaa jirra. Garuu gara Kristositti isaan galchuun keenyadirqama. Isa malee wanti kan biraa tokko illee hin jiru, Jireenyicha kan qabuIsa duwwaa dha. "Namni Ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba."

Jireenyi nama du'e tokko utuu isnitti dabarfamee, akkataadhumanamni sun itti jiraataa turetti in jiraattu.

Dhiigni nama tokkoo gosa dhiiga nama biraa wajjin gosa tokko yoota'e, dhiiga nama sanaa fuutanii dhiiga nama isa kan biraatiif yoo jijjiirtan,inni dhibbaa dhibbatti gosa dhiiga sanaa in ta'a.

Egaa hafuurri keessan inni isin keessa jiru du'aatti yoolakkaa'ame, isin Jireenya isa Kristos keessa tureen dibamtaniittu, Inni isin irrajira! Roomaa 8:11 irratti, "Hafuurri inni Kristosin warra du'an keessaa kaase,isin keessa yoo jiraate, Inni dhagna keessan isa du'us immoo in jiraachisa"jedha, Jireenya isuma sana, humnootuma sana, fayyadamummaa (bebeficiaries)isuma sana, isa Inni biyya lafaa kana irratti Waaqayyo biraa argate hundumaa inargattu. Inni isin sanyii warra durumaan yaada Isaa keessa jirtan, isin warramaqaan keessan uumamuu biyya lafaatiin dura Macaafa Hoolichaa irratti caafamtanfure (redeemed).

32 Ifni Wangeela du'aa ka'uu, Mirkaneeffannaa Sagalichaa ti! InniMasihicha ta'uu Isaa attamittiin beekna? Sababiin isaa Inni waan dubbatemirkaneesseera waan ta'eefi. Ergaa bara kanaa attamittan beekuu danda'a?Waaqayyo isa waa'ee isaa dubbatuu mirkaneessuu isaatiin. Inni kun immooagarsiiftuu fayyadamtoota du'aa ka'uu Isaa ta'uu keenyaa ti. Inni waa'ee wantadubbatee mirkaneesseera.

Inni waan Kristosiin akka hojjetu abdachiise, du'aa ka'uu Isaatiinmirkaneesse. Waan bara Musee keessatti hojjechuuf dubbate hundumaa, Innimirkaneesseera. Waan bara Henok hojjechuuf dubbate hundumaa, Innimirkaneesseera. Waan bara ergamootaa (apostles) akka hojjetuuf dubbate, Innihundumaa mirkaneesseera.

Amma, bara kana keessatti, Inni waan dubbate in mirkaneessa,sababiin isaa, isaan qaama sanyii isa Macaafa Jireenyaa keessatti dhi'aate, isaInni furee gara Waaqayyootti deebisee, waan ta'aniif. Oo, maal Ergaan akkasii!

33 Ganama gaafa Faasikaa, Isa duwwaatu ka'e miti, fayyadamtoonni(beneficiaries) Isaas Isaa wajjin ka'an malee. Inni… Isaan iddoo fannoo IsaattiIsa keessa turan. Du'aa ka'uu Isaattis, isaan Isa keessa turan. Nuyifayyadamtoota du'aa ka'uu Isaa ti, nuyi dukkana du'aa keessa utuu jirruu garajireenyaatti dhufne.

Dukkanni amanuu diduu biyya lafaa, iddoo waldaa, damaleen amantiifi kan kana fakkaatan itti nu liqimsanii turani dha. Wanta nu keessaa, "Oo, nuyi Waaqayyoon barbaanna!Nuyi beelaa fi dheebuu Waaqayyoo qabna" jedhee bilbilu tookotu jira. Nuyi Metedistii, Baaptistii, Phenxeqoostaalii,Prebaayiteeriyaanii fi kanneen birootti miseensa taanee turre, garuu amma iyyuuwanta sirrii hin taane tokkotu jira ture, nuyi amma kana deemnee Isa argachuuhin dandeenye turre. Wanti hunduu akkuma tasaa, utuu nuyi dukkana keessaharkaan lafa qaqqabataa deemaa jirruu, du'aa ka'uu inni guddaan mul'achuu abdiiSagalee Waaqayyootiin gara keenya dhufe.

Inni mul'achuu abdii Sagalee Waaqayyoo ture. "Ati iddoo lafajalaatti lubbuu Isaa hin laattu, Isa Siif Of kennes ijaan iyyuu qilee akka arguhin gootu." Inni Dubbii Sagalee Waaqayyoo isa waa'ee Isaatiif dubbatamehundumaa mul'inatti fixaan baase. Inni guyyaa Faasikaa ganama yeroo du'aaka'etti isa mirkaneesse.

34 Amma, warri yeroo ta'e tokko harkaan dukkana keessa qaqqabachaa finaannoo sana dinqisiifachaa turan, guyyaa akkasitti miilla dhiqachuun isaaniifdirqama yoo ta'e, yookiin guyyaa ta'e ta'e tokko eeguun isaaniif dirqama yoota'e, yookiin seera in eegu yoo ta'e, isaan kun hunduu darbaniiru. Maaliifjennaan, du'aa ka'uu ulfina qabeessa isa wanta namtolchee hundumaa, waan namaniuume hudumaa, sababa namni uume hundumaa ciiga'utu jira waan ta'eef.

Hanga yeroo sanaatti, namni lubbuu isaa of keessaa baasee ofittideebise hin jiru ture. Inni du'aa ka'uu Isaatiin mirkana saayinsii isaan ofharkaa qaban.

35 Yeroo isaan, "Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'a bara baraanisisuma sana miti" jedhanitti, yeroo isaan, "Gooftummaan Isaa tokkicha (the same)miti" jedhanitti, yeroo isaan, "Wangeelli Isaa tokkicha (the same) miti"jedhanitti, Macaafni Qulqulluun immoo Inni tokkichuma (the same) jedha!Waaqayyo damee amantii hundumaa, seerrata (creed) hundumaa in ciiga'e, Innigeggeessaa Hafuura Qulqulluu Isaatiin, akkuma nu abdachiisee turetti Innijiraataa ta'uu Isaa nuuf mirkaneesse.

Nuyi fayyadamtoota du'aa ka'uu Isaa ti, nuyi biyya lafaa keessatticubbuu fi irra daddarbaa keessatti erga duunee booda nu jiraachise. "Inni Isaawajjin du'aa nu kaase, Isaa wajjin nu kaasee, amma Isaa wajjin Iddoo Waaqairraa keessa Yesus Kristos wajjin taa'aa jirra." Inni kan fide…

Hafuurri Isaa Jireenya Isaa wajjin tokko (same) kan ta'e deebiseelafa irratti fida. "Hafuurri Waaqayyoo Inni Kristosin warra du'an keessaa kaase,"dhagnichi, dhagni inni dibame; Hafuurri Waaqayyoo akkuma yeroo sanyiin lafakeessatti awwaalameetti dhagnicha dibe, Inni boollicha keessa akka boqotu Isahin goone. Lakki. Inni deebisee Isajiraachisee du'aa Isa kaase. "Hafuurichi Innumti sun," hojjii kan Isaatiintokko ta'een, Humna kan Isaatiin tokko ta'een, milikkita kan Isaatiin tokkota'een, "isin keessa in buufata, Inni dhagna keessan isa du'e in kaasa."

36 Caaffata Qulqulla'aa keessaa iddoo tokko dubbisuun barbaada.KutaaCaaffataa kanan armaan gaditti barreeffadhee jiru akka baafattan nan barbaada.Kutichi waa xiqqoo isin gargaaruu danda'a. Inni kan argamu Macaafa SeeraLewwootaa boqonnaa 23 lakkoofsa 9 hanga 11tti. Sirriitti dhaggeeffadhaa. Seerakeessatti, Seera Lewwootaa keessatti, Waaqayyo Museetti dubbachaa jira.Dhaggeeffadhaa. Wantoonni kunniin hunduu fakkaattii wanta yeroo ammaa ti, yerooxiqqoodhaaf as irra dhaabannee fakkaattiin wanta kanaa maal akka ta'e bira ingeenya.

Waaqayyo ammas Museedhaan,

"Ati namoota Israa'elitti dubbadhu,isaaniin, 'Waaqayyo akkana jedha:- Yeroo biyya ani isiniif kennu sanattigaltanii…

"Biyyichi, iddoo an isiniif kenne dha. Iddoo Ani isin abdachiisesanatti yeroo galtanitti, Ani isinan simadha jedhii Israa'elotatti dubbadhu,kunis yeroo isaan lafan isaan abdachiise sanatti galanitti in ta'a." Wantiuumama irratti raawwatu fakkeenya kan hafuuraa ti.

…midhaan irraa galfattan (isin wanta anisinitti dubbadhe irraa fudhattaniitti), bissii mataa midhaan galfattanii garalubichaatti fidaa!

Akka isiniif fudhatamuttis lubichi Ana Waaqayyoduratti bissii sana haa sochoosu! Inni guyyaa Sanbataa sana booddee ganama isaahaa sochoosu!

37 Wanti kennaa galata qulqulla'aadhaaf dhi'aatu kamuu, guyyaasambataatti, torban keessaa isa torbaffaa isa ta'etti, guyyaa sanbata duraattidhi'eeffamuu qaba. Yaadannoo kana keessatti, guyyaa torbanii isa jalqabaattiakka inni sochoofame qalbeeffattaniittuu?

"Bissichi, mataa sanyii isa isin facaaftanii ti, yeroo biqilichiija godhatee bilchaatutti, bissii midhaan mataa ta'ee murtanii gara lubichaattiin fiddu. Akka isiniif fudhatamutti lubchi bissii sana Gooftaa duratti insochoosa. Bissii keessan qabattanii dhufuu qabdu, inni immoo Gooftaa durattiisa sochoosuu qaba, guyyaa…"

Kun kan ta'u guyyaa sanbataa isa ta'e guyyaa torbaffaatti miti; guyyaajalqabaa isa ta'e guyyaa Dilbataa (S-u-n-d-a-y) tti malee.

Eeyyee, inni kun jecha warra Roomaa ti, guyyaan kun guyyaa warriRoomaa waaqa aduutiif moggaasani dha. Garuu inni attamitti jijjirame!

Inni kana booda aduu (s-u-n) miti. Inni Guyyaa Ilma Waaqayyoo(S-o-n d-a-y) dha, guyyaa Ilma Waaqayyootti midhaan Qamadichaa (tokkichi IlmaWaaqayyoo Inni du'aa ka'e) amanatoota irratti in sochoofama, nuyi immoo sanyiiIsaa ti; inni kun egaa Sanyii warrarafanii jiran keessaa Mataa midhaanii ta'ee Isa guyyaa jalqaba torbaniittisochoofame dha. Inni guyyaa Dilbataa (Sunday) tti du'aa ka'e. Harka Isaasosochoosee nagaa isaanitti dhaamee, utuu namni ija isaatiin dhaabatee ilaaluu IddooOl Jedhaatti ol ba'e.

38 Qalbeeffadhaa, Inni midhaan Qamadii Waaqayyoo isa du'aa kaafamedha, Inni midhaan Qamadii Waaqayyoo isa angafa. Humna du'aa ka'uuWaaqayyootiin, Waaqayyo lubbuu Isaa du'aa kaase, Inni du'aa Isa kaase, Inniwarra rafan keessaa midhaan Mataa (Firstfruit) ta'e, midhaan Mataa. Inni bissiimidhaan Mataa (Sheaf) sana ture.

Sababiin isaan bissii midhaanii sana sochoosaniif isa kana, sababiinisaa inni dursee kan bilchaate

waan ta'eefi dha. Kennaan galataa Waaqayyoofdhi'aate yaadannoo akka ta'uuf, warri hafanis akka dhufaniitti amanuudhaan, isain sochoosu. Inni milikkita (sign) ture.

39 Egaa, bara har'aa, Inni sababa Ilma Waaqayyoo yeroo jalqabaaf garabilchina guutuu (full maturity)tti dhufe waan ta'eef, Waaqayyo keessata'uudhaaf, Inni lafa irraa ol buqqifamee namoota irra sochoofame. Oo, maal basiisiulfina qabeessi akkasii! Humna du'aa ka'uutiin, Nama jalqabaa! Inni waanbiraatiin fakkeeffamaa yoo ture iyyuu; akkuma yeroo muraasa booda ilallutti,Inni si'a baay'ee fakkeenya ta'e. Garuu inni kun dhugaatti warra rafaniijiraniif, Inn midhaan Mataa ta'e. Inni Sanyii warra Jireenyaaf abdachiifamaniiirratti sochoofame.

Inni Guyyaa Pheenxeqoosteetti sochoofameera, "yeroo sanattihuursaan waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga'amee," yeroo akka akkabubbee jabaa bubbisi waaqa irraa dhaga'ametti, namoonni pheenxqoosxee ol gubbaaPheenxeqoosxeetti walitti qabamanii Eebba dhufu eeggachaa turan.

Inni ammas deebi'ee bubbisuuf, bara dhumaa kanatti akkuma hubannu,akkataa Luqaas 17:30tti, guyyaa Ilmichaatti ammas deebi'ee, "guyyaa Ilmi namaamul'ifamutti (in the day that the S-o-n man)," yookiin, deebi'ee namoota irrasochoofamutti.

40 Amma egaa, Ilmi namaa kun eenyu? "Sagalichi jalqaba waan hundumaadura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture.Sagalichi nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate." Kanaafis barsiisa nuyi qabnuhunduu mirkaneeffannaa Sagalee Waaqayyoo ta'uu qaba; Sagalee Waaqayyootiin,milikkitaan, dinqiidhaan, har'a nuyi in hubanna, innis kunoo Wangeela Luqaaskeessa jira, akkuma kuticha tuqnetti, yookiin Luqaas boqonnaa 17 lakkoofsa 30;Miilkiyaas boqonnaa 4, fi Caaffatoota garaa garaa kanneen nuyi kanaan duraittiin wal barre irratti, Sagalichi ammas deebi'ee namoota irratti insochoofama, barsiifanni aadaa namaa inni du'aan sun du'aa dha, Ilmi Waaqayyooimmoo cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin deebi'ee nu gidduu jiraachuudhaan, Jireenyanuuf kennaa jira.

41 Raajota hundumaa keessaa fi warra kana fakkaata keessaa, Kristosdu'aa ka'uudhaan Nama jalqabaa akka ta'e; ta'us Inni midhaan Mataa(Firstfruits) warra rafanii akka ta'e iddoo baay'eetti fakkeeffameera. Misirrottiikeessatti, dhufaatii Kristosiif, waldaa keessaa ba'uudhaaf, Bissiin midhaaniimataa (Sheaf) ammas guyyoota gara dhumaa keessa sochoofamuu qaba. Oo, yaa anaa!

Midhaan Mataa (Sheaf) sochoosuu! Midhaan Mataa maal ture? Innimidhaan isa dursee bilchaate dha, midhaan isa qamadii ta'uu isaa durseemirkaneesse dha, midhaan isa midhaan mataa ta'uun isaa mirakaneeffa dha.

Haaleeluyyaa! Waa'ee wantan dubbachaa jiruu hubachaa jirtu jedheenamana. Inni namoota irratti sochoofameera. Yeroo jalqabaatti kan dhufu, baraMisirrotti dhufa, du'a dukkana damee amantummaa (denominationalism) keessaakaasuuf, Ergaan in dhufa, kunis guutummaan bilchina Sagalichaa ammas deebi'eeHumna Isaa guutuutti deebi'eerra, Inni milikkitaa fi dinqii isuma dur gochaature sanaan, saba irra sochoofamaa jira.

42 "Ani waanan jiraadhuuf, isinis in jiraattu," jedhee Haadha ManaaIsaatti dubbachaa jira. "An waanan jiraadhuuf, Isinis in jiraattu." Maal du'aanka'uun sun! Maal du'aa ka'uun kun, maal du'a irraa gara jiraachuutti dhufuunkun, maal humna du'aa ka'uu Waaqayyootiin, "Yesus Kristos keessa akka jiraatantaasifamuun" akkasii!

Inni isaanitti sochoofameera. Sagalichi, Innumti Inni Isa ture,deebi'ee guyyaa Pheenxeqoosxeetti isaanitti sochoofame, yookiin isaanittibubbisiifame (waved to them). Sagalichi bakkeetti mul'ate. Amma, akkuman kanaandura dubbadhe, Inni guyyaa dhumaa keessa in sochoofama. Amma, fakkeenyaaf…

43 Ati, "Tole egaa, amma, obboleessa koo Branhaam, xiqqoo na eegimee. Waldaa… gootu nan beeka" in jetta. Gaarii dha, anis kana nan godha.Hubattanii?

Garuu amma, fakkeenyaaf, nuyi utuu waaree kana booda deebineeTuuksaniin dhaqana ta'ee, amma, tokkoon tokkoon keenya ittiin deemuufkonkolaataa Kaadilaakii (Cadillac) biraandii haaraa qabna ta'ee'oo? Teessumniisaa hunduu gogaa lallaafuu isaatiin qixxee hin qabne, gogaa diirii dhaltuu (doeskin)irraa hojjetameen kan aguugamee dha, lallaafaa fi akka salphaatti kan keessataa'amu dha; lafti keessa isaa mi'a gati qabeeyiin kan faayame dha; karaa agarsiiftuu,yookiin 'mariin' isaa nikeelii irratti kan qabsiifamee fi diyaamandiidhaan guutummaanisaa kan haguugame dha; Ingiiniin (engine) isaa mala makaanikaalawaatiinqoratamee inijiinii sirrii ta'uun isaa kan mirkanaa'edha; gowwan isaahunduu…bilooniin isaa hunduu dibata kan dibame dha; gommawwan isaa hunduuqilleensa yaasuu fi dhiisuun isaa qoratamee nagaa ta'uun isaa kan mirkanaa'edha; wanti hunduu mala saayinsawaa ta'een qoratamee kan mirkaanaa'e dha haajennu.

Lamaan isaanii dhaabatanii iddoo dhaabbii isaanii dhaabsifamaniijiru, lamaan isaanii gaasooliiniin guutamanii jiru. Inni kun, gaasooliiniin humnaisa deemsisu dha, sababiin isaa, inni okteenii (octane) dha. Garuu amma yummuuisin deemsa jalqabuuf deemtanitti, lamaan isaanii kan wal fakkaatan yoo ta'eiyyuu, isaan keessaa inni tokko wanta walitti bu'ee ibidda qabsiisu (spark) hinqabu, humna gubiinsaa hin qabu.

Isin, “Tole, Obboleessa koo Branhaam, humni boba'aa keessa jira”in jettu. Garuu humni hammamii gaasooliinii keessa yoo jiraate an dhimma isaahin qabu; ibidda uumtuun (Spark) achi keessa jiraatee hamma jiraachuu humnaahin mul'isinitti, humni tokko achi jiraatee inni gaasooliinii ta'uu isaa hammahin mirkaneessinitti, inni bishaanis ta'uu danda'a. Hamma…

44 Warri tiyooloojii hammam guddisaanii yoo dubbatan iyyuu, hammamgaarii gootanii seera waldaa keessanii yoo eegdan iyyuu, barumsa guddaahammamii yoo qabaattan iyyuu, hammam guddiftanii Macaafa Qulqulluu yoofakkaattan iyyuu; hamma Bissiin Midhaan Mataa sun sochoofamutti, hamma HafuurriQulqulluun Sagalicha dammaqsuudhaaf nama sana irra bu'utti, namichi akkasumaandeddeebi'a. Gaasooliiniin Sagalichatti fakkeeffama. Inni Dhugicha; garuu,Hafuurichaan ala, Inni hin socho'u.

Nuyi xiyyeeffannaa guddaa Makaaniksii irra keenyee, Daayinamikisiiimmoo tasumaa dhowwanne. Inni kungaasooliinii ta'uun isaa mirkanaa'uuf,, daayinaamikii Humna Waaqayyoo Isabarbaachisa, Humna du'aa ka'uu Yesus Kristos Waldaa irratti barbaachisa. Kusaagaasoolii keessa bishaannis jiraachuu danda'a, hubadhaa. Garuu wanti ittiinmirkaneeffamuu danda'u, Jireenya (Life) sana itti qabsiisuudha, Innigaasooliinii ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa in mirkaneessa.

45 Yummuu Hafuura Qulqulluu damee amantii (denomination) keessakeessanitti, isin hamma isiniif danda'ametti…yaalaa jirtu. Sagalee korrisaa(splutter) tu isin quunnama; inni injiinii keessan qaqaadhaan guutee hojii alaisin duraa godha.

Garuu, Oo, Humna Waaqayyoo jireenya dhiiraa fi jireenya dubartiikeessatti dammaqsuuf, yookiin waldaa keessatti dammaqasuuf Humna okteeniikumaatama kudhanii inni ta'e Sagaleen Waaqayyoo fi Hafuurri Qulqulluun Isaqabsiisuuf (to light) jiraachuu Isaatti baay'iseen gammada. Inni dur irraangadee karichaa konkolaataa gosa Kaadilaakii sana sochoose sun, Humnadaayinaamikii Hafuura Qulqulluutiin deebi'ee dhufee Guyyaa Pheenxeqoosxeettinamoota irratti sochoofamuun Isaa, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanisisuma sana Isa taasisa.

46 Bissii Midhaan Mataa raajota hundumaa keessaa dursee ka'etu jira,Innis Ilma Waaqayyoo, Mootii raajota hundaa isa ta'e dha.

Durii jalqabee waldoonni turaniiru, waldoota, misirroota,misirroota, waldoota, misirroota, misirroota jechaa as ga'e.

Garuu wanti Tokkichi jiraachuu qaba! Haaleeluyyaa! Misirroodhugaan tokko jiraachuu qaba. Inni Makaaniksii qofaa utuu hin taane,Daayinamiksii Isa Waldichatti lubbuu godhee, Humna du'aa ka'uu Isaatiinsochoosus of keessaa qabu ta'uun Isaa dirqama. Hamma iddoo sanatti hindhufnetti, nuyi hamma iddoo barbaadame sana ittiin hin deemnetti gommaa isaadhiquun maal nu fayyada? HammaDaayinaamiksiin ishee keessa hin jirretti, fuula ishee cucculuIuqsuun, yookiindargaggeettii ishee fakkeessuuf wal'aansa gogaa fuulaa jijjiiruu (simonize)isheedhaaf gochuun maal fayyada? Hammam sirrii ta'uun Makaaniksii yoomirkaneeffame iyuu, Inni akka hojjetu gochuuf Daayinaamiksiin jiraachuu qaba.

47 Wanti Inni mirkaneesse isa kana! Haaleluyyaa! Wanti Faasikaanmirkaneesse isa kana. Inni Sagalicha duwwaa ture miti, Inni Ofii IsaatiiWaaqayyo ture, Inni Daayinaamiksii Sagalicha keessaa ture. Isatu dhagna YesusKristos (isa diilallaa'ee, kokottaa'ee, du'ee boolla du'aatti darbatame) garaJireenyaatti dammaqsee, deebisee kaasee, dhagaa balbala awwaalichaa gangalche.“Ani Isa takka du'ee ture,” hamma aduun Inni du'eera jettu, hamma jiini Innidu'eera jettutti, hamma urjoonni Inni du'eera jedhanii dhugaa ba'anitti du'eebadduu ba'e. Uumamni hunduu Inni du'eera jedhanii dhugaa ba'an. Amma immooguutummaan addunyaa, Inni deebi'ee jiraataa akka ta'e beekuu qaba. InniMakaaniksii duwwaa, Sagalee Waaqayyoo duwwaa hin turre, Inni Isa mirkaneessuufDaayinaamiksii ture.

Inni Dhirsa Misirroo ta'uu Isaatiin, kan akka Isaa, Misirroon IsaaIsa keessaa ba'uu qabdi, sababiin isaa, Isheen gartokkee dhagna Isaa ti. Isheenfiixaan ba'iinsa bakkeetti baafamee mul'ifamuu mul'atoota waa'ee Misirrottiifdubbataman hundumaa qofa dha; Isheen bakkeetti baaftee mul'isuu duwwaadandeessi. Isheen wanta ta'e tokkoon Dhirsa Misirroo sana irraa adda taanaan,isheen Misirrottii miti. Sababiin isaa, lafeen Ishee lafee Isaa irraa fuudhame,foon Ishee foon Isaa irraa fuudhame; Jireenyi Ishee Jireenya Isaati, HumniIshee Humna Isaat! Isheen Isa! Akkuma isa namaa fi nameen tokko ta'anii ti, nameenlafee cinaacha isaa keessaa baafamte; Isheen, Hafuura of keessatti in fudhatti,Isheen Hafuura saaldubatii (feminish Spirit) Isa irraa of keessatti infudhatti. Foonni cinaacha Isaa irraa fuudhame, Makaaniksii fi Daayinaamiksiiwal faana uume, Haadha Manattii (the Wife) uume. Hafuurri Isaa fi foonni Isaawalitti dabalamanii, Makaaniksii fi Daayinaamiksii uuman. Hamma waldaam yookiinnamoonni…

48 Hilleettiin Faasikaa kun hunduu, ayyaaneffannaan kun hunduu,waldoonni gurguddoon kun hunduu, uffanni mimmidhagaan guyyaa ayyaanittiuffataman kun hunduu baduuf jiru.

Hammasitti Waldaan Daayinaamiksii fi Makaaniksii lachuu in taati;Hafuurri Waaqayyoo inni Isa sosochoose, wantoota Inni hojjete hojjechuuf jira! Yoo Inni abbaa siliinderii kudha ja'aa irraejjete, Misirrottiinis akkasuma in gooti. Ameen! sababiin isaa, Yohannis 14:12irratti, “Namni Anatti amanu waan

Ani hojjedhu hundumaas in hojjeta. Anichaarjii Daayinaamiksii Kootii, Makaaniksii isaa keessatti Nan kennaaf, biyyilafaas isa dura hin dhaabatu; An guyyaa dhumaatti deebisee isa Nan kaasa"jedhee dubbateera. Inni sun egaa Ergaa Faasikaa ti, Daayinaamiksii fiMakaaniksiin wal faana, Ergaa Guyyaa Faasikaa ti! Makaaniksiin Daayinaamiksiinala, gaarii mit; Daayinaamiksiinis Makaaniksiin ala, gaarii miti.

Ati iyyuu fi ililchuu dandeessa, olii fi gadi utaaluu dandeessa,waan barabaadde hundumaa gochuu danda'aa Sagalee kana mormuu dandeessa, innigaarii tokko illee hin godhu. Ati ato injiinii kaasuu barbaaddee piistonii(piston) naannessitee…Humna ibiddaa qabsiisuuf, qabsiiftuu ibiddaa (Sprak)qabda, garuu wanta ibidda ittiin qabsiisuuf gaasooliinii hin qabdu.

Inni hojjechuu kan danda'uyoo lamaan isaanii walitti dhufan qofaa dha. Ameen! Kanaafis, inni tokko astaa'ee in hafaa, Inni kaan immoo ol in sokka. Wanti inni ta'uu danda'u kanaduwwaa dha. Haa ta'u malee, lamaanisaanii wal fakkaatu, lamaanuu waldaa ofiin jedhu, lamaanuu Misirroo taanaofiin jedhu. Garuu Isa Makaaniksii fiDaayinaamiksii qabu, Inni isa in dabarsa, wanti Inni dubbatu Dhugicha.

Makaaniksiin hamma gaarii yoo ta'e illee, hanga Daayinaamiksiindhufutti, inni socho'uu hin danda'u. Yummuu Daayinaamiksiin dhufutti, Ibiddiuumame sun okteenii gaasooliinii keessa jiruu wajjin wal qabata. Inni yuummuuboba'utti immoo gubiinsa (combustion) uuma, gubiinsi uumames sochii hundumaa insosochoosa, sochii hundumaa, maaliif jennaan, Inni kaleessa isa ture, har'asbara baraanis isuma sana. Inni du'aa ka'uu dha. Inni Humana Waaqayyoo isadhugaati, Makaaniksii fi Daayinaamiksiin. Qalbeeffadhaa, "Inni jiraachisu(quickens) Hafuura." Ibiddi akka qabatu kan godhu Ibidda-qabsiiftuu (Spark)dha. Kan ibidda qabsiisu gaasii miti; gaasii kan bobeessu Ibidda-qabsiiftuu(Spark) dha. Hubattanii?

49 "Anattii gargar baatanii waan tokko illee gochuu hin dandeessan;garuu Anaa wajjin yoo taatan waan hundumaa gochuu dandeessu." Inni akkaSagaleetti, Abbaa ta'ee jiraata. "Abbaan akkuma Ana erge, Anis isinan erga.Akkuma Abbaan bobeessee (fired) Ana ergee gara waan hundumaatti Ana dhiibe, Anwaan Waaqayyoon gammachiisu malee hin hojjedhu. Egaa amma, akkuma Inni Anaerge, Anis Makaaniksii isuma Inni ittii Ana ergeen isinan erga, hojiijalqabsiisuuf immoo Inni Daayinaamiksii isuma sana in qabaata. WarraMakaaniksii qabu jedhaman duukaa milikkitoonni kun in bu'u. Daayinaamiksiiniddoo Isaa in qabata."

50 Phaawulos, "Wangeelli nuyi isnitti lallabne Sagalee duwwaadhaanmiti," gaasooliinii duwwaadhaan miti, akka Inni sosocho'uuf karaa "Qabsiiftuuibiddaa (Spark) tiinis malee," jedhe. Isin akka kana. Inni bifa kanaan garakeenya dhufe.

Inni Hafuurichuma Isa du'aa Isa kaasetu amantoota dhugaa garaJireenya Bara baraatti jiraachise. Amma yaadadhaa, amantiidhaan… Ammaakeekkadhaa, akkuma nuyi yeroo keenya keessaa ba'aa deemnu. Qalbeeffadhaa, "Hafuurichumti,"kunis Roomaa 8:1. Amma kallattiidhumaan Roomaa 8:1 ammas haa dubbifannu, sanabooda waan inni jedhu in hubattu. Sirrii dha. Roomaa… miti, Roomaa 8:11 jechuukoo ti, dhiifama.

Roomaa 8:11, "Hafuurichi…" Waan na rakkisaa jirutu jira. Isatunatti bu'aa jira.

Hafuurri Isaa (Waaqayyo, Hafuurri Qulqulluun) inni Yesusin warra du'an keessaa kaase,isin keessa yoo jiraate,…

Egaa amma, "Hafuurri Dhirsa misirroo Misirrottii keessa yoojiraate!" Isin iddoon sun kan keessani.

51 Waaqayyo dhirsa misirroo Isaa isa jalqabaa yeroo uumetti, Innijalqaba dhirsa misirroo uume, inni tokkichumti isaa hafuuraan dhiiraa fidubartii ture; Inni biyyoo lafaa irraa kutee meeshaa godhee isa tolche. Egaaqalbeeffadhaa, Inni yeroo Addaam irraa Hewaan uumetti, suphee kan biraa kuteeishee hin tolchine, Inni suphee isuma duraa irraa kutee fuudhe; Sagaleetokkichuma, Addaam Sagalee dubbatame waan ta'eef. Hubattanii? Inni isa irraafuudhe, wanti fuudhames… Inni hafuura saaldhiiraa (masculine spirit) fi hafuurasaaldubartii (feminish spirit) qaba ture. Inni hafuura saaldubartii Addaamkeessaa baasee Hewaan keessa kaa'e; kanaafuu inni amma iyyuu hafuura Addaamii ti,inni foon Addaami. Kanaafuu, makaaniksii dhagna Addaam kan dammaqse(quickened), daayinaamiksii dha, innis hafuura isaa ti.

Kanaafis Misirrottiinis akkasuma foonni Ishee foon Isaa keessaakan fuudhame, lafeen Ishee lafee Isaa keessaa kan fuudhame ta'uu qabdi. Foonnidu'uuf jiru kun attamitti foon Isaa ta'uu jira? Daqiiqaa muraasa keessatti isakana keessa lixnee in ilaalla, hubadhaa. Inni attamitti hojjetama? Attamitti?Jijjiiramni (transformation) guddaan kun maali? Qalbeeffadhaa.

Hafuurri (Waaqayyoo)inni Yesusin warra du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, inniKristosin warra du'an keessaa kaase, Hafuura isaa isa isin keessa jiraatuun,dhagna keessan isa du'us immoo in jiraachisa

52 Oo, yaa anaa! Namni durumaan yaadaa Isaatiin qabamee jiru, eeyyee,Inni akkuma Sanyii lafarra dhaabamee ti, Inni akka Sanyii warra Jireenya ofkeessaa qababnii ti. Baay'een isaanii du'aniiru; isaan sanyii warra tortoranidha; bishaaniifi wantoota birootu isaan gubee isaan tortorse. Garuu, akkuma isin beektan, baruu sanyiinJireenyaaf qophaa'e achuma keessaa awwaalamee jira. Waaqayyo achi

keessattiawwaalamee akka Inni jiru in beeka.

Amma, Warri durumaan yaada Waaqayyootiin qabaman warra jalqabaHafuura Qulqulluutiin du'aa kaafamani dha, sababiin isaa, hafuurri Qulqulluunwarra kan Isaa waammachuu dhufa waan ta'eef. Egaa, amma inni kun wanta gadifagoo waan ta'eef, akka gaariitti qabchuuf keessan of amansiisaa.

53 Egaa amma, aduun gara biyya lafaatti kan egamteef, dhagaan akkaguddatuuf miti, akkasumas wanta xura'aa jiraachisuuf miti, xuruu hundumaa garajireenyaatti fiduuf miti, garuu isheen kan ergamteef gartuu warra xuraa'aamarfamanii keessi isaanii immoo lubbuu qabu gara jireenyaatti fiduuf ergamtemalee.

Nama hundumaatu Kristosin fudhata miti. Oo, lakki. Garuu warriWaaqayyo Jireenyaaf dursee isaan muude, mana xurii biyyoo lafaa ta'e kanaanmarfamanii jiru, warri inni du'aa gara Jireenyaatti kaasuuf jiru Warra Kana.Warri Isa fudhatan Isaan kana.

Egaa, amma, inni xuriin sun aduu sana keessa ciisee, "Oo, aduuninni durii kun baay'ee guba!" in jedha. Dhaagn sunis, "Aduun durii kun baay'eeguba!" in jedha. Garuu sanyiin isheen miskiinni sun, "Inni kun isan eeggachaature dha" in jetti, innis immoo gara jireenyaatti isheen in ceesisa. Inni qaamaxurii keessa ture sana in jiraachisa. Sababiin isaa, aduun dhagaa jiraachisuufmiti kan uumame, qaama xuraa'aa sana jiraachisuuf miti kan uumame, inni lubbuusanyichaa jiraachisuuf uumame malee.

54 Amma, Hafuurri Qulqulluun in dhufa. Eeyyee, Inni…hin ergamne.Namoonni hunduu maaliif Isa hinfudhanne? Inni isaaniif hin ergamne waanta'eefi.

Namichi tokko, "Ani hin amanu. Waan ati jettu kana an dhimma hinqabu. Du'aa kaasuu yoo dandeesses, yookiin waan feete, dhukkubsataa yoofayyiftes, yoo Isa mirkaneessites, karaa kamiin iyyuu; ana amma iyyuu Isa hinamanu" naan jedhe.

Ani immoo, " Dhuguma jette hin amantu. Ati hin amannee dha. Atiwaan tokkotti iyyuu Isa hin lakkooftu. Inni siif kan ergame iyyuu miti. Inniwarra amananiif kan ergame dha" jedheen isatti dubbadhe.

Ergichi warra amananiif kan ergame dha. Warra baduuf jiraniif Innigowwummaa dha; garuu warra Kristos keessa jiranii fi warra qaama Sanyichaata'aaniif, Inni Jireenya.

55 Waa'ee seenaa qotee bola tokko isa hanqaaquu joobiraa indaaqqoohaammattuu jala kaa'ee yaasisee dubbadheen ture. Hubattanii? Wucoon joobiraasun dhugaadhumatti uumamma addaa, waan hundumaan wucoo indaaqqoo irraa adda kanta'e ture. Namichi kun yummuu sanatti waan tokko hojjete, innis hanqaaquujoobiraa tokko fuudhee indaaqqoo hanqaaquu ishee haammachaa jirtu jala kaa'e.Isheenis wucoo bifa nama kofalchiisu qabu yaafte, inni wucoolii warra kaanirraa adda kan ta'e ture. Inni isaan hin fakkaatu ture. Abbaan isaa akka abbaawarra kaanii miti kaa, inni nama addaa ture. wucooliin warri kaan hunduu inniwucii addaa ta'ee kan isaanii wajjin jiru ta'uu baran. Indaaqqottiinisisaanitti naannoftee…

Inni nyaata isheen isa soortu iyyuu hin jaallatu ture. Inni kosiikeessaa haadhanii nyaata bu'achuu hin jaallatu ture. Inni waan akkasii ijaanuuarguu hin fedhu ture. Kanaafis inni maaliif akka isaan keessa adda ta'e indinqisiifata ture. Hubattanii? Inni raawwatee waan isaan…dhadhamee hin beeku. Inni lubbuun jiraachuuf hamma isa ga'u duwwaanyaata ture, sababiin isaa dhandhama nyaatichaa hin jaallatu waan ta'eef,hubattanii. Sababiin isaa, jalqabumti isaa Wucii indaaqqoo miti. Hubattanii?

56 Haadhoon indaaqqoo sun akkauma isin beektan, "Guyyaan dinqii ittihojjetan darbeera. Wanti akkasii hinjiru. Miseensa Waldaa ta'aa" jettee iyyiti. Wanti isheen dubbattu kun wuciixinnaa sanaaf hin liqinfamu. Kanaafis inni hamma guyyaa tokko immammaan isaaisa argattutti haadhoo indaaqqoo sana duukaa bu'e.

Haadhoon joobiraa sun hanqaaquu baay'ee akka hanqaaqxee fihanqaaquun tokko garuu akka ishee duraa bade in beekti turte. Hanqaaquun sunjoobiratti jijjiiramee iddoo ta'e tokko akka jiru waan beektuuf, barbaacha isaaeegalte. Kanaafis isheen fiixee gaarrewwanii marsuu, dacha fi gaaraa labuu,akkasumas bakka inni jiraachuu danda'a jettee shakkitu hundumaa marsiteebarbaaduu eegalte. Yeroo siheen barbaacha jalqabde kun, isaaf yeroo inni ittidhalachuu danda'u dha. Yeroo sun yeroo inni itti yaafamu (hatch) dha.Joobirattiin, "Tarii qurruutu dhufee hanqaaquu koo na jalaa fudhate; tariiruumichatu na jalaa fudhate ta'a. ani hin beeku. Wanti ta'e tokko hanqaaquu koona jalaa fudhateera. Garuu…nan beeka. Hanqaaquun sun yaada sammuu koo keessajira. An iddoo ta'ee tokkoo ilman qaba. An isa barbaaduun qaba" jette.

57 Waaqayyos akkasuma godha. Inni Joobira Isa Guddicha. Inni WaldaaIshee kan Isaa akka qabu yaada Ofii Isaa keessaa qaba ture. Inni saba Ofii Isaaqabaachuuf akka jiru yaada Isaatti in beeka ture. wanti kam illee yoo isaan haammate (cuddled)iyyuu, wanti kam illee yoo isaan yaase (hatched) iyyuu, Inni isaan barbaadaajira. Inni warra kan Isaa ta'an barbaadaa jira.

Egaa, seenicha ittan fufa, gaaf tokko haadhoon joobiraa kun ooruugubbaa balaliiti turte. Isheen iddoo hundumaa barbaaddee xumura irratti isaargire. Oo, du'aa ka'uu guyyaa sanaatiin, inni dhugaadhumatti wucii indaaqqooakka hin taane guutumaan guutuutti bare. Inn Joobira ture! Inni yeroo

hundumaa gadi ilaaluu akka qabu, kuusaakosii keessa, yookiin ooruu keessa duwwaa ilaaluu akka qabu barsiifamaa ture.Garuu inni sagalee guddisee, "Gara kanaanol ilaali!" jedhu dhaga'e. Innis yummuu of gararraa ol ilaalu, uumama baalleenishee faana kudha afur dheeratu, kan indaaqqolee ooruu sana keessa jiranhundumaa caalaa humna qabdu argee, ilma ishee ta'uu akka malu xiinxale.

Innis, "Immammaa, attamittangara kee dhufuu danda'aa?" jedhe.

Isheenis, "Callisii utaali, koola keetiin bal'isi, ati joobirawaan taateef" isaan jette.

Hubadhaa, isheen iddoo ta'e tokkoo ilma akka qabdu keessa isheettiin beekti turte. Haala kam keessatti iyyuu haa guddifamuu, isheen iddoo ta'etokkoo ilma qabdi turte.

58 Waaqayyos in beeka! Haaleluyyaa! Inni durumaan dursee Isheeyaadaan qabe tokko qaba, Inni Waldaa Ishee uumamuu biyya lafaatiin dura yaadaanqabe qaba! Inni Ilmaanii fi intaloota akka qabu dursee beeka, Misirrottiiniddoo ta'e tokkoo dhimitee Isa eeggachaa jirti; yeroo Hafuurri Qulqulluun isheeirra balali'uu jalqabutti, Bissiin Midhaan Mataa sun in sochoofama. Oo, yaanaa! Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Inni seenaaargaa-dhaga'aa (mythical history) miti, seenaa dhugaa ti malee!

Hammam yeroo baay'eedhaaf namni waa'ee, "joobiraa" isatti himuuyoo yaale iyyuu, inni joobirri maal akka ta'e beekuu hin dandeenye. Haa ta'u malee, inni joobira ture. Inni hamma wantaofii isaatii deebisee calaqqisiise (reflected) argeetti, wanta isatti himamaature hubachuu hin dandeenye.

Yummuu ilaallu inni damee amantii miti, Ph.D. miti, LL.D. miti,olla gaarii miti; garuu ilmi Waaqayyoo tokko fakkaattii Waaqayyoo ta'ee dhandhoolamee(molded), Humna daayinaamikii Waaqayyootiin gaaffii guyyoota kanaatti deebiikennuuf dhufeera, deebichis, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isumasana waan ta'eef, wanti indaaqqoo jalatti isin qabu kan hin jirre ta'uu isaati. Inni Immammaa isaa in barbaaddata. Jalqabuma iyyuu, inni joobira. Joobirrigara joobiraatti! Sagalichii uumamuu biyya lafaa dura ture, Sagaleen garaSagaleetti! Sagalichi, Inni duruma yaadaan qabame, gara Sagalee yeroo ammaakanaaf barreeffameetti deemuu qaba. Isin iddoo keessan addaan baasaa beekaa.Inni Isa in barbaaddata.

59 Inni kun yeroo sanatti, dhagni keenya inni biyyoo kun, HafuuraWaaqayyoo isa deebisee jiraachisuun, Dubbii Sagalee Waaqayyoof abboomamuuttideebifamee in jiraachifama.

Ariitiidhaan. Yeroo inni attamitti akka ishee wajjin iddoo sanajiraachuu danda'e baruu barbaadetti, isa kana gaafachuun akka isa irra hinjirre barsiifame. "Hamma utuuluu dandeessu caalaa ol ka'uu hin dandeessu"jedhamee barsiifame. Inni indaaqqoo dha. Hubattanii?

Garuu joobirri haadhoon kun, "Wanti isaanjedhan soba" jetteen.

"Tole egaa, mee garaindaaqqolii ilaali!"

"Indaaqqoliin maal haa ta'an maalis, ati joobira. Callisitiikoochoo kee diriirsi, sana booda isaan keessatti shaakala sochii qaamaa godhi.Ol deemuu jalqabi!"

Sagalichi gara Sagalichaatti! "Hojii Ani hojjedhu hundumaa, isinisin hojjettu. Namni Anatti amanu waan Ani hojjedhu hundumaa in hojjeta."Hubattanii? "Ani waanan jiraadhuuf, innis in jiraata." "Hafuurri inni du'aa Isakaase isin keessa yoo jiraate, Inni dhagna keessan isa du'us immoo injiraachisa." Hubattanii?

60 Inni maal hojjeta? Isa beekuudhaaf, amma sirriitti dhaggeeffadhaa.Faasikaan kun, Faasikaa hanga ammaatti ayyaaneffatmaa ture caalaatti hiika akkaqabu isinitti himuun barbaada. Hubattanii?Akka isa hubattanin barbaada. Wanta Inni Isaaf godhe in beekna; garuu akka isahubattanin barbaada, sichi fuul duratti utuu hin ta'in, Inni kanuumaan durawaanuma wal fakkaatu isiniif godheera. Hubattanii? Inni maal hojjetaa? Innidhagna isa du'aa jiraachisa. Inni dhagna isa du'aa niyi keessa jiraachaa jirrukana jiraachisa, karaa biraatiin, gara Jireenyaatti isa fida.

Amma, isin warri sigaaraa hammaan guddaa afaanitti baattaniifiigdan, waan hundumaa, yookiin sigaaraa paakeetiidhaan warri baattaniideemtan; isin dubartoonni warri rifeensamataa keessan murachaa turtan, halluu diddibachaa warri turtan, warri qumxaauffachaa fi wantoota kana fakkaatan hojjechaa turtan; hunduma keessanitti altokkoon, wanti ta'e tokko isinitti iyyinaan yummuu gara kana gadi ilaaltan,Inni isinitti iyye sun Sagalicha ture. Hubadhaa, Inni…keessan jiraachise. Isinimmoo, "Kana booda qumxaan ana hin barbaachisu, dhugaatiin alkoolii kana boodaana hin barbaachisu, kana booda an hin sobu, kana booda hatuun hin jiru, kanbooda kana hin godhu, kana booda sana hin godhu" jettan. Hubattanii?Hafuurri inni Isa du'aa keese, isin keessa buufatee, akkasuma dhagna keessanisa du'e, biyyoo lafaa kana, gara abboomamuutti in fida. Isin hubattaniittuu?Inni maali? Maaliif akka abboomaman? Kristosiif. Kristos Eenyu? Sagalicha. Tiyooloojiimiti, Sagalicha malee!

Yeroo sanatti isin, "Wantoonni kunniin, oo, akkan yaaduttidubartoonni wayyaa boca dhagna namaa bakkeetti mul'isu (slacks) uffachuunrakkoo hin qabu" in jettu.

Sagalichi immoo, “Lakki” jedhe. Hubadhaa, Inni gara Wanta Sanaattiisin jiraachisa. Hubattanii? Isin gara Isaatti harkifamtu. Hubadhaa, inni yeroo sanatti isini. Inni…inta'a. Isin gartokkee dhagna Sagalichaa in taatu. Inni dhagna keessan gara… ttifideera.

61 Tole, isin, “Tole egaa, amma, mee waan tokkon sitti hima.Paateriin koo…” in jettu. Wanta Paasteriin kee dubbatettii an dhimma hin qabu; wantindhimma irraa qabu wanta Sagalichi jedhu dha! Indaaqqoo ta'uu yoo barbaadde,isaa wajjin deemi. Garuu Paasteriin wana Dubbii Sagalichaatti gargar ta'edubbata taanaan, inni soortuu joobiraa miti; uhuhhuu, inni soortuu indaaqqootimalee, hubadhaa, soortuu joobiraa miti. Hubattanii? Joobirri Nyaata joobiraairraa nyaata. Hubattanii? Inni in jiraachisa!

Macaafni Qulqulluun want asana gochuun sirrii miti jedha, innidhiiraas ta'e isheen dubartiin, wanti isin gootan hunduu, waan sirrii hin taanedha. “Guyyoonni dinqiin itti hojjetaman darbaniiru” jedhu. Macaafni Qulqulluunimmoo, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana jedha. Isaan,“Inni sun yaada sammuu namaa wajjin dudubbachuu (mental telephathy) dha. Yaadagaraa namaa qoranii beekuun kun, wanta akka sammuu namaa dubbisuu(mind-reading) ti. Mul'atoonni (visions) kunneenii fi wantoonni biroon hunduu,waan garii hin qabneedha” jedhu yoo ta'e, hubadhaa, isaan indaaqqoo dha. IsaanNyaanni joobiraa maal akka ta'e hin beekan.

62 Garuu, yaa obboleessaa, iyya sagalee sana yummuu dhageesse, wantata'e tokkotu si keessa jira! Ati jalqabuma iyyuu joobira turte. Maaliif? Atisanyicha isa du'aa ka'uun Ilma Waaqayyoo isatti ba'ee, akka ati joobira maleeindaaqqoo damee amantii hin taane si hubachiisuuf, Bissiin Midhaan Mataa sunlafa gubbaatti sochoofamee ti. Ati isa kana hubatteettaa? Hahaa!

“Hafuurri inni du'aa Isa kaase,” Sagalichi, DaayinaamikiinSagalichaa, “yoo isin keessa jiraate, Inni akkasuma dhagana keessan isa du'aain jiraachisa.” Amma egaa attamitti foonni keenya foon Isaa, lafeen keenyaslafee Isaa ta'a? Sababiin isaa, nuyi cubbamoota du'an turre iyyuu, warra du'anyoo taane iyyuu, du'aaf warra qophaa'an yoo taane iyyuu, balatti dhagna kana,dhagana sana Inni in jiraachisa (It quickens that body). Jechi Ku'iiken (Quicken) jedhu jecha Griikii yoo ta'u, “Gara Jireenyaatti fiduu”jechuu dha. Hafuurri inni kana dura dhugaatii jaallatu, inni naannoorra marsuujaallatu, inni ejjuu jallatuu fi inni wantoota kana hundumaa gochuu jaallatu, kanabooda inni jiraachifameera; maaliif jennaan, wantichi du'eera, isin immoo du'aakaafamtaniittu. Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa.

Kanaafuu, dhagni keessan mana qulqullummaa Daayinaamiksii ti, sababiinisaa (Maaliif?) jalqabumaa jalqabdanii isisin qaama Makaaniksii ti. Oo! Du'aaka'uun keessan jira. Du'aa ka'uu keessa Waldattiitu jira, Isaa wajjin du'aaka'uu keessa. Dhagnoonni sun amma kallattiidhaan jiraachifamaniiru. Hubadhaa,isin dhageessaniittu; isin amantaniittu. Inni damee amantii (a denomination)tokko irra gara Sagaleetti isin jijjiire. Hubattanii?

63 Daayinaamiksiin, Inni bishaan irra yoo dhufe, sagalee hin taanedhageessisa, “Guyyoonni dinqii itti hojjetan darbeera.” Pompi'pompi'pompi, “Oo, an MacaafaQulqulluutti nan amana,” pompi-pompi-pompi, “garuu wanti…hin jiru,”Pompi-pompi-pompi,

Pompi-pompi-pompi! Hubattanii?

Garuu yummuu Inni Okteenii kuma tokkoo rukututti, isheen,“wirrrrrrrr” jettee fiigdee sokkitii, hubadhaa. Attamitti, yaa anaa, DaayinaamiksiinIsa sana irra bu'a! Garuu Inni indaaqqoo irra buunaan, gaarii hin ta'u. Garuu Innijoobira irra buunaan, joobirichi in sosocho'ee deema. Ameen! DaayinaamiksiinMakaaniksii wajjini! Maal akkan jedhe hubattaniittuu? Kana jechuunis, amma innijoobira dhugaa taanaan, inni, “in hubata.”

64 Mee Caaffata muraasa isiniif dubbiseen xiqqoo dheeressuu yaala.Sarara bilbilaa irraa baaneerra natti fakkaata, garuu nuyi warri asii ammaiyyuu jirra. Yohannis 5:24 irratti Yesus, “Dubbii Koo dhaga'ee Isa Ana ergettikan amanu jireenya bara baraa qaba” jedhe. Amma kallattiidhuumaan gadi deemeen, akkaataa hubannoo hafuuraatiin utuuhin ta'in, kallattiidhaan waan Inni jedhu lafa kaa'uun barbaada. Waan kan biraautuu hin ta'in waan Inni kallattiidhaan jedhu, hubadhaa, jichi sirriin Macaafaafaan Griikiin barreeffame isa jalqabaa irraa, “Dubbii Koo kan hubatu,” jedha.

Amma, isa kana sirrii ta'uu isaa nan mirkaneessa. Namni machaantokko haadha manaa namaa haammatee daandii irra deemaa dhufe, inni akkasumaanMaqaa Waaqayyoo dha'aa, waan kan biraas gochaa deema. “Wanta lallabaandubbachaa ture dhageesseettaa? Dhageesseettaa?” isaan jettu. “Eeyyee,dhaga'eera!” isiniin jedha. Kana jechuun inni Jireenya bara baraa argate jechuumiti. Hubattanii? Hubattanii?

“Namni Dubbii Koohubatu,” nama joobira ta'e dha!

“Amma, Obboleessa koo Branhaam, caaffata kana caalun barbaada.”

Tole, “Hoolonni Koo Sagalee Koo in dhaga'u. Isaan nama ormaaduukaa hin bu'an.”

65 Akkuman guyyaa tokko Gaa'eladhaabuu fi Gaa'ela diiguu mata duree jedhu irratti dubbachaa turee ti.Yeroo Hafuurri Qulqulluun waan sana natti dubbatetti, an dhufeen akkataadhumaInni natti himetti dubbadhe.

Aayyoon tajaajiltuu taate tokko utuman afaanii hin fixin afaannatti saaqqattee, akka na arrabsuu wayii gootee natti iyyite. Isheen, "Akkanyaaduttu iddoo Waaqayyoo of buufteetta mitii?" naan jette.

An immoo, "Lakki,haadha koo" jedheen deebiseef.

"Tole, cubbuun keessan isiniif dhiifameera isaaniin jette" naanjette. An immoo, "Eessatti?" jedheen ishee gaafadhe. An itti fufeen, "Waaqayyoduwwaatu aangoo kana gochuu qaba" jedheen isheetti dubbadhe. Hubadhaa, Fariisiikan biraa hubattanii. Hubattanii?...?...

Ani immoo, "Hubadhu, wantaYesus Phexrosii fi Ergamoota warra kaanitti erga inni mul'ata waa'ee Inni Eenyuakka ta'ee aragatee booda isaanitti hime tarii in beekta ta'a" jedheen isheettidubbadhe.

Inni, "Ati Masihicha, Ilma Waaqayyo jiraataati" Isaan jedhe.

Inni immoo, "Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati kan ayyaanomtee dha! KanaAbbaa Koo Isa waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sittihin mul'ifne. Anis sittan hima, akkuma Phexros jechuun dhagaa jechuu ta'e, atisdhagaa dha; anis dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa Koo nan ijaara,gooftummaan du'aas matumaa Waldicha irratti humna hin godhatu hin mo'us. BanaaMootummaa Waaqaa siifan kenna; waanumti ati lafa irratti hiite, waaqa irrattihidhamaa in ta'a; waanumti ati lafa irratti hiikte immoo waaqa irratti hiikamaain ta'a" isaan jedhe.

66 Inni kun egaa mul'ata Hoodaa isa Sagalichi foon uffatee ti. Innibara sanatti Ilma ta'ee, Dhirsa Misirroo ta'ee yoo foon uffate, Inni har'aimmoo Misirrottii ta'ee foon in uffata. Hubattanii? "Cubbuu isaanii kan isindhiiftaniif, cubbuun isaanii dhiifameera; cubbuu isaaniitti kan isin hinhiikne, cubbuu isaaniitiin hidhamaniiru."

Egaa yeroo ammaatti, waldaan Kaatolikii isa kana fudhattee lubootaisheetiif laatte, garuu gochaan ishee kun yaada foonii (carnal) ti.

Sirriitti qalbeeffadhaa, Sagalicha kan mul'ise sun yaada hafuuraati!

Sababiin Inni dhaqanii "Maqaa" Abbaa, Ilmaa fi HafuuraQulqulluutti akka cuuphan isaanitti himeef isa kanaafi. Inni Eenyu akka ta'e isaandursanii akka beekan, Inni dursee beeka.

67 Guyyaa tokko utuun lallabaa tokkoo wajjin haasa'uu, inni, "Amma, Obboleessakoo Branhaam, an isaan keessaa ba'een waldaatti makame, waldaa ta'e tokkoo, miseensa waldaa Pheenxeqoostaalii tokkoon ta'e"naan jedhe.

Eessa, akkuma isin beekta, warri Pheenxeqoostaalii qixxaa bifageengoo (round wafer) fudhachuu jalqabaniiru. Isa kana dhageessaniittu jedheenyaada; bixxillee (kosher) n waaqa addeessaa (moon-god) akka ta'e isinuu beektu.Egaa hundi isaanii isa kana simatanii akka kennaa qulqulluutti fudhachaa jiru.Namni kun akkas naan jedhe…Amantoonni isaa yummuu gara isaa dhaqan, "Wantineebbise eebbifamaa in ta'a" isaaniin jedha. Amma egaa kun isa lubichi, "Anhumna qixxicha gara dhagna Kristositti jijjiirun qaba" jedhee wajjin tokkomitii? Hubadhaa, wanti gosa tokko ta'e, ja'a jechuu fi walakkaa darzanaajechuun tokkuma.

Inni itti fufee, "Waan tokko si gaafachuun barbaada" naan jedhe.Inni dhimma waa'ee Maqaa Yesusitti cuuphamuu irra dibee bira darbuuf yaalaature, sababiin isaa, namni kun nama warri cuuphaa akkasii geeggeessa warramormituu Kristos ta'anii dha jedhee nama dubbataa ture waan ta'eef. Inni,"Namni tokko Maqaa Yesus Kristositti cuuphamuun dirqama dhibbaa dhibbattibarbaachisaa ta'e dha jettee yaaddaa?" jedhee na gaafate.

Ani immoo, "Eeyyee,obboo" jedheen deebiseef.

Inni immoo, "Erga maqaa 'Abbaa, Ilmaa, fi Hafuura Qulqulluutti'cuuphamee booda moo?" jedhee na gaafate.

Ani immoo, "Eeyyee, obboo. Inni takkaa iyyuu hin cuuphamne.Hubattee? Inni takkaa iyyuu hin cuuphamne; inni Maqaa miti. Inni sun maqaakabajaa (title) dha" jedheen deebiseef. An itti fufeen, "Inni beekamtii hinqabu. Phexros maaliif…" jedheen gaafadhe.

Inni, "Tole, amma mee waan tokkon sitti hima" naan jedhe. "Hojii Ergamootaa10:49 irratti, 'Utuu Phexros dubbii kana itti himaa jiruu, Hafuurri Qulqulluunwarra dubbicha dhaga'an hundumaa irratti bu'e' jedha" naan jedhe.

"Garuu," an immoo, "Inni battaluma of duuba gala galee, 'Jarreenkun akka hin cuuphamneef eenyutu bishaan dhowwachuu danda'aree?' jedhe" jedheendeebiseef.

68 Inni immoo, "Tole egaa, yeroo xiqqoon dura waa'ee Hojii Ergamootaaboqonnaa 19 irratti dudubbachaa turte, Phaawulos kutaa biyya Efesoon garaoliitti baroota sana arge" jedhe. Inni itti fufee, "Maaliif, sababiin isaa,isaan maqaa Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutti hin cuuphamin waan jiraniifi"naan jedhe.

Ani immoo, "Lakki, isaan dhiifamuu cubbuutiif utuu hin ta'in,'yaada garaa geeddarannaa' tti cuuphaman. Isaan, 'Yaada garaa geeddarannaa' tticuuphaman, sababiin isaa, Yesus yeroo sanatti hin beekamne. Hoolaan Aarsaacubbuu godhamu yeroo sanatti hin qalamne" jedheen deebiseef.

Inni, "Tole egaa, isaanmaaliif irra deebi'anii cuuphaman?" jedhe.

An immoo, "Namichi inni bantuu Mootummaa Waaqaa of harkaa qabusun, 'Maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaannamootaaf kan kenname akka hin jirre, isin biratti haa beekamu' jedhe" jedheendeebiseef.

Fayyinni (salvation) Maqaa Yesus Kristos duwwaa keessa deema."Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu Maqaa GooftaaYesusiin haa ta'u." Maqaa kan biraan hin jiru, waldaadhaan miti, maqaa kabajaa(title) dhaan miti, sirna gubbaadhaa gadi diriiru (hierarchy) dhaan miti,yookis wanti kan biraa tokko illee hin jiru! Haa ta'u malee, Inni ArfaaseeShaaron, Daraaraa Dachaa keessaa tis, Inni Bakkalcha Barii ti, Inni Alfaa dha, Omeegaadhas, Inni Isa Duraati,Isa Booddee tis, Inni Yaahwee yir'ee ti, Yaahwee raaphaatis, Yaahweeminaaseetis, Inni waan kana hundumaa dha. Inni wantoota kana hundumaa dha, haata'u malee garuu Inni…Maqaalee kabajaa kanneen hundumaan fayyinni dhufu tokkoillee hin jiru; Yaahwee, fayyinni hinjiru; Arfaasee Shaaron, Isuma garuu,fayyinni hin jiru; Abbaa, Ilma, yookis Hafuura Qulqulluu, fayyinni hin jiru. Maqaa "Yesus Kristos" duwwaadha! Macaafni Qulqulluun, "Yaada garaa geeddarachuufii fi dhiifamuun cubbuuMaqaa Isaatiin Yerusaalemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akkalallabamuuf jiru, caafameera" jedhee dubbata.

Namnichi, "Innigaraagarummaa wayii uuma jettee yaaddaa?" jedhee na gaafate.

69 An immoo "Obbo, waan tokkon si gaafachuu barbaadan" jedhe. Isa,anaa fi haadha manaa koo toora tokkorra taa'aa turre. Inni ka'ee fuula keenyaduratti achi ce'ee...? ... An immoo, "Lamaan keenya iyyuu nama Ariizoonaa ti;nuyi as jiraanna. Ani, nuyi buchiinsa naannoo keenyaa, kan godinaalee fi waanhundumaa in beekna, kantiibaa keenya, bulchaa keenyaa, waan hundumaa in beekna"jedheen isatti dubbadhe.

Inni, "Eeyyee sirriidha" naan jedhe.

An immoo, "Egaa amma, utuun obboleesso, 'Gubbaa kana dhaqiitii,irbaata keenyaaf maqaa bulchaa mootummaa Ariizoonaatiin nuuf mallatteessi' siinjedhee, deemtee akka kanatti in mallatteessitaa? Isaan narkaa fuudhu jetteeyaaddaa utuu akkas gootee?" jedheen gaafadhe.

"Maaliif," jedhe, inni, "An akkasin godha jedhee hin yaadu" jedhe.Inni, "Yesus maaliif sana dubbate?" jedhee na gaafate.

An immoo, "Wantichi akkasi, hubadhu. Maaliif?Yoo an, 'dhaqii irbaata har'aa, maqaa Bulchaa mootummaa Ariizoonaatiin nuufmallatteessi' siin jedhe, lammii Ariizoonaa waan taaneef, Bulchaan sun eenyuakka ta;e in beekna, kanaafuu maqaa 'Saam Godaariin" mallateessita, hubadhu"jedheen isatti dubbadhe. An itti fufeen, "Inni Bulchaa mootummaa kanaa waanta'eef, si gaafachuun ana irra hin jiraatu. Bulchaan sun eenyu akka ta'e, atiin beekta. Akkuma kana, Inni yummuu, 'Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu' jedhe,attamitti akka isaan cuuphuuf jiran, Inni dursee beeka ture. Inni Eenyu akkata'e isaan sirriitti beeku. 'Hoolonni Koo Sagalee Koo in dhaga'u.' Hubattaa?Hubattaa?" jedheen isaaf deebise.

Inni, "Oo, hubadheera"jedhe.

Garuu amma, wanta itti aanu, in amantuu? Hubattanii? "Dubbii Koodhaga'ee Isa Ana ergetti namni amanu Jireenya bara baraa qaba." Yeroo Jireenyi Bara Baraa kun isin keessabuufatutti, Inni dandaa'aa (potential) ta'a.

70 Isin Hafuura Qulqulluu kana amma kan fudhattan yoo ta'u, isaanimmoo guyyaa Pheenxeqoosxeetti fudhatan; isaan Makaaniksii turan, yeroo sanattiimmoo Daayinaamiksiin dhufuutu irraa eegama ture. Isaan amananiiru. Akkuma isinbeektan, michoonni keenya gaggaarii warri Baaptistii, "Nuyi battaluma yerooamannetti, Isa arganneerra" jedhanii nutti himu. Garuu, isaan Isa hin qaban,garuu amananiiru.

Hojii Ergamootaa 19 keessatti, isaan amananiiru, garuu Isa hinqaban turan. "Erga amantanii Hafuura Qulqulluu fudhattaniittuu?" Argitanii?Isaan Makaaniksii qabu turan, sirrii dha, sababiin isaa ergamoonni (apostles)…turan.Yookiin, dhiifama, Apholos jechuu kooti, egaa Apholos Macaafa Qulqulluudhaanmirkaneessee Makaaniksii isaan barsiisaa ture, Yesus Masihicha akka ta'e isaanbarsiisaa ture, garuu isaan hanga yeroo sanaatti Daayinaamiksii hin qabanturan. Hubattanii? Inni egaa isa kana. Sirrii dha.

[Teeppii irra iddoo duwwaatu jira.]…-kaaniksii, isin qabdiikuufattanii, damaqxanii eeggachaa jirtu.

Egaa amma, yeroo Daayinaamiksii argattanitti, isin dhagna isa du'uirraa gara dhagna isa hin duuneetti jiraachifamtaniittu. Inni guutummaa dhagnakeessanii gara Sagalichaaf bitamuutti fida. Inni deddeebii keessan adda,ilaalchi keessan adda, jireenyi keessan adda akka ta'u godha. Innisalphaadhumatti nama addaa isin taasisa.

71 Amma ilaalaa. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.]…jiraachifamaa turtan."Isin warri dur cubbuu fi irra daddaarbaadhaan duutanii turan, warri durdukkana keessa deddeebi'aa turtan, Inni isin jiraachiseera." Maaliin? Ganamaguyyaa Faasikaatti, "Hafuura Isaa isa Yesusin du'aa kaaseen. Inni dhagnakeessan isa du'aa kana keessa yoo jiraate," amma sirriitti hubadhaa, "Inniakkasuma, gara Jireenyaatti isa in fida, akka inni Sagalichaaf bitamu ingodha."

Egaa amma, isin attamitti Hafuura sana qaba jettanii of waamaa,Sagalicha irraa immoo fageessitanii of gattu? Isin wanta kan biraa ta'e tokkoon jiraachifatanii jirtu. Inni dhagnakeessan isa du'aa gara Sagalichaatti jiraachisa waan ta'eef, dhuguma, Inni kanain godha.

Isaan ala fiiguu hin dandeessan. Guutuummaa Isaa hin amantutaanaan, callistee sagalee korrisaa dhageessifta. Bishaanii fi gaasooliinii yoowalitti dabalte, ati eessa iyyuu deemuu hin dandeessu. Hubattee? Persentiidhibba tokko guutuu gaasooliinii qabaachuu qabda. Kana hin gootu taanaan,ibidda waan dhaamsuuf, human argachuu hin dandeessu. Hubattee? "Garuu, an kana nan amana, garuu Sana hin amanu,"pompi-pompi-pompi-pompi. Ati eessa iyyuu hin deemtu.

Garuu, Oo, yummuu gaasooliinii guuttattu! Mee inni isatti haaqabsiifamu, Dubbiin Sagalichaa hunduu Dhugaa dha!

72 Sana biida qalbeeffadhaa, kana sirriitti qalbeeffadhaa. Yaadadhaa,inni akkuma sanyiin midhaanii xinnoon tokko biyyoo keessa awwalamtuu ti.

Amma, kakuudhaan (potentially), isin du'aa kaafamtaniittu. Isin yummuuHafuura Qulqulluu of keessatti fudhattan du'aa kaafamtan. Isin battalumasanatti du'aa kaafamtan. Dhagni keessan kakuudhaan du'aa kaafameera.

Mee sanyii midhaanii xinnoo tokko ilaalaa. Sanyicha biyyoo keessadhaabaa. Inni madda burqaa Isaa irraa dhuguu qaba, bishaan isa gadi yaa'u irraadhuguu qaba. Inni akkuma dhugaa deemuun, inni gara Isaatti ol isa dhiibaadeema, inni caalchisee gara sanyii isa jalqaba biyyoo keessa awwaalameefakkaachuutti deemaa deema. Hubattanii?

Waldattiin karaa kana fakkaatuun dhufte, Isheen karaa qajeelummaa,karaa qulqullummaa fi karaa cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin dhuftee, yeroo ammaadaraartee jirti. Hubattanii? Hafuurri Waaqayyoo sana keessaan dhufa.

Hafuurri biyya lafaa immoo karaa mormituu Kristos dhufee, haalumawal fakkaatuun, yeroo ammaa tokkummaa waldootaa guddaa tokko keessatti daraareeba'eera, hubadhaa, wantootni hunduu daraaraniiru.

73 Dhuunfaa dhuunfaadhaanis karaadhuma sanaan dhufa. Wanti hunduuwaanuma wal fakkaataa irratti hojjeta, iskeelii Waaqayyoo wajjin tokko kan ta'eirratti hojjeta, sababiin isaa, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isumasana. Qalbeeffadhaa, utumaa deemaa jirtanii, gara guutiinsa du'aa ka'uttiguddachaa deemtu, Hafuurichatu isin geggeessa!

Akkuma aduun (s-u-n) biqilaa xinnaa isa madda burqaa Waaqayyooirraa dhugu sana harkisu, inni callisee itti fufuudhaan…Hubadhaa, inni waantokko duwwaa irraa dhuguu danda'a. Isin yeroo al tokko zayitii biqilaa xinnaasana jalatti naqnaan, inni isa in ajjeesa. Kun sirrii dha. Bishaan xuriikuufamaa, bishaan faalame yoo isa jalatti dhaqxan gaarii hin ta'u, innifaalamaa waan ta'eef guddina isaatiif balaa dha. Inni ija godhachuu hindanda'u. Kun sirrii dhaa? Garuu bishaan bokkaa calala, bishaan dhugaatti gaariita'e isatti naqaa, ameen, keemikaala namtolchee kan hin qabne, mee inni olgubbaa waaqaatii haa dhufuutii, waan biqilaa xinnaan sun ta'u ilaalaa.Bishaanni akka bishaan bokkaatti isa giddisu hin jiru. Isin akkuma isaan nuraffisuuf yaaltan, kilooriinii fi wantoota kana fakkaatan bishaanitti makataniiisa jalatti naqnaan, dursaatii beekaa, inni biqilicha in ajjeesa.

74 Rakkoon bara har'aa isa kana. Isaan burqaa damee amantummaa isaanobaasuuf yaalu, inni immoo guddina isaanii quucarsa. Hubattanii? Garuu meeinni…haa argatu.

Iddoo fixeensi araaraa ifanitti kottu;

Halkanii fi guyyaa naannoo koo hundattiifi,

Yaa Yesus, Ifa biyya lafaa.

Yeroo sanatti isaqabaattu, egaa.

Nuyi Ifa keessa in deemna, Ifa miidhagaasana keessa,

Iddoo fixeensi araaraa ifanitti kottu;

Amma naannoo kootti ifi.

Burqaa nam tolchee kanneen narraa fageessi! An buqaa kan biraa hinbeeku; waan tokko illee hin beeku Dhiiga Yesus malee! Burqaan baruu barbaaduIsa duwwaa dha. Yaa Gooftaa, Sagalichi na keessa haa buufatu; Hafuura KeetiinIsa obaasi.

75 Hubadhaa, Hafuurri inni Yesusiin awwaala keessaa kaase isin keessayoo jiraate, isin kakuudhaan Jireenya qabdu; Hafuurichi gara Sagalichajiraachisuutti, gara Isatti amanuutti isin geggeessa. Akka inni guddatuuf wantixinnoon tokko ol isa dhiibdi.

Hubadhaa, Guyyaa Pheenxeqoosxeetti, dhagni isaanii gara Jireenyahaaraatti jiraachifame. Garee sodaattuu miskiina sana ilaalaa mee.

Baay'een isin tursiisaa jiraa? [Amantoonni, "Lakki" jedhan.]Ilaalaa, amma natti bulluqe, inni akkasi egaa, natti tolaa jira. Oo, yaa anaa!

76 Yaadadhaa, isaan sodaatoo turan. Yaadadhaa. Garuu, isaan Makaaniksiiqabu turan. Hubattanii? Garuu isaanduuba sana taa'anii, "Oo, an isaan nan sodaadha. Oo, an achi ba'ee dubbachuunan sodaadha, sababiin isaa, Oo, phaphaasota gurguddoo fi namoota gurguddootuala sana jira. Oo, an nan soda dha. Lubbota sanaa fi namoota sana hundumaattidubbachuu nan sodaadha, ani Isattin amana isaaniin jechuu nan sodaadha. Oo, hubadhaa,an kana gochuu hin danda'u" jechaa turan.

Garuu, utuma isaan hunduu itti hin yaadin, Daayinaamiksiin dhufe.Eyyee. Inni maal godhe? Inni hafuura isaanii isa keessaa duwwaa guute miti,Inni makaaniksii isaanii in jiraachise. Dhagni isaanii in jiraachifame. Isaansana boodaa sodaattuu ta'uu dhiisan. Isaan battaluma sana fuula namootaaduratti ba'an. Eeyyee, obboo. "Isin yaa warra Yihudootaa, warrai Yerusaalemjiraattanis hundinuu!" Iddoo, Daayinaamiksiin dhufuudhaan dura, isaansalphaadhumatti makaaniksii turan. Hubattanii? "Isin yaa warra Yihudootaa,warri Yerusaalem keessa jiraattanis hundinuu, mee hubadhaa, dubbiin koosisiniif haa galu! Jarreen kun kan machaa'an isinitti hin fakkaatin."

An isaan keessaa tokko. Innikun Isa Sana! Inni maal akka ta'e isinittan agarsiisa. Inni CaffataQulqulla'aa dha. Inni kun Isa Sana! An yeroo hundumaa, "Inni kun yoo Isa mitita'e, hamma Inni Sun dhufutti inni kunhaa turu" jechaan ture.

"Lakki, inni asitti ta'e kun waan Waaqayyo afaan raajichaYo'eeliin dubbate dha; 'Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta'a jedha Waaqayyo,foon-qabeessa hundumaa irratti Hafuura Koo Nan dhangalaasa' jedha" jedheedubbate. Hubadhaa, Daayinaamiksichi makaaniksii keessa dhufe. Sana booda isaan hinsodaanne.

77 Namoonni kaan keessan refeensa dheeraa qabaachuu keessaaniif,yookiin Meekaappii fayyadamuu dhiisuu keessaniif dubartoonni natti kolfujettanii sodaattu; warri dhiiraa kaan keessan immoo yoon amantoota waldaakootii akkataa cuuphaa Macaafa Qulqulluutti yoon cuuphe, dhaabbanni amantiikootii na ari'u jettanii sodaattu; hamma Daayinaamiksiin dhufutti kutaa manaaisa ol aanutti galtee ofitti cufuu qabda. Inni kun sirrii dha.

Inni isaan jijjiire. Inni isaan jiraachise. Inni nama addaa isaangodhe. Isaan guyyaa sanaa jalqabanii namoota jijjiiraman ta'an. Inni jireenyaisaanii isa moofaa irraa, sodaachuu irraa gara akka Leenca gosa Yihudaattita'uutti isaan jiraachise. Isaan dhugaadhumatti wareegaman, fannoo irrattimismaaraan waqaraman, mataadhaan gadi gombifamanii fannifaman, ibidda keessattigubaman, mana leencaatti darbatamanii wareegaman. Waa'ee isaanii sodaachuunisaan keessa hin jiru. Duuti raawwatee isaan irratti hin mo'u. Daayinaamiksichimakaaniksii keessa ture. Eeyyee, obboo. Inni dhagna isaanii isa du'aa injiraachise.

78 Amma dhaggeeffadhaa. Mirkaneeffachuuf, wanti kan biraa kunoo ti.Inni hamma isaan (maal akka ta'e beektuu?), hamma isaan iddoo Waaqarraatti olbaafamanuu irra ga'anitti isaan jiraachise, akkasumas hamma dhagni isaanii innidu'aan jiraachifame afaan isaanii hamma jijjiiramuu danda'uutti isaanjiraachise. Inni…duwwaa godhe. Inni afaan isaanii jiraachise. Innis immoo wantaMacaafni Qulqulluun dubbatu dha. Akkuma dhagni isaanii inni du'aan jiraachifamaadeeme, afaan isaaniis jiraachifamaa deeme. Yaadni isaanii in jiraachifame.Hafuurri isaanii in jiraachifame. Jireenyi isaanii in jiraachifame. Isaan waanhundaanuu in jiraachifaman! Isaan yummuu haasa'uuf yaalanitti, afaan dhallinamaa dubbatu dubbachuu hin dandeenye. Isaan hamma Fuula Waaqayyoo durattiargamanii afaan haaraatiin haasa'uu ga'anitti jiraachifaman, afaanWaaqarraatiin haasa'an. Weewuu! Maal Humnidu'aa deebisee jiraachisu!

79 "Hafuurri inni Yesusiin du'aa kaase yoo isin keessa jiraate," Oo,haaleluyyaa, "Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa." Inni wanta isinkanaan dura hojjettanii hin beekne isin hojjechiisa. Isaan yeroo sanatti

Humanjiraachisuu sanaan guutuu turan. Hubattanii?

Dhagni keessan sana booda cubbuudhaaf hin bitamu; kajeellaa foonkeessaniitiif hin bitamtan

Inni, "Kottu kunoo asba'i!" isiniin jedha.

Isin immoo, "Afaan keeqabi" ittiin jettu.

Inni, "Oo, nuyi…guddinaandursu qabna" isiniin jedha.

Isin immoo, "Afaan keeqabi" ittiin jettu. Yaa anaa, isin joobira!

Joobirri of danda'aan, joobirri ga'eessi attamitti akka deemuargitanii beektuu? Inni akka ruumichaa waan du'aa hundumaa, raqa lafa irra jiruhundumaatti hin utaalu. Inni of koorsee adeema.

"Afaan kee qabadhu."

"Oo, kunoo gubbaa kana irbaata gaariitu jira."

"Anaaf kan malu miti. Hubadhu, fedhiin koo jijjiirameera. Fedhiinnyaataa koo adda kan ta'e dha. 'Namni raqa biyya lafaa duuwwaadhaan hinjiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee.'" Joobirridhugaan, inni jiraachifame Isaan in jiraata. Ameen!

80 Oo, Inni Kristoosiin boolla keessaa kaase, isin keessabuufachuudhaan, dhagna keessan isa du'aa jiraachisee Fuula Isaa dura dhaabe.Isin Isa beektan. Isin kana booda ruumicha miti. Isin joobira. Isin wanta biyyalafaa hin barbaaddan. Isin ilmaa fi intala Waaqayyoo ti. Isin Burqaa biyyilafaa waa'ee isaa waan tokko iyyuu hin beekne irraa dheebuu ba'aa jirtu. IsinIsa dhugaa jirtu. Namni tokko illee… Biyyi lafaa waa'ee kanaa waan beeku hinqabu. Isin Maannaa dhokataa isa biyyi lafaa waa'ee Isaa waan tokko illee hinbeekne nyaachaa jirtu, maaliif, isin joobira waan taataniif. Isin iddoo Isaargachuu dandeessanitti jiraachifamtaniittu. As gara gadii kanaa Isa argachuu hin dandeessan, gara gubbaa sanaatti ol ba'uutu isin irraa eegama. Isin kaafamtanii, ol gubbaasana jiraachuu qabdu, kanaafis Inni in jiraachisa.

81 Isaan maal godhan? Isaan afaan biraatiin dubbatan. Kana gochuuisaanii Macaafa Qulqulluutu dubbata. "Isaan afaan Waaqaa gadi jiru hundumaatiindubbatan."

Dhagnoonni du'oon durii warri achi keessa turan sun, "Tole gaariidha, kana amanuun danda'aa koo, yookiin amanuu dhiisuu koo amma hin beeku"jedha jettanii in yaadduu?

Hundumti isaanii al takkaa, hamma jagnummaan Leeca gosa Yihudaaisaan keessatti kufuutti ga'uu irra ga'aniitti, guyyaa Bissiin Midhaan Mataasun itti sochoofamutti, jiraachifaman. Oo, Joobirichi warra kan Isaa waamuudhufe! "Isaanis jireenya isaanii du'a jalaa hin mararfanne." Ameen.

Kan dabalataan dhiiga isaanii kennuufjiranis jiru

Wangeela Hafuura Qulqulluu kanaa fi dhiigaIsaa lola'eef.

Egaa Ilmi Waaqayyoo guyyoota gara dhuaatti Misirrottii keessaanmul'achuutu irra jiraata; Humni du'aa kaasee jiraachisu sun, du'a damee amantii(denomination) fi seerota amantii (creeds) keessaa baasee gara Sagalee jiraataakan Waaqayyo jiraataatti jiraachisuutu irra jiraata. Oo!

82 Lakki, Inni gara Jireenya haaraatti isaan jiraachise. Inni ammawaanuma sana duufis in godha. Qalbeeffadhaa, yeroo sanatti, isaan Humnajiraachisu sanaan hammaa olitti dammaqan. Amma ani…

Amma sirriittidhaggeeffadhaa. Amma isinitti agarsiisuufan yaalaa jira.

Humni jiraachisuu sun lubbuu isaanii duwwaa keessa hin turre, Inniguutummaa isaanii irra ture. Inni… Inni Daayinaamiksii duwwaa jiraachisuuf mitikan dhufe, Inni makaaniksiis jiraachisuuf dhufe. Maal akkan jechuu barbaadehubattanii? Isaan hamma arrabni isaanii afaan kan biraa dubbachuu danda'uuttijiraachifaman (quickened). Isaan Humna du'aa ka'uu Kristoosiin jiraachifamaniihamma harka isaanii… Isaan hamma yeroo isaan harka isaanii dhukkubsattota irrakaa'an fayyaniitti Humna deebisee jiraachisuu sanaan jiraachifaman. "Innidhagna keessan isa du'aa in jiraachisa." Yeroo isaan harka isaanii isaan irrakaan, isaan in fayyan.

83 Hafuuricha tokkummaa (feloship) isaan Waaqayyo wajjin qaban injiraachise, isaan hamma Fuula Waaqayyooduratti dhi'aachuu danda'uutti jiraachifaman, yummuu namni du'ee lubbuun isa keessaabaatutti, Inni deebisee waamee isa jiraachise. Ameen! Ulfaadhu! Amma miira namaamantii (religious) tu natti dhaga'ame.

Inni sirrii dha, in jiraachifame! Du'aa ka'uun kan Isaa duwwaamiti, nama barbaadu kamiifuu, Sanyii durumaan yaadaa Isaa keessa jirtu kanaafiskaa'amee jira. In jiraachisa, Dhagna isa du'aa in jiraachisa!

Harka isaanii dhukkubsattoota irra kaa'an; isaan dhukuuba isaaniiirraa fayyan. Isaan in kadhatan;

isaan Hafuuricha keessaan mul'ata (vision)argan, warra du'an deebisanii gara jireenyaatti waaman. Kun sirrii dha. “Dhagnaisaanii isa du'aa jiraachise.”

Inni yoo isin keessa dhufe, inni yoo…Amma, inni akkasuma jechuudandeessu; garuu inni akkuma sana utuu ta'ee, milkkitoonni kun isa duukaa inbu'u, hubadhaa. “Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa.” Inni isinjiraachisa.

Amma, qalbeeffadhaa, Fuula Waaqayyoo dura jiraachuu. Maaliif? InniHafuura Waaqayyoo isa Yesusiin boolla du'aa keessaa kaase dha. HafuurriWaaqayyoos, “Ani Jireenya Bara Baraa isaaniif Nan kenna” isa jedhame yoo ta'uInni afaan Griikii Zo'ee (Zoe) jedhuirraa kan dhufe yoo ta'u, hiikkaa jecha kanaa yoo ilaalatan, Inni wanta isinkeessa sosocho'uu fi Isa yeroo sanatti sammuu (mind) keessan illee utuu hin hambisin isin jiraachisu(quickens) dha.

84 Amma mee ilaalaa. Isin attamitti Hafuurichi na keessa jira jechuudandeessu? Wanta sirriidha jettaniiyaaddan hundumaa hojjettaniittu yoo ta'e iyyuu, kan Isa qabaachuu fi qabaachuudhiisuu keessaniif raga ta'uu danda'u kunoo ti. Hafuurri Kristos keessa tureyoo isin keessa jiraate, Inni gara Sagalichaatti isin jiraachiisa, maaliifjennaan, Inni Sagalicha waan ta'eef. Faallaa kanaa, Sagalicha irraa fagaattaniiakka jiraattan isin godha taanaan garuu, inni Hafuura Kristos miti! ...waanisin hojjettan in eega, Inni hamma Sagalicha keessa isin deddeebisuutti isineega. “Hoolonni Koo Sagalee Koo beeku, isaan Dubbii Sagalichaa hundumaan injiraatu,” Dubbii Sagalichaa hundumaan! Waa'ee isa kanaa irratti guyyaa tokkobarsiiseera.

85 Haati koo, amma boqotteetti, isheen nama baay'ee nama irraa addataate turte. Walakkaan ishee nama Indiyaa akka turtee fi nama addaa akka isheenturte in beektu. Garuu isheen achi keessatti nama abjuu hin abjoonne turte. Angaruu…jedhee hin yaadu. Isheen bara jireenya ishee keessatti abjuu afur yookiinshan duwwaa abjootte. Garuu yeroo abjoottu hundumaatti, abjuu dhugaa abjoottiturte. Isheen abjuu tokko abjootte, abjuchis dhugaa ture.

Waggoota baay'ee dura, yeroon lallabuu jalqabe tokko nan yaadadha.Nuyi gararraa kana, kallattii kanaan gara bukkee karaa jiraanna turre. An asumawaldaa kanattin lallabaa jiran ture. Isheen abjuu tokko abjootte, innissadarkaalee (steps) sadii bukkee as dhaabadhee akkan jiru abjootte. Andhaabadheen nama hundumaatti lallaban ture, innis isaan karaa deemsaa irra utuuhin bu'in dura, sadrkaalee sana sadan irra ol ba'uun dirqama isaanii akka ta'enlallabaa jiran ture. Karaa deemsichaa irra irra immoo sarara adii callee gatiqabeessa fakkatu xinnaa tokkotu gara balbala Bantii Waaqaatti geessutu jirature. Karaan callee gati jabeessa fakkaatu sun gara irra keessa sadarkaaleesana sadaniitti gadi diriirfaman. Inni Ergaa koo bara kanaa hin turree;qajeelummaa, qulqullummaa, fi cuuphaa Hafuura Qulqulluu mitii! Anis immoo karaasana irra deemuu danda'uuf namni tokko sadarkaalee sana sadan keessa darbuuqaba jedheen dubbachaa ture. Itti fufees…

86 Intalli tokko deemaa dhufte. Egaa, waggaa soddomii shan durakophee uffatamaa ture in beektu. Intalli tokko kophee baay'ee guddaa ta'e kanyeroo ammaa kana uffatamaa jiru kan fakkaatu, kophee koomee qal'aa baay'ee olka'aa ta'e kaa'attee darbuuf deemaa dhufte. An immoo, “Obboleettii, xiqqoo turimee. Kana kaa'attee karicha irra deemuu hin dandeessu” jedheen isheetti himanture. “Ati kana gochuu hin dandeessun” isheedhaan jedha ture.

Isheen immoo, “Ahaa!” jette. Isheen of irra gala galtee dubartootahundumaa ilaalaa, “Isa hin amaninaa. Inni maraatuu dha. Hubattanii? Isa hinamananinaa. An qajeelummaatti, qulqullummaatti, Hafuura Qulqulluudhaaniscuuphamuu koo, ammas taanaan isaan deemaa jiraachuu koo isinitti nan agarsiisa”isaaniin jette. Isheenis…An haa deemtu jedheen callisee dhiise. Sana boodawaa'ee isaa isheetti himuu nan dhiise, ishee ittisuu hin dandeenye. Isheenutaaltee karaa irra buute. Isheen of duubatti obboleettii tokko ilaaltee,“Hubadhu, an sitti himeera!” isheedhaan jette. Isheen fiiguujalqabdee…

Akkuma isin beektan, Macaafni Qulqulluun Isaayaas boqonnaa 3keessatti, isaan “morma irra-keessa in qabu (morma wal keessaa in yaasu)”jedha. Isaan kana in godhu; isan of in mumul'isu. Isaan of dhodhommoqsuuf jiru.“Guyyoota gara dhumaatti, intaloonni Xiyoon of gurguddisanii morma irra-keessaqabatanii, ijaan nama hawwachaa, albuus waliin rukutaa in adeemu.”

87 Egaa isheen karaa sanarra deemuu jalqabdee hamma dandeessu fiigde.Yeroo muraasa booda karichi dhiphataa dhiphataa dhufe. Isheen of dhodhommoqsuu,akka shubbisaa deemuu waayii taate, achumaanis karaa irraa buutee allayyaattikufte.

Haati koo, “Dhaloota koo keessatti wanta nama naasisu kanandhaga'e iyya dubartiin sun yummuu aaraa samiitti ol ka'uu fi arraba ibiddaabalbalu sana keessatti yeroo gadi kufaa jirtu isa isheen iyyitee dha” naanjette. Hati koo itti fuftee, “Ati of duuba galagaltee, 'agitanii?' jetta turte”naan jette.

Isheen waan hundumaaf eegdeetti garuu Jecha tokko dagatte,hubadhaa, waan hundumaa garuu Jecha tokko. Dhuguma, dubartoonni Pheenxeqoosteefayyanii, qulqulleeffamanii, Hafuura Qulqulluudhaanis guutamanii sana boodakufuu danda'u. Dhibbaa dhibbatti. “Namni buddeena duwwaadhaan hin

jiraatu,Dubbii afaan Waaqayyoo keessa ba'u hundumaan malee.” Hubattanii? Hubattanii?Isheen Isa kufte. Akkuman kanaan dura dubbadhe, isheen ol seenuu dandeesseetti,innis gaarii ture, garuu, hubadhaa, isheen dhaga'uu didde; waan fuula isheedura jiru itti himnaan didde. Inni Wangeela bartootaan, ergamootaan barreesse,Doktriinii ergamootaa fi raajootaa, fi warra kana fakkaatan, isaan kana isaanhin dhaggeeffatan.

88 Humni jiraachiisuu kun,Zo'een kun, Sagalicha fiduudhaan, yaada sammuu isa Kristos keess turefiduudhaan isin keessa kaa'a. Wantin isinitti agarsiisuuf yaalaa jiru kun kanta'u, yeroo isin du'aa kaafamtanitti ta'e. Waaqayyo Yesusiin du'aa yerookaasetti, Inni isinis du'aa kaase. Inni akkuma kana Isaa wajjin Jireenyattiisin jiraachise, isin amma Jireenyatti jiraachifamtaniittu, isin yeroo sanasjirtu turatan, garuu amala (attribute) taatanii yaada Isaa keessa jirtu turtan,garuu Waaqayyo xumura irratti hundumaa Isa keessatti arge, hubadhaa. Waaqayyoyummuu dhagnicha gadi ilaaletti…

Hafuurichi iddoo dhaabaa Getesemaaneetti Isa dhiisee deeme. Innidu'uudhaaf, nama ta'uutu irra jiraata. Yaadadhaa, firootaa, Inn sana hingoodhe. Inni Waaqayyo ture. Waaqayyo foon sana dibe, foonichis foon namaa ture.Inni…hin goone. Inni akka Waaqayyotti achi dhaqe utuu ta'ee, raawwatee du'aakkasii hin du'u ture; Waaqayyo ajjeesuun hin danda'amu. Garuu Inni kana hingoone.

Garuu, yaadadhaa, Inni iddoo sana isinii wajjin deeme. Hubadhaa,Waaqayyo takkaa hanga amaatti Misirroo fi Dhirsa Misirroo gargar baasee hinbeeku. Kanaafuu Waaqayyoo yummuu dhagna Kristos asii gadi ilaaletti, Innidhiiraa fi dhalaa bakka tokkotti arge. Hundumtuu dhagna tokkocha sana keessattifurame. Hubattanii? Isaan tokko, wal fakkaatu, Sagalee wal fakkaatanii dha.Sagalee isuma Dhirsi dubbate, Misirroonis dubbatti.

89 Tole egaa, Misirrottiin dhuftee attamittiin wanta Isaafabdachiifame hundumaa mul'isuu dadhabdi; akkasumas Dhirsi dhufee attamittiMisirrottii ta'uu dhiisa? Garuu Inni yeroo waan hundumaa hojjete, waan hojjeteiyyuu Ofii Isaa du'aa kaasuudhaan yeroo mirkaneesse, sana booda immoo,Misirrottiin waan inni godhe gochuu hin qabduu, Wanta guyyoota gara dhumaattiin hojjetti jedhee Sagalichi abdachiise, dhibbaa dhibbatti Isheen hinhojjettuu? Isheen Mikiyaas 4tti gortee isa keessa darbuu hin qabduu? Isheenakkuma bara Sodoom of mul'isuu hin qabduu? Biyyi lafaa dhibaa dhibbatti akkumabara sanaa hin taatuu? Wantoonni kunniin dhugaatti Dubbiin Sagalee Waaqayyooadda baafamee nutti beeksifamuu Isaa hin agarsiisuu?

Tole egaa, firoota koo, yeroo dheeraa akkan sisin turse nan beeka,sa'aatiin laaqanaa ga'uuf daqiiqaa kudha shantu hafe, tarii yerottii qabnu kanakeessatti xumuruufan yaala. Garuu qalbeeffadhaa, as ilaalaa, maal wanti dhibbaadhibbatti sirriin akkasii. Yeroon deebi'ee itti isin argu hin beeku.Hubattanii?

90 Ilaalaa, kana qalbeeffadhaa. Garuu Waaqayyo duraan durseeMisirrottii Dhirsa-Misirrichaa keessatti arge. Haaleluyyaa! Hubadhaa, HaadhaManaa Isaa oolchuuf, akkuma Addaam, Ishee wajjin deemuun diqama Isaa ture.Addaam waan gochaa ture in beeka ture; Hewaan waan gochaa turte hin beektuturte, garuu Addaam haadha manaa isaa wajjin achi keessaa ba'e. Hubattanii?Yesusis iddoo Haadha Manaa Isaa bu'ee, Isheedhaaf cubbamaa ta'e. Yaadhadhaa, Inniisin ta'e, Inni iddoo firdii keessaanii kan dhaabateef, akka isin iddoo Isaadhaabattaniifi. Maal jaalalli akkasii! Maal tokkummaan (fellowshin) akkasii!Attamitti isa ganuu dandeenya? Isa jaallachuu irraan kan hafe, waan biraaattamitti gochuu dandeenya, yaa firaa? Baruman keessa jiru keessa jiraachuu nandanda'an ture, garuu mee xiqqoon gara fuul duraatti sosocho'a.

91 Akkuma shaakala warra pheenxeqoosxee bara har'aa, guyoota garadhumaa kana keessa dhufuun Hafuura Qulqulluu, akkuma abdachiifame, kaartaadhaala lafaa (abstract to a title deed) wajjin wal fakkaata. Hubattanii?

Amma walii galtee hirmaata lafaa qabaachuu dandeessu. Dhuguma.Hubattanii? Waraqaa abbaa qabeenyummaa lafaa tokkoo argachuu dandeessu, kanajechuun garuu lafichi kan keessan jechuu miti. Lakki, obboo. Namni ta'e tokkofagoodhaa dhufee laficha fudhachuuf iyyata galfachuu danda'a. Garuu Isinkaartaa fi pilaanii lafa sanaa of harka galfannaan, wanti kaartaa sanaan mormukamuu kufaa ta'uu isaa agarsiisa, hundee irraa jalqabee kan keessan ta'uuagarsissa. Sirriidha mitii?

Yeroo namni tokko Sagalichatti nan amana jedhee dubbatee, sanabooda Hafuurri Qulqulluun isaaf dhufutti, Inni kaartaa kenniinsa lafaa manaati. Kaartichi yeroo isiniif kennamutti wanti achi irra jiru hunduu qabeenyakeessani, wanti kaarticha irra jiru hunduu qabeenya keessan akka ta'uuf isiniifeyyamameera. Ameen! Hafuurri Qulqulluu waraqaa abbaa qabeenyummaa lafaa (titledeed) isa Waaqayyo uumamuu biyya lafaatiin dura argee, maqaa isaa MacaafaHoolichaa irratti caafee; garuu immoo karaa dhiiraa fi dubartii dhalatee, garbacubbuu ta'ee cubbuudhaan yakkame irra yummuu bu'utti, Inni kaarticha nuuf inkenna. Garuu yeroon Isatti amanetti waraqaa abbummaa lafaa (deed)n fudhe; garuu Hafuurri Qulqulluu dhufettiyeroo dhufetti, inni karaataa koo isa namni hunduu ittiin falmu, dhaala haadhakootii yoo ta'e, kan abbaa kootii yoo ta'es, kan akkoo kootii ta'es…

Akkuma daa'ima xinnaa dhukkuba gaggabdoo qabu, isan daqiiqaa muraasadura kadhachaafii turee ti, dhukkubni sun maatii maatii mucichaa irraa kandhaalamee dha. Dhukkuba gaggabdoo mucaa kana irraa

gadi kufi, jedheen ifadhe.

92 Garuu yeroo kaartichi (abstract) dhufetti, Inni dha'ee isa baase,Inni waan hundumaa haqe. Yoo egaa an kaartichan of harkaa qaba. Ameen! AkkumaHafuurichi inni Kristosiin du'aa kaase qabatamaa (sure) ta'etti, anis kaartaadhaalaa (abstract deed) kan bu'aa Dhagnichaa ta'uu koo raggaasisu of harkaanqaba, kaartaan (abstract) Hafuura Qulqulluu akkuma Isa keessatti raawwatesanatti, Inni akkuma abdachiisetti guyyaa gara dhumaa kanatti dhagna Sagaleebaasee in jiraachisa. Kaarticha! Cubbuun koo hunduu, cubbuun keessan hunduu,Dhiiga Yesus Kristosiin nurra rukutamee, Hafuurri Qulqulluu immoo akka kaartaaabbummaa lafaa (abstract to the title deed) isa Waaqayyo ayyaana Isaatiin,duraan dursee beekuu Isaatiin nuuf kenne. Oo, yaa anaa!

93 Waa'ee maalii yaaddoftu?Hin dinqifatanaa, Inni, "Hin sodaatin! Inni jiraatu Ana, takka illee du'eenture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'airratti balbala iddoo warra du'anii banu irrattis Ani gooftmmaa qaba" jedheera.Waa'ee waan tokkoo illee hin yaadda'inaa. Duuti iyyuu isin hin miidhu.Qalbeeffadhaa. Miidhaagaa dha!

Mee ariifannee haadeemnu.

Kaartaa abbummaa qabeenyaa! Gatiin nuuf kaffalameera. Wanti isaanmormu hunduu rukutameera. Ha-ha-haa! Ulfaadhu! Tarii akka gowwaa godhachuundanda'a ta'a, garuu natti tola. Qalbeeffadhaa. Hubattanii? Oo, Kaartaa abbaaqabeenyummaa, inni maal akka ta'e hubattanii? Inni maal jechuu akka ta'ehubatteettaa, obboleessaa? Wanti isa si harkaa fudhatu tokko illee hin jiru.Ameen. Ani abbaa qabiyyee sanaa ti. Ameen. Maal…

Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa sun maali? Ani amma horii callaahirmaattuu dhaala kootii irraa qaba, dhaala du'a Isaa irraa, kan awwaalamuuIsaa irraa, kan du'aa ka'uu Isaa irraa nan qaba. Inni tarii akkan Isa ta'uuf,ana ta'e. Egaa, Inni cubbamaa kan ta'eef, tarii akkan ilma Waaqayyoo ta'uufi,ameen, akkan kaartaa dhaalaa sana qabaadhuuf jedhee Inni cubbamaa ta'e. "Warraamanan biratti milikkitonni kun in argamu," hugadhaa, inni kaartaa dhaalaa ti!

Ammaariifadheen…Dabalataan daqiiqaa kudhan qabna.

94 Amma daddafnee Hafuura jiraachisu sana haa hubannu. Ammamilikkitoota isin hubachuu qabdan tokko tokkon isinitti agarsiisuuf deemaajira. Ilaalaa, amma mata duree koo har'aa inni ta'e, "Humni jiraachisuu" kunmaal akka ta'e sirriitti qalbeeffadhaa. Erga Ilmi Waaqayyoo kaafamee boodaattamitti Inni guyyaa Pheenxeqoosteetti akka hojjete ilaalaa, Inni maal isaaniirratti hojjete, Humni jiraachisuu sun maal isaan irratti hojjete. Inni isaanjiraachise.

Amma mee waan Inni Isxufaanos irratti hojjete qalbeeffadhaa.Isxifaanos Humna jiraachisu sanaan kan guutame ture. Inni kun sirrii hinturree? Hubadhaa, inni Humna du'aa kaasee jiraachisu sanaan kan guutame ture.Inni akka inni hin sodaanne isa godhe. Inni, "Isin mata-jabeeyyii nana, garaankeessan akka garaa warra Waaqayyotti hin amaninii ti, gurri keessan akka gurrawarra Waaqayyoon hin dhaga'inii ti. Akkuma abboonni keessan gochaa turan,isinis yeroo hundumaa Hafuura Qulqulluu jalaa diddu. Raajota keessaa immoo kanabboonni keessan hin ari'atin jira turee ree? Inni qajeelaan sun dhufuuf akkajiru, warra raajii dubbatan ajjeesaniiru; Inni isuma isin amma dabarsitaniikennitan, isa isin ajjeeftanis" isaaniin jedhe. Oo, yaa anaa! Wanta ta'etokkotu isarra ture. Dhuguma, inni Humna jiraachisuu sanaan guutuu ture.

Isaan immoo, "Namichakana daddarbannee gadi isa baafna!" jedhan.

Inni yummuu du'e, dhagaadhaan rukutanii ajjeessan; mataan isaamiskiinni sun dhagaadhaan dha'amee buruqfame. Inni ol ilaalee, "Kunoo, anibantiwwan waaqaa banamanii, Ilmi Namaas gara mirga Waaqayyoo dhaabatee nanarge" jedhe. Humni dhagna du'aa jiraachisu sun hojjechaa jira. Inni kun egaawanta Humni du'aa jiraachisu sun Isxifaanosiif hojjete dha.

95 Mee duuka buutuu kan biraa immoo qalbeeffadhaa, innis maqaan isaa Filiphosjedhama. Inni Humna du'aa jiraachisu sanaan guutuu ture. Inni mandara Samaariyaattiwal ga'ii guddaa tokko geggeessaa ture. Seexanni namoota keessaa baafamaa ture.Namoonni Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa ture. Isaan wal ga'ii isa dhugaairra turan. Hafuurichis isatti dubbate, Oo, Daayinaamiksichi gadi dhufee, "Sosochiihaaromaasaa kana dhiisi" isaan jedhe. Garuu tajaajiltoonni maal naan jedhu?Wanti isaan jedhan jijjiirama fidu tokko illee hin qabu. Hubattanii? Inni Humnadu'aa jiraachisu sanaan guutuu ture. Inni gaasooliinii qaba ture, Daayinaamiksiinimmoo isa irratti gadi roobaa ture. Innis, "Gara lafa onaatti gadi bu'i" isaanjedhe.

Inni achitti namicha xu'aashii tokko argee Maqaa Yesus Kristosittiisa cuuphe; inni namicha tokkocha, isa Ergaa fuudhee gara Itoophiyaatti gadibu'e ture. Wanti kun sirrii dhaa? Innis Waaqayyoof in abboomame.

Waaqayyoof abboomamuu keessatti, Maqaa Yesus Kristositti takkaacuuphamtanii hin beektan yoo ta'e, Isatti cuuphamaa, sana booda Humni du'aajiraachisu sun utuu ol isin butuu in argitu. Hubattanii?

96 Yeroo Isxifaanos hojii guddaa kana hojjetetti…yookiis, Isxifaanosmiti. Filiphos sosochoo haaromasaa guddaa sana dhiisee abboommii Waaqayyootiifabboomamuudhaan, wanta guddaa sana hojjete, guutamuu…Inni Waaqayyoofabboomamuudhaan xu'aashii sana cuphuu isaatiin, Humna du'aa jiraachisu sanaanguutamuu irra darbee hamma Isaan ija namaa duraa butamee dhabamuutti ga'e. "Hafuurri inni Yesusiin du'aa kaase isinkeessa yoo jiraate, Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa." InniFiliphosiin hamma inni tarii maayilii dhibbaa fi shantamaatti irratti argamuuhin dandeenyeetti, hamma inni iddoo ta'e garasitti hin mul'annetti, yookiinhamma inni biyya kan biraatti qaxxaamuree ijaan hin mul'annetti isa jiraachise.Inni dhagna isaa isa du'aa jiraachise. Inni attamitti kana godhe? Inni hammaaolitti Human isa du'aa jiraachisu sanaan guutamee ture.

97 Oo, yaa Waldaa Waaqayyo jiraataa, nuyi har'a as dhaabannee xuuxxoowanta mi'aawaa (sugar-tits) nama hoosisuu hin dandeenyu. Nuyi Human du'aajirachiisu sana argachuuf kadhannee, hamma Humna Hafuura Qulqulluu isa fhagnadu'aa jiraachisuutti deemuu qabna. Nuyi guyyaa tokko, guyyaa Ol butamuu sanattiol fudhatamuutu nurra jira. Eeyyee, obboo. Ameen! Oo, yaa anaa!

Jechan olitti fayyadameef dhiifama naaf godhaa. Waa'ee hadhadaa'ima tokkoo ishee koddaa isa isheen mucaadhaaf qopheessituu, isa dur ittifayyadamaa turren yaadaa ture. Armooliin durii kaan keessan isa kana in beektu.Dur dur daa'imman yoo baay'ee boo'an, daakuu bunaa fi sukkaara muraasa walittimakanii, daa'imicha wayyaadhaan maranii xuuxxoo wantoota kana irraa qophaa'ehoosisu, kunis akka inni gab jedhuuf kan godhamuu dha. Inni cimina hin qabu.Cimina qabaannaan isa ajjeessa waan ta'eef. Hubattanii? Kaafeeniin isa keessajiruu fi wantoonni biroon itti mi'aa'ee akka liqimsuuf yaadamee kan ittigodhamu dha.

Wantootni akkasii kun egaa nu nuffisiisaniiru. Duuba deebi'aa!Isin joobiroota; gara Dubbii Sagalee Waaqayyootti deebi'aa! Nama jabaa ta'aa;wanti miira keessan miidhu tokko illee hin jiru, kanaafuu isin safuu maleejiraachuu namaa hundumaa irraa bilisa. Wanti namni hammina keessan dubbatuhunduu caalmaatti gara jaalalaatti isin geessa. Ameen. Humni dhagna du'aajiraachisu sun, butee gara Mootummaa Waaqaatti (Heavenlies) isin geessa, joobirriisheen indaaqqoo gararraa balali'aa turte sun, kuunnoo gama sana iddooWaaqarraa keessa Yesus Kristos keessa jirti! Oo!

Inni Filiphos irrature. Inni butee fuudhee, isa jiraachise.

98 Mee nama kan biraa immoo haa fudhannu. Nama maqaan isaa Henokjedhamutu ture. Inni gara waggaa dhibba shanii Dubbii Sagalee Waaqayyoohundumaa wajjin deddeebi'e. Inni dhuga-ba'umsa, "An yeroo tokko illee DubbiiIsaa irraa hin kaanne" jedhu qaba. Inni Humna du'aa jiraachisu sanaan guutameeyeroo Daayinaamiksiichi Makaaniksicha rukkutetti, inni du'a iyyuu ijaan hin argine;inni Mana isaatti ol fudhatame. Inni qajeelummaatti deddeebi'uu jalqabe. Innihammaa olitti…akkuma Filiphos, inni Gaazaa fi iddoowwan biraa, mandaroota garaolii iddoo isaan itti isa barbaadanirra deemuu irra, Humna du'aa jiraachisusana argachuu filate. Karaa sana irra deemuu irra, inni callisee deeme, Oo, "Anjaarsa dulloomaa dha, waan hundaafuu. An Human du'aa jiraachisu sana guddiseeargadheera, ani lafa irraa ala ba'ee deemuun qaba" jedhe.

Inni egaa Human dhagna du'aa jiraachisu isa nuyi amma qabnuuwajjin tokkuma. Hubadhaa, Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa. Sirriimitii? Inni Humna dhagna du'aa jiraachisu dha.

Henok dhuga-ba'umsaa dhugaa, kan, "Wanta Waaqayyo godhi naan jedhuhundumaa godheera. Wanta akkan godhuuf natti agarsiise hundumaa godheera" jedhuof harkaa qaba. Inni hammaa olitti Daayinaamiksiin guutuu ture, yookiisMakaaniksiin guutuu ta'ee, hamma yeroo Humni du'aa jiraachisu sun isarukuteetti, hamma yeroo Inni Makaaniksii sana rukuteetti inni Isaan guutuuta'ee jiraate, Inni yeroo dhufee isa rukutetti kallattiidhumaan gara waaqaattiol isa fuudhe. Waaqayyo gara Waaqaatti waan isa fudhateef inni deebi'ee achittihin argamne.

99 Amma, egaa amma Eliyaas irra isa tures yaadadhaa. Erga…booda.Ilaalaa, Eliyaas bara isaa keessatti raajii guddaa ture. Dhiifama naaf godhaa.Obboleessaa, obboleettii, inni bara sanatti dubartoota halluu fuulattilaaqqatan, Iizaabelotaa fi Ahaabota dha'ee isaan fixe. Inni hamma…tti indhaabate. Namni isa fakkaatu, namni isa bira gore tokko illee hin turre. Inniisaan ifatee, caccabsee isaan balleesse, isaan keessa dhaabatee kana hundumaain godhe, Waaqayyo immoo iddoo hundumaatti isa gargaaree, eegumsa isaaf ingodhe. Akkuma isin beektaan, namichi jaarsi dulloomaan sun guyyaa tokko indadhabe. Inni, "Ani dulloomaan jira, an kana caalaa deemuu hin danda'u" jedhe.Inni deemsa isaa ittuma fufee deemaa jira ture, akkan tilmaamutti, inni jaarsawaggaa sagaltamaa ture; baay'ee dulloomaa ta'ee deddeebi'a ture, inni Humnadu'aa jiraachisu sanaan kan guutame ture. Maaltu ta'ee beektuu? InniYordaanisiin gama ilaale.

Oo, yaa Waaqayyo! Angama kan biraa ilaaluun danda'a. isin hin dandeessanii?

Inni hamma konkolaataa gadi dhufee rarra'ee jiru arguutti, Humnadu'aa jiraachisu sanaan guutamee ture, konkolaataan ibiddaa fardeen ibiddaawajjin muka wayii irratti hidhamanii isa eegu turan. Inni galaanicha ce'ee,du'a illee utuu hin argin gara Mana isaatti gale. Humni du'aa jiraachisukokolaataa ergisiisee gara Waaqaatti akka inni fudhatamuuf taasise. Inni kootiiisaa of irraa baasee gara Elsaa'itti

darbate. Inni kun sirrii dha.

100 Egaa amma, namichi sun wayyaa isaa fudhachuun, ammas fakkeenyaWaldaati, hubadhaa, inni wayyaa isaa fudhate. Egaa dinqiin inni dacha godheehojjete sun fakkeenya Kristosii fi Waldaa Isaa ti. Hubattanii? Eliyaas dinqiiafur hojjete; Elsaa'i immoo dinqii saddeet hojjete. Hubadhaa, inni humna dachaargate, sababiin isaa, inni isa kana waan kadhatateefi. "Isin Isan hojjedheirra kan caalu hojjechuuf jirtu." Hubattanii? Inni hamma wantoota kanhojjechuutti ga'utti, hamma wanta Eliyaas hojjete dacha godhee hojjechuuttiguddisee Humna jiraachisu sanaan kan guutame ture, inni wanta Eliyaas hojjetecaalaatti hojjete. Yaaddhaa, inni gara waggaa saddeettamaa yookiin sagaltamaajiraatee dulloomee du'e. Inni duunaan fuudhanii reeffa isaa awwaalan.

Akkuma isin beektan, Humni jiraachisuu sun isa dhiisee hin deemne.Erga inni du'ee waggoota baay'een booda, yeroo foonni isaa lafee isaa irraatortoree harca'etti, inni holqa awwaalaa keessa ciisa ture. Guyyaa tokko namadu'e tokko holqa awwaalaa sana keessa kaa'uu deemanii, diina isaanii argan,isaan callisanii namicha lafee Elsaa'I irratti darbatan. Humni dhagna du'ejiraachisu sun lafewwan sana irra jiraachuu irra darbee hanga namich du'esanatti lubbuu deebisee isa utaalchisutti ga'e. Oo!

101 "Inni dhagna keessan isa du'aa in jiraachisa." Du'ee awwaalakeessatti yoo tortore iyyuu, amma iyyuu Humni jiraachisuu sun wantuma xuraa'aasan irra buufatee jira. Haaleluyyaa! Uhuu! "Inni Kristosiin kaase, dhagnakeessan isa du'aas in jiraachisa." Eliyaas duuba iddoo sanaatti, Eliyaasii fiElsaa'i…

Yaadadhaa, namichi du'aan sun, raajiin sun, Humna jiraachisuusanaan guutamee, du'ee tortoree awwaala keessa ciisa ture; Humnajiraachisuutiin baay'isee kan guutame ta'uu isaa irraan kan ka'e, hamma lafeenisaa namicha duunaan irratti darbatan sanatti lubbuu godhee jiraachisuuttiga'e. Inni amma iyyuu nama harka isaa dhukkubsataa irra kaa'uu danda'u ture.Inni kana gochuu hin dandeenyee? Ameen. Isinis akkasuma.

102 Egaa yaadadhaa, foonni keenya foon Isaa ti, foonni keenya foonYesus Kristos irraa kan tolfame dha. "Nuyi foon foon Isaa irraa argame dha, lafeenkeenyas lafee Isaa irraa kan ijaarame dha." Oo, isaan ala karaan hin jiru. Nuyidu'aa kaafamuuf jirra, innis immoo xumura waan hundaa ti. Isin du'aa kaafamuufjirtu, innis xumura dubbii ti.

Faasikaan ayyaaneffannaa aadaa irra kan caalu dha. Inni ammasjira, sababiin isaa, dhagni keenya jiraachifamee, nuyi amma Isaa wajjin iddooWaaqarraa irra taa'aa jirra.

Dhagni kun tarii galaana keessatti tortoruu danda'a; inni tariilafa keessatti tortoruu danda'a; inni tarii daaraa fal'aana tokko hin guunneta'uu danda'a; garuu inni deebi'ee in biqila. Sababiin isaa, Hafuurri inniGooftaa koo du'aa kaase, dhagna isa du'u kana jiraachiseera waan ta'eef. Innidhagna keessan isa du'u in jiraachisa. Nuyi dhaaltuu du'aa ka'uu isaa ti,dhaaltuu imaammata Jireenya Bara Baraa Isaa isan waa'ee isaa yeroo baay'eedubbadhee ti. Inni, "Hin sodaatin!" jedheera waan ta'eef, hin dinqifatinaa.

Akkuma Phaawulos, "Moo'ichi kee meerree, yaa du'aa? Arfiin keesmeerree yaa du'aa? An Humna isa du'aa jiraachisuun guutameera. Waaqayyo Isakaraa Gooftaa keenya Yesus Kristos mo'icha nuuf kennuuf immoo galanni haa ta'u"jedhee ti waan ta'eef. Eeyyee, obboo! Humna jiraachisu. Oo, yaa anaa!

103 Inni baraa hamma bara baraatti in jiraata, "kaleessa isa ture,har'as bara baraanis isuma sana." Ibroota 13:8. Qalbeeffadhaa, Inni Masihi dha,Inni Isa dibame dha; Misirroon Isaas akkasuma, Ishee Masihittii (Messiah-ettes)dha, hubadhaa, Isheen Ishee dibamte dha.

Qalbeeffadhaa, duuti Humna jiraachiisuu Waaqayyoo dhaabuu hindanda'u. Duuti Isa dhaabuu hin danda'u. Yummuu isa argattanitti, Inni kan barabaraa ti. Wanti Isa dhaabuuf deemu tokko illee hin jiru. Isa to'achuu hindandeessan; wanta tokko illee Isa gochuu hin dandeessan. Lubbuu keessan irraagargara baatanii jiraattanis, inni kun Isa dhaabuu hin danda'u; gaarummaan Isaaakkuma isa duraan turee ti.

Qalbeeffadhaa, Museen Human jiraachisu sanaan guutuu ture. Inniakkas turee? Inni raajii Dubbiin Sagalee Waaqayyoo gara isaa dhufu ture. Innibu'aa dhagna Sagalichaa ture. Inni Sagalee bara sanaa ture. Sirrii dhaa? Innidu'ee waggaa dhibba saddeet booda, gaara dheeraa iddoo Yesus bifa ulfinaisaatiin mul'ate (Mount Transfiguration)tti, kunoo inni Eliyaasii wajjin indhaabata ture. Sirrii dhaa? Humnajiraachisuu, duuti raawwatee fuudhee isa hin balleessu. Lakki, lakki. "Andeebisaa isa nan kaasa." Ergamoonni Waaqayyoo dhufanii, dacha sana keessattiisa awwaalan. Inni tortoree badeera, lafeen isaas fi wanti kan biraan hunduubadaniiru. Inni isa jiraachisee ol baasee isa fide. Inni egaa iddoo sana ture,inni achi dhaabataa ture. Yaadadhaa.

104 Isin, "Inni sirriidhaa Obboleessa koo Branhaam, waggaa dhibbasaddeet boodaa?" in jettu. Oo, yaa anaa!

Maatewos keessa utuu dubbifattanii, kutaa Macaafichaa argadheera,Maatewos 27:51 irraa dubbifadhaa. Booda dubbifattuu yaadannoo irrattibarreeffadhaa. Yeroo warri dur turan, warri dur Inni dhufuuf jira jedhaniiamanan hunduu…Macaafni Qulqulluun asitti, erga Inni dhufee booda, isaan lafakeessa

rafaa turan jedha. Qulqulloota sana irra Humni jiraachisu sun isaan irrature, isaan hirmaattuu Isaa turan. Isaan hirmaattuu Isaa turan, sababiin isaa,isaan Isatti amanaa turan waan ta'eef.

Abdii fuul duraatiin, isan Jireenya sana qabu turan, karaa mi'aaraaraatiin, aarsaa qalma hoolaa dhi'eeffamuutiin, raawwatee hafuurri hoolaadeebi'ee nama irra hin buufatu. Amma Hafuura Namaa, Waaqayyo Ofii isaatii, isinirra jira, hubadhaa, amma egaa attam caalchifnee Humna jiraachisu sana ofkeessaa qabaanna! Garuu aarsaa araaraatiif hoolaan qopheeffamu fakkeenya ture.Amma kan nuyi qabnu fakkeenya sana miti, Wanta dhugaa Isa fakkeenyaan raawwataature sanaa qabna malee. Waa'ee maaliitu nu naasisa? Namoonni warri fakkeenyichaduwwaa qaban, du'aa ka'uu Isaatti quba qabaa, du'anii boolla keessa gadi inbadu.

105 Iyoob dur calaltuu isa hundumaa caalu sana jala turetti, yaa anaa,wantu hunduu isa irraa fagaate! Seexanni, “Mee isa anatti kenni. Akka innimul'inatti Si arrabsu nan godhaa” jedhe. Inni yeroo sanatti hidhaa kutate.

Waaqayyo immoo, “Wanti inni qabu hunduu harka kee keessa jira,Iyoobitti quba kee hin buusin” jedhe.

Haati manaa isaa illee isa irratti kaate. Hafuurri koo haadhamanaa kootti in xiraa'e jedhe. Karaa biraatiin, isheen waan tokko iyyuu isaafhin gootu jechuu dha. Isheen kana booda waan isa jaallattu hin fakkaattu, isheenof irraa isa fageessite. Isheen, “Iyoob, ati nama rakkataa nana! MaaliifWaaqayyoon arrabsitee hin duutu” isaan jette.

Inni immoo, “Atiakkuma dubartiin gowwaa dubbattutti dubbatta” isheedhaan jedhe. Oo, yaa anaa!

Hubadhaa, inni wantu qabatee turetti ciche. Egaa, inni raajiiture. Inni, “Ani cubbamaa miti. An aarsaa barbaachisu dhi'eesseera” jedhe.Ameen. Inni eessa akka dhaabachaa jiru in beeka ture. Inni Dubbii Sagalichaa irrature. Namni waan barbaade iyyuu isaan haa jedhuu, inni Dubbii Sagalichaa irradhaabatee jira ture. Guyyaan guddaan sodaachisaan sun… Inni, “Ati akkadubartiin gowwaa dubbattutti dubbatta” isheedhaan jedhe. Inni, “Qullaa koongaraa haadha kootiitii ba'e, qullaa koos biyyootti nan deebi'a; Waaqayyotukenne, Waaqayyotu fudhate; Maqaan Waaqayyoo haa eebbifamu!” jedhe. Inni,“Qullaa koon garaa haadha kootiitii ba'e, qullaa koos biyyootti nan deebi'a;Maqaan Waaqayyoo haa eebbifamu!” jedhe. Inni dhiita madaa'uun rukutamee taa'a,ijoolleen isaa du'anii dhuman, inni beelaan kan rukutame ture, firoonni isaahunduu isaan mormanii isa irratti ka'an, miseensonni waldaa isaa, name hunduisa dhiisan, inni qiraacii ittiin of hooqu fudhatee…Maal rakkinni gadadoonakkasii! Isin keessaa hanga ammaatti rakkina sana keessa namni darbe hin jiru.Kana keessatti immoo, inni Dubbii Sagalichaatti qabamee jiraate.

106 Inni joobira ture. Oo, yaa anaa! Yeroo hundumaa ija isaa golguuhin dandeessan. Lakki, lakki. Hunduu al tokkotti, Dubbii Sagalichaa irradhaabachuudhaan, maaltu ta'e? Samiin deebitee in qulqulloofte, bubbeen gongumuujalqabe, bakakkaan qaqawweessa'uu jalqabe, Iyoob ol ilaalee mul'ata argee, “Furiinkoo jiraataa akka ta'e, guyyaa booddeettis lafa irratti dhugaa baasuudhaaf akkainni ka'u ani beeka. Gogaan dhagna kootii ana irraa qunca'ee, raammoon gogaadhagna koo nyaattee fixxee, foonni fi lafaan hunduu dhagna koo irra hin jiruyoo ta'e iyyuu, Humni jiraachisu sun achi waan jiruuf, ani Waaqayyoon arguufjira. Ani ofii kootii isa nan arga; anumatu ija kootiin isa arga malee, kanbiraa miti; ani garuu Isa yaaduu irraa kan ka'e nan gaggabe” jedhe. Sirriidhaa?

107 Isin kana beekaa, raammoon gogaa dhagnaa nyaatu qaraa isinitti hindhufu. Raammoon sun durumaan isin keessa jira, raammoo gogaa keessanii ti. Isakana takkaa yaadattanii beektuu? Saaxinii du'aa keessa kaa'anii qilleensa isinirraa kutu; ilbiisonni ka'anii isin nyaachuu jalqabu, innis isa kanaa wajjintokkuma, sababiin isaa, isaan isin keessa jiru. Jalqabuma iyyuu, isin durooilbiisotaati, keessi keessan ilbiisotaan kan guutame dha.

“Gogaan dhagna kootii ana irraa qunca'ee, foonnis dhagna koo irrahin jiru yoo ta'e iyyuu, ani Waaqayyoon arguuf jira.”

Guyyaa du'aa ka'uu sana ganamas! Ulfaadhu! Haaleluyyaa! Maatewos,barreessaa jabaan kun, 27:52 fi 53 irratti, “Awwaalonnis immoo banamanii, warriqulqulloonni dur du'an in kaafaman, isaanis awwaalota keessaa ba'anii, du'aaka'uu Yesus booddee Yerusaalem mandara qulqulla'aatti lixanii namoota baay'eettimul'atan” jedhee caafe. Humni jiraachisuu sun yummus iyyuu bakka lafeen Eliyaasbade dhabamsiifametti, yummus iyyuu iddoo dhagni Iyyoob awwaarri fal'aannitokko illee argamuu hin dandeenyetti, Inni isaan irra ture. Garuu Humnijiraachisu sun yummus iyyuu achi ture.

“Hafuurri inni Yesusiin du'aa kaase isin keessa yoo jiraate, Innidhagna keessan isa du'aas in jiraachisa.” Amma daddafaatii, na duukaa bu'aa.

108 Isin, “Oo, utuun dur jiraadheera ta'e…” in jettu. Isin yeroo isadurii irra gaarii ta'e keessa jiraachaa jirtu. Amma yoo hundumti keessan…

Kutaa Caaffataa barreessitanii qabachaa akka jirtan argaan ture. Baay'eegaarii dha, Tasaloniiqee Isa

Duraa 4:16 barreeffadhaa. Attam akka miidhaguuyaadaan qabaa, hubadhaa. “Waaqayyo qulqulloota warra obbaafatan karaa Yesus,Isumaa wajjin deebisee in fida,” hubadhaa, qulqulloota warra awwaala keessaboqotanii jirani dha. Akkuma Eliyaas turee; kaan akkuma Elsaa'i turee;hubadhaa, kaan isaanii warra jiraachifaman in ta'u, kaan isaanii fayyaattiwarra ol fudhataman in ta'u, kaan isaanii warra awwaala keessa jiran in ta'u.Isaan Isaa wajjin in adeemu. “Malakanni Waaqayyoo in afuufama. Kana hundumaawajjin Gooftaan waaqa irraa gadi in bu'a; warri Kristositti amananii du'an darain kaafamu. Kana booddee nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo, isaanumaawajjin qilleensa keessatti Gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol inbutamna.” Humani jiraachisuu warra utuu hin du'in jiran irratti in ta'a; Humnijiraachisuu warra du'an irratti in ta'a. Hubattanii?

109 Humni Waaqayyoo Inni dhagna namaa isa du'aa jiraachisu sun gosumatokkotu raajota sana lamaan bakka bu'e. Mee maqaa jara sana lamaanii ilaalaa, baay'eekan wal fakkaatu dha, tokko Eliyaas (Elijaha), inni kaan Elsaa'i (Elisha) dha.Misrrottii fi Dhirsa Misirrichaa hubattanii? Isaan keessa tokko Obbo Yesus (Mr.Yesus) yoo ta'e, kaan immoo Adde Yesus (Mrs.Yesus) dha. Hubadhaa, dhibbeentaabaay'eedhaan wal fakkaatu, garaagarummaa Isaa fi Ishee jedhu duwwaatu gargarbaasa. Hubattanii?

Eliyaas attamitti akka asitti bakka bu'e ilaalaa. Amma, Elsaa'i…InniOl butamuudhaan ol fudhatame, Waldaa bakka bu'a, tole egaa, inni Eliyaasi dha; Elsaa'iimmoo hanga du'aa ka'uutti in boqote. Hubattanii? Inni akkuma simbirroo ti,simbirroon baalaansii isaa eeggachuuf koochoo lama isa barbaachisa. Hubattanii? Waldaan kallattiidhaan raajota kana lamaanbakka buuti. “Nuyi warri gaafa Gooftaan deebi'ee dhufu utuu hin du'in jirru, warraobbaafatan dura hin buunu; malakanni Waaqayyoo in afuufama waan ta'eef,”koochoon lamaanuu wal faana nuuf dhufu, nuyi balaliinee ol in sokkina,haaleluyyaa, ol in balaliina. Sababiin isaa, (maali?) Warra du'an keessas,warra utuu hin du'in jiran keessas, Humni jiraachisuu sun jira waan ta'eef.

Qalbeeffadhaa. Yaadadhaa, amma yaadadhaa, wantoonni kunniin maalakka ta'an akka hubatuuf jiraachifame. Humna jiraachisuu bara har'aa sirriittiakeekkaadhaa. Yaadadhaa, nuyi jiraachifamneerra. Yeroo dhi'eenya kana darbetti,gargaarsaaf…

110 Gooftaan keenya kana dubbateera jedheen yaada, Phaawulosis, “WantaAbbaan anatti agarsiise, wanti isin dhokse hin jiru. An isinittan hima” jedhe.Guyyaa gara booddee kana keessa yeroo Humni jiraachisuu Isaa nurra jirutti, namnidhukkubaste fayyuu isaa akka hubannuuf, Inni Humna jiraachisu nuuf kenne. Humnijiraachisu sun utuu nu gidduutti hojjetuu nuyi argineerra. Inni akkuma barajalqabaatti gochaa turetti, utuu Inni mul'ata deebisee nuuf fiduu, utuu Innidu'aa kaasuu, utuu Inni dhukkubsataa fayyisuu argaa jirra.

111 Guyyaa tokko nama ta'e tokkottin himaa ture. Nama miskiinaDonovaan Wiirtis jedhamu kana amma as jiru, hundumti keessan isa beektu jedheenyaada. Isaa wajjinan adamoo adamsaa ture. Inni nama miskiina…Inni nama gadi ofdeebisu, nama gaarii dha. Inni Waldaa kana dhufa. Inni…Inni anaaf hiriyaagaarii dha. Innis egaa… Inni, “An si rakkisuu hin barbaanne” naan jedhe.

Yummuun ilaalu, gurri isaa guutummaatti keessaa gara alaattigalagaleera. Ani immoo, “Attam nagumaa, Donovaan?” jedheen nagaa isa gaafadhe.Callisee yummuun harka kootiin, akkasqabee ilaalu, kaanserii dha. “Donovaan, gurri kee maal ta'e?” jedheen isagaafadhe.

Inni immoo, “Anoo hin beeku, Obboleessa koo Branhaam. Naannoo ji'aja'aa, moo ji'a torbaa narra fixeera, an calliseetuman….” naan jedhe.

Ani immoo, “Waa'eeisaa waan tokko illee dubbachuu maaliif dhiifte?

jedheen gaafadhe.

“An si rakkisuu hin barbaadde, obboleessa koo Branhaam” naanjedhe.

“Maal akka inni ta'ebeektaa?” jedheen isa gaafadhe.

“Hubannoo wayii qaba”naan jedhe.

Jecha tokko utuun hin dubbatinan callisee harka koo isarra kaa'e.Kun ta'ee guyyaa lama booda, godaannisi illee isarratti hin argamne. Innimaali? Humna jiraachu dha, hubadhaa, Inni dhagna keessan isa du'aa injiraachisa. Silaa gurri isaa irraa cita ture, silaa sammuun isaa in darba ture,hubadhaa, silaa inni in du'a ture. Garuu, Humni jiraachisuu! Hubattanii?

112 Guyyaa tokko immoo ofuma kootii yeroon dadhabee mudhukaa'etti,waa'ee…An, “Ati yoo…Yaa gurbaa, ati reefuu waggaa shantama waan taateef, garafuulduraatti deemuu siif wayya. Sii, wanti ati Gooftaadhaaf hojjettu jirataanaan, ariifattee isa hojjechuu siif wayya. Ati dulloomaa jirta” jedheenofumatti dudubbadhan ture. Hubattanii? Guyyuma sana ganama achumatti Humnijiraachisu in dhufe, yeroo Inni golgaa irraan ol na fuudhee ilaali naan jedhu,hudumti keessan utuu achi jirtaniin isin arge. Uhuhhuu. Hubattanii? Inni,“Warra ati jaallate, warra si jaallatan hundunuus, siif in kennamu” naan

jedhe.Hubattanii? Hunduma isaanii akkuma sanattin achitti arge. Inni maali? Humanjiraachisuu ti.

Yohaannis abbaan mul'ataa Humna dhagna du'aa jiraachisu sanaanguutamee, ka'ee dhaabatee jalqabaa kaasee hanga dhumaatti arge.

Isaayaas Humna du'aa jiraachisu sanaan guutamee, ka'ee dhaabateeBarkumee fi wantoota sana hundumaa arge.

Humna du'aa jiraachisu! "Hafuurri inni Kristosiin du'aa kaase isinkeessa yoo jiraate, Inni dhagna keessan isa du'aas in jiraachisa." Yaadadhaa, InniHumna du'aa jiraachisu dha!

113 Bara har'aa keessa waan argine ilaalaa. Humni jiraachisu sun garakeenya dhufee, Mallattowwan Torban bane. Inni kana godhe maali, dandeettiisammuu namaatii? Lakki, Human jiraachisuu Waaqayyoo ti. Hubadhaa, wanti kunakka ta'uuf jiru Humni jiraachisuu Waaqayyoo duraan dursee dubbateera.Hubadhaa, Humni jiraachisuu Waaqayyoo biyyi lafaa waa'ee Isaa, dhugummaa Isaaakka dhugaa ba'an taasise. Sana keessatti immoo Inni maal akka ture isaan hinbarre; garuu nuyi barreerra, mee gara kanailalaa, Inni Gooftaa keenya Isa ol gubbaa jiru, hubadhaa.

114 Inni Isa Mallatticha bane dha. Inni Mallattowwan kunneeni dha,sababiin isaa, guutummaan Dubbii Sagalee Waaqayyoo Kristos waan ta'eef, KristosMallatticha baname dha. Yoo banamuun Mallattowwaanii maali? Kristosiin mul'isuudha.

Ergamoonni torban, Waldoota Torban warra hundumti isaanii xumuramaniijiran kan bakka bu'u dha, nuyi garuu Isa hin hubachuu hin dandeenye. Isaangodhe, isaan suuraa Isaa kaase, malee nu miti. Egaa Inni achi jira, Inni AbbaaFirdii ol'aanaa ta'ee achi dhaabataa jira; kun kan agarsiisu Inni Alfaa fiomeegaa, Isa jalqabaa fi Isa dhumaa ta'uu Isaa ti. Maal addaan baafannaanakkasii! Humna jiraachisuu sanatu isanurratti raawwate.

Humni jiraachisuu sun dhufaatii Isaa akka arginu nu godha. Humnijiraachisuu du'a keessaa butee gara jireenyaatti nu baase. Humni jiraachisuukennaa yaada garaa namaa beekuu in kenna; dogogorri isin hojjettan maal akkata'ee fi maal gochuu akka qabdan; wanta gootanii fi wanta gichuun isin irra hintuure; maal gochuu gochuun akka isin irra jiruu fi maal ta'uuf akka jirtanhundumaa bakkeetti baasee in mul'isa. Isaan kun hunduu, Humna jiraachisuu ti!

115 Gooftaan keenya Yesus Humna jiraachisuun guutuu dha. Inniguutummaan Isaa Humnichuma. Inni Humna jiraachisuun guutuu waan tureef, "Dhagnakana jigsaa! Ani immoo guyyaa sadiitti deebisee isa Nan dhaaba" jedhe. Waa'eeofitti amanamummaa Humna jiraachisuu keessa jiruu dubbadhaa! "Mana Qulqullummaakana jigsaa! Ani immoo guyyaa sadii keessatti isa Nan ijaara."

Inni maalii kana dubbate? Inni waa'ee Isaatiif akka barreeffame inbeeka ture, Dubbii Sagalee Waaqayyoo isa karaatti hin hafneen waa'een Isaabarreeffame. Sagalichi, "Ani Isa Anaaf of kenne lafa jalatti hin laadhu,lubbuun Isaa ijaan iyyuu qilee akka argu hin godhu" jedha. Humni dhagna du'aajiraachisu sun du'aa akka Isa kaasu Inni in beeka ture, kanaafis wanti isadhiphisu tokko illee hin turre.

Inni, "Mana Qulqullummaa kana jigsaa! Ani immoo guyyaa sadiikeessatti deebisee Isa nan ijaara" isaaniin jedhe.

Maaliif? Inni dubbii raajii dubbatame ture, Sagalee Waaqayyoo.Dubbiin raajii immoo, inni dhuguma Sagalee Waaqayyoo taanaan, utuu hinraawwatin hin hafu. Dubbii raajii fi Sagalee Waaqayyoo isuma Isa du'aa nankaasa jedhetu, isinis Isaa wajjin kanumaan dura du'aa kaafamtaniittu nuunjedhe. Hin dinqisiifatinaa, Inni, "Hin sodaatin" jedheera. Akkasumas, "Hafuurichiinni ammaa, Isa keessa ture, amma immoo nu keessa jira, akkasumas immoo dhagnakeenya isa du'aa in jiraachisa" jedhamee caafameera. Yaa fira koo, hinsodaatin, Ilmi Waaqayyoo (S-o-n) ka'eeraa. Ilmi Waaqayyoo ba'eera.

116 Amma iddoo bifa ulfinaatiin mul'achuu (transfiguration) sanailaalaa. Nuyi hundumti keenya iddoo sana bakka buuneerra. Qulqulloonni utuudu'in ol butaman achi turan, Eliyaas achi dhaabataa ture; Museen achi dhaabateeture, qulqulloonni du'an…Akkasumas, lamaan isaanii Humna jiraachisu qabu turan.Inni tokko fooniin du'ee, inni kaan fooniin kan hin duune yoo ta'e iyyuu,lamaan isaanii achi jiru.

Qalbeeffadhaa, Oo, wanta nuyi guyyoota dhumaa kana keessa argaajirru ilaalaa. Wantu Inni nu abdachiise argaa jirra, Yohannis 14:12. Ammailaalaa. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Dhugaadhumatti.

Namoonni, "Humna qabaofiin jechuu keessanii?" in jedhu. Lakki, lakki, lakki.

Gara Gaara Ol Dheeraa iddoo Inni Ulfina Isaatiin Mul'atee (MountTransfiguration) sanaatti, nuyis akkuma isaanii turre, hubadhaa. Dhugaadha,nuyi humna qabna ofiin jechuu hin barbaannu. Garuu, nuyi akkuma isaan turan… GaaraOl Dheeraa iddoo Ulfinaan Mul'achuu sanatti isaan akkas ofiin jechaa hin turre,Museen, "Eenya akkan ta'e hubadhaa" hin jenne, bartoonni, "Eenyu akkan ta'ehubadhaa, eenyu akkan ta'e hubadhaa" hin jenne. Maaltu ta'e beektuu?Qalbeeffadhaa, isaan Yesus Ulfinaan guutamuu

Isaa hubatan. Wanti isaanbarbaadanii eegaa turan isa kana, innis Yesus Ulfinaan guutamuu Isaa ti.

117 Har'sa akkuma kana, nuyi nama guddaa wayii ta'uu hin barbaannu.Waa'ee keenua waan namoonni jedhanittii dhimma hin qabnu. Maqaan keenya waa'eehin baasu; kan waa'ee baasu Maqaa Isaa ti. Jireenyi keenya waa'ee hin baasu;kan waa'ee baasu Jireenya Isaa ti. Humni kan Isaa ti malee kan keenya miti.Wanti nuyi gochuu jaallannu waan tokko qofa, innis Inni ulfeeffamuu Isaa ti.Innis immoo attamittiin ta'uu danda'a? Yummuu du'aa ka'uu nu keessa jiruun Inninu keessatti ulfeeffamu ta'a. Inni har'as akkuma dur turetti mul'achuu Isaa inhubanna.

Hubattaniittuu? Hawwiin keenya ulfeeffamuu miti. Hawwiin keenuamaqaa guddaa wayii qabaachuu miti. Hawwiin keenya dinagdee waldaa guddisuu,yookkis mana barumsaa dilbataa babal'isuu, yookiis funyoo namatti hiinee namaharisuu, yookiis qophii bashannanaa qopheessuu, yookiis namoota bebbeekamoourjii ta'an afeeruu, yookiis qaama nageenyaa (buttons) qacaruu, yookiiswantoota kana fakkaattan gochuu miti. Isaan kun hunduu hawwii fi fedhii keenyamiti. Fedhaa fi hawwiin keenya ulfeeffamuu Isaa arguu dha. Ulfeeffamuu, (maal?)of jajuudhaan miti; nu keessatti, jireenyi keenya, Inni jiraataa ta'uu fi nukeessa jiraachaa akka jiru mirkaneessuu qaba.

Yoon karaa irraa kaadhe, yoo Wiiliyaam Branhaam illee ana hinyaadachiisu ta'e, yoo anumti illee hin yaadadhu ta'e, hamma Yesus nu gidduuttiulfeeffamuutti in geenya. Gara Isaa ilaalaa, hawwiin keenya isa kana. Humna jiraachisuusana kan nuuf kennu Isa. Inni immoo gammachuu nuuf in kenna, Isaa wajjin maalakka taane nu hubachiisa, nuyi Misirroo Isaa ta'uu keenyaan foonii fi lafeeIsaa ti; mala dhuga ba'umsa Isaatii isuma kanaan duraa argaa jirra, Inni du'aaka'uu Isaa amma nuuf mirkaneessaa jira. Hubattanii?

118 Hin dinqifatinaa, Inni, “Hin sodaatin” jedheeraa, ammaaf,hubadhaa, nuyi amma Isaan furamnee, Isaa wajjinis du'aa kaafamneerra. Egaa sabaIsaatiif Faasikaa jechuun isa kana, “Isaa wajjin kaaneerra!” kan jedhu dha. Hubadhaa.Amma nuyi Hafuura Isaa of keessaa qabna, gatiin kaartaan abbaa qabeenyummaakeenyaa durumaan nuuf kaffalameera.

Lakki, akkas jechuu hin dandeessu, “Tole egaa, isa nan hojjedhajedheen abdadha” hin jedhin. Ati kanuuman dura iyyuu hojjettee raawwatteetta. “Sichi nan hojjedha” hinjedhin. An kanumaan dura hojjedhee raawwadheera. An raawwadhee gonkumaa isa hinhojjenne; Isatu anaaf hojjete. Hubattanii? Ana miti; Isa malee! “Tole egaa,Obboleessa koo Branhaam, isaan… jedhu” jetta. An waan isaan jedhan irraa dhimmahin qabu. Inni anaffa Hojjeteera. Wanti an barbaadu isa kana duwaa dha, isakana irraan dhimma qaba.

An bakkeetti baafamee mul'ifamuu Isaa arguun barbaada. Isa kanaattamitti gochuu dandeessu, gadi Isa waamuudhaanii? Lakki. Inni isin keessa jira.Hubadhaa, Inni isin keessa jira. “Tole egaa, yoos, yaa Gooftaa, yoon karaairraa of maqse, Ati mul'achuu dandeessa. Ani ofii kootii…Attamitti kana gochuudandeessa? Sababiin isaa, Ati akkasitti isa dibdeetta. 'Warri Abbaan Koo Anaafkenne hunduu gara Koo in dhufe.'” Qalbeeffadhaa. Ulfaadhu!

119 Ragaa walitti qabame hundumaa irraa ka'uudhaan, nuu wajjin har'aganama, Oo, yaada waa'ee faarfannaa kanaatu gara koo dhufe:

Barii du'aa ka'uutti,

Gaafa danqaraan du'aa cabe,

Nuyi in kaana, (Haaleluyyaa!) nuyi inkaana!

Isa kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Nuyi in kaana!Isa keessatti hirmaattuu Isaa taana, Faasikaan iccitii Waaqayyoo isa bakkeettibaafamee mul'ifame dha, innis du'a booda Jireenyi jiraachuu dha. Nuyi ammawarra jiraatanii dha. Nuyi warra dur cubbuu fi irra daddarbaadhaan duunee, ammaimmoo jiraato taane dha. Golgaan Faasikaa tarsaafamuun inni dhugaa, duutinaannoo koorraa cabee an jiraataa ta'uu koo ti. Mallattoon Faasikaa jalqabattimallattoo Roomaan mallateessite cabse, Mallattoon Faasikaa, isa Innimallatteesse dha. Namni, isaan yummuu du'anitti, isaan yummuu godaannanitti;Inni immoo mallattocha cabsee dhuksaa jiru bakkeetti baasee mul'ise. AmmasWaaqayyo. Hafuura Qulqulluu Isaatiin, mallattoo jireenya keenua marsee aguugeejiru cabseera, Kristosis akka nu keessa jiraatu mul'iseera, ammaaf nuyi Isaawajjin jiraachifamneerra. Oo, tarkaanfiidhaa gara tarkaanfiitti!

Nuyi in kaana, (Haaleluyyaa!)

Nuyi in kaana! (Ameen!)

Barii du'aa ka'uutti

Balballi du'aa yummuu cabsamutti,

Nuyi in kaana, (Haaleluyyaa!) nuyi inkaana!

Oo, isin hin gammaddanii! An nan gammada! Duuba keenya fagoo gamasanatti, copha dibataa ganama gaaf tokkootiin cufaan mallattoo sanaa baname,Anis Isaa wajjinan ka'e, uumama haaraas nan ta'e. Humna jiraachisuu Isaa ti;Ilmi Waaqayyoo ka'eera.

120 Dhi'eenyuma kana seenaa namicha qurxummii qabuu tokko isinittihimeen ture. Namicha tokkotu nama qurxummii qabu tokko qacaratee gara WestiKoostii kana fudhatee deeme. Isaan ganama gaaf tokko gara sanatti bobba'an.

Isin keessaa namni bakka sana deemee Saalmooniin (gosa qurxummiiti) kiyyeessee beeku yoo jiraate, iddoon sun maal akka ta'e beektuu, iddoon sunhurrii jibbisiisaatiin kan haguugamu dha. Obbolessa koo quxisuu Edi'eeBiiskaaliin dacha sanattin arga, inni iddoo sanatti tajaajilaa Indiyaanotaa ti.Nuyis ofii keenyaa galoo galaanaa sanatti quxummii kiyyeeffanneerra.

Egaa namichi quxummi qabduun iddoo sanaaf nama haaraa, namamuuxanoo hin qabne (greenhorn) ture. Inni kiyyeessuuf deeme, isaan bishaan irrafagaatanii sokkan. Akkuma isin beekatan, ba'uu ifa aduu eegaa turan. Fagaachuuirraan kan ka'e sagalee faaggaa bidiruu dhaga'uu hamma dadhabanitti ga'an,namichi kiyyeessituun sun immoo guutummaatti gammachuun liqinfamee, “Dubadhaa,galaana keessaa gara ba'uutti deemaa jirra!” jedhe. Miira gammachuu guddaatuisatti dhaga'ame.

Inni, “Gadi taa'i mee ilma koo” jedhe. Akkuma isin beektaan, kiyyeessituunqurxummii inni muuxannoo qabu, hin jerjeru, suuta jedhaa dha. Inni waa'eemaalii dubbachaa akka ture in beeka. Inni, “Callisiitii amma aduun baatuttieegi, yeros eessa akka jirru in argitaa” isaan jedhe.

Ati, “An diqamaMetedistii, Baaptistii, Pheenxeqoostaalii ta'uun qabaa?” jetta.

121 Callisaatii eegaa. Yummuu Ilmi Waaqayyoo ba'u, nuyi eessa akkajirru in argina. Inni Sagalicha. Aamma Saglichi mul'ifamutti eegaa, yummuu iftiIsaa guutummaa Sanyichaatti ba'utti, yummuu Midhaan Mataa sun sochoofamutti,nuyi iddoo kam akka jirru in argina. Isin Isa in jaallattuu? [Waldaan, “Ameen”jedhan.]

Yeroo amma kana dheeratu waanan isin tursiiseef dhiifaman isingaafa dha. Isin keessaa galgala kana nama meeqatu deebi'ee sagantaa hirmaata?Oo, yoos galgala kana dhufnee itti deebina, hubadhaa. Naannoo sa'aatiitokkootti mitii? Nama kan biraa qabduu? [Obboleessi keenya Neviileen, “Lakki”jedhe.]

Mee mataa keenya gadihaa qabannu.

122 Namni, yookiis namoonni Human jiraachisu of keessaa hin qabnejirtuu? Ilmi Waaqayyoo guutumaatti ifeera (shined), isinis iddoo buufataa kana keessaateessaniittu, sagalee teeppii waraabamee dhaggeeffattaniittu, ta'us garuu hangaisin Sagalee Waaqayyoo duukaa buutanitti, hamma isin warri dubartiis warridhiiraas Sagalee Waaqayyoo Isa waa'een Isaa barreeffame hundumaaf hamma abboomamtanitti,Hafuurichi raawwatee dhagna keessan isa du'aa hin jiraachisu! Oo, inni kunwanta balaafamaa dha. Amma utuu sanyii du'aa taanii'oo, sanyii Lubbuu hin qabneyoo taatanoo? Garuu wanti ta'e tokko isin keessa jira, inni, “Ani ganama kanaka'uun barbaada. Ani haalan amma keessa jiraachaa jiru irraa ka'uun barbaada.Ani sanyii du'aa ta'ee kosii keessatti hafee fi sanyii bishaanni baatee jooruta'uu hin barbaadu. Ani biqilee ba'uun barbaada” jedhee isinitti in hima.

123 Harka keessan ol baaftanii, “Obboleessa koo, naaf kadhadhu” jechuuin feetuu? Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Yaa anaa, Harkawwanol kaafaman ilaalaa; iddoo aarsaatti karaan ol waaman guutummaatti hin jiru.Isa namoonni gara nannoo iddoo aarsaatti ol dhufan waamicha iddoo aarsaattigodhamu jennee waamna, hundumaafuu, ani isa kana irratti baay'ee hinxiyyeeffadhu. Inni kun guyyoota haaromsaa warra Metedistii keessa waldaattidabalame. Hubattanii?

Macaafni Qulqulluun, “Warri amanan hunduu, hubadhaa, in cuuphaman”jedha. Kunoo as kuufamni bishaanii jira, bishaanni guutee kaadhimamtootni du'uubarbaabaadan yoo jiraatan egaa jira.

Egaa, tarii baay'eedhaaf Maqaa Gooftaa Yesusitti awwaalamtaniittuta'a; garuu hanga sanyiittiin Lubbuun Jiraattuu (Life) taatutti, Inni ishee hinjiraachisu. Lakki, lakki, lakki. Cuuphaan bishaanotaa akka fixeensa waaqa irraaroobuu ti; inni sanyii irratti roobuu danda'a, garuu kan Lubbuun Jiraatu (Life)achi hin jiru taanaan, inni jiraachuu (live) hin danda'u.

Garuu cuuphaan bishaanotaa sun yoo kan dhugaa ta'e, inni kadhugaatti ofii keessanii duutanii, dhugaatti wanta barsiisa seera waldaa(creeds) fi damewwan amantii (denomination) isa faallaa Sagalichaa ta'e isabarsiifamtana kan hundumaa irraa duutanii, yoo akka ilmaa fi intalaWaaqayyootti yoo deddeebitanii, isa immoo garaa keessan irraa buutanii yooraawwattan, wanta cuuphaan bishaanichaa isiniif gochuuf jiru ganama kanaakeekkadhaa. “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniifdhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kennaaMidhaan Mataas (Sheaf) in fudhattu, kennaa sochoofamu in fudhattu.Daayinaamiksii isa ta'e Hafuura Qulqulluun in fudhattu. Abdiin Waaqayyoabdiichiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif,Waaqayyo keenya Gooftichi itti waamu hundumaafis.”

124 Yaa Waaqayyo Abbaa, Ani yeroo dheeraa dubbachuu koo irraan kanka'e yeroo namoota kanaa baay'ee fudheera, garuu, yaa Waaqayyo Gooftaa, isadhaabuu hin jiru. Ati dhaabdee isa dhaabdee, deemtee, boqottee waan deebiteedhuftu fakkaata. Nuyi biyya lafaa du'aa jiru keessa, saba du'aa jiru gudduuErgaa Jireenyaa fi raga du'aa ka'uu wajjin jiraachaa jirra. Yaa Waaqayyojaallatama, nuyi al tokko du'aa du'uuf deemna, carraan kun akka nu darbu yoogoone maal ta'uuf jirra laata?

Garaan keenya nu raafamaa jira; nuyi warri gara Keetti ol dhufne,lubbuun keenya gammaddeetti. Eeyyee, namoonni dhibbi lamaa yookiis dhibbi sadiiharka isaanii ol qabaniiru.Yaa Gooftaa, isaan amanauu barbaadu. Oo, yaaGooftaa, dhugadhumaatti sanyichi hin duune. Isaan attamitti harka isaanii akkasol kaasu? Wanta ta'e tokkotu jira. Oo, yaa Waaqayyo, akkuma isa durii sanahaati manaa Iyoob dhaabattee, "Ohi!" jedhaa jirti. Garuu, yaa Gooftaa, Iyyoobsun, namni amanu sun, gara keetti ol dhufee gutumaan guutuutti du'ee du'eecuuphaa bishaanotaa kana keessatti haa awwaalamu.

Cophi fixeensa Waaqa irraa dhufuu, Sagaleen Waaqayyo isa Innicubbuu keessan isiniif dhiisee isa isa isin irraa dhiqa jedhu dha! Maqaa YesusKristositti kan cuuphamtaniif maaliifi? Cubbuun keessan akka isiniifdhiifamuufi, cubbuun Maqaa Yesus Kristosin namaaf dhiifama.

125 Erga akkas ta'ee, adaraa yaa Abbaa, isaan…Isaan nama dhukkubsatuyoo ta'an, fayyanii asii gadi haa ba'an. Adaraa, isaan kan hokkolan yoo ta'an,Humna Hafuura Qulqulluutiin haa utaalan. Isaan nama cubbamaa yoo ta'an, cubbuunisaanii irraa dhiqamee qululleeffamanii asii haa ba'an. Yaa Gooftaa,makaaniksiin waan ol seeneef, Daayinaamiksiin Olii dhufee, Hafuurri QulqulluunOlii dhufee, isaanitti haa bu'u. Dhagna isaanii isa du'aa jiraachisu, yoos nuyiafaan haaraa isa dhugaa in dhageenyaa, humni Waaqayyoo, jaalala dhuma hinqabne, ayyaana ajjeesuu fi ayyaana jiraachisu dha; Yesus isa du'aa ka'e, DhagnaIsaa, Misirrottiin lafa irratti Isa bakka buutee jirti.

Yaa Abbaa, isaan kan Kee ti. Isaan harka isaanii ol baasaniiru.Ani Dubbii Sagalee lallabeera. Amma yaa Abbaa, akka isaan simattuuf sinkadhadha. Maqaa Yesus Kristosiinan Si kadhadhaa. Ameen.

126 Isin Isa in jaallattuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Innidinqisiisaa dha mitii? ["Ameen."] Hirmaattuu du'aa ka'uu Faasikaa ta'uukeessan, Isaa wajjin du'aa kaafamuu keessan, itti quuftaniittuu? ["Ameen."] Harkakeessan ol qabaa. Isin Isa keessatti hammatamtaniittu.

"Ijoollee koo," akkuma Phaawulos jechaa ture nan jedha. Isattifakkeessuu koo utuu hin ta'in, jaalala dhugaanan isin jaalla dha. Karaa roobayandoo fi wantoota hedduu keessa darbeen isinitti dubbachuuf as dhufe. Lafaonaa keessa darbee, kattaa cabbii fi wantoota kana fakkaatan keessaqaxxaamureen as ga'e. Nuyi xiyyaaraan balaliinee dhufne. Isinis akka walarginuuf jettennanii guutummaa biyyaa keessa konkolaachisaa as dhuftan. Nuyiwalii walii keenya in jaallanna.

Nuyi dhagna walii walii keenyaa ti. Wanta kan biraa isa Seexanniisinitti hasaasu hin dhaggeeffatinaa. Nuyi dhagnaa Walii walii keenyaa ta'uukeenyaan, dhagna Isaa in taana. Nuyi lammii tokkummaadhaan MootummaaWaaqayyootti hirmaatanii dha, nuyi warra eebba du'aa ka'uu Isaatti wal faanagammadanii dha.

127 Amma egaa, hubadhaa, isin amma kanumaan dura du'aa kaafamtaniittu.Waaqayyoyummuu Isa kaase, isinis kaase. Ilmi Waaqayyoo amma isin keessa kan jiruu fiisinis akka guyyaa dhumaatti akka Isaa ta'uudhaaf mutaa guddachaa in deemtu.Abidii kana amma of keessaa qabdu. Isa kana attamitti beektu? Lubbiin keessanjijjiiramteetti, hin jijjiiramnee? Dhagni keessan Isaaf abboomamuutti dhufe,hin dhufnee? Maaliif abboomamuu (waldaadhaafii?), Sagalee Waaqayyoo isa Jireenyata'eef abboomamuu dha, yoos egaa isin du'aa kaafamtaniittu. Guyyaan har'aa,Yesusii wajjin anaaf faasikaa dha. Inni isiniif Yesuusii wajjin, Faasikaa dha.Inni anaaf, isiniifis Yesuusii wajjin, Faasikaa dha. nuyi hundumti keenya… Yookis,Yesus, anii fi isin, hundumti keenya walii wajjin du'aa kaafamneerra.

Hafuurri keenya dhagna keenya dhiisee yoo deeme iyyuu, dhagnikeenya yoo ligidaa'e iyyuu, dhagna keenya yoo biyyootti dabalan iyyuu, yoo isaguban iyyuu, galaanatti yoo isa drbatan iyyuu, nuyi guyyaa dhumaatti in kaana.Macaafni Qulqulluun, "Ergamaan tokko isa harkaa qaba ture galaanatti gadi innadhe, wantoonni du'anii turan hundunuus in ka'an" jedhee dubbata. WantiWaaqayyo keenya Isa nuyi jaallannu jalaa nu dhoksu hin jiru, Inni wal faanadu'aa nu kaaseera.

128 Waaqayyo isin haa eebbisu. Yeroo dheeraan isin turse. Namoonniwarri fagoo amma yoonaatti bilbilaan nu hordofaa jiru yoo ta'e, dhugaadhaisaan…Daqiiqaatti saantima shantama waan kaffalaniif, dhugaadha har'a ganamahorii baay'ee baasaniiru. Garuu, ani yeroo jedhametti dhaabuu hin dandeenye,itti fufuutu narraa eegama ture.

Egaa, yoo fedha Gooftaa ta'e, deebi'ee isinitti dubbachuuf galgalakana deebi'ee nan dhufa. Yoon dhufuu hin danda'u ta'e, isin hundi keessanuubeektu… Sarara bilbilaa irra waan jirru natti hin fakkaatu, sarara… Amma iyyuusarara bilbilaa irra jirraa? Sarara bilbilaa irra hin jirru.

Iddoon deemuuf jechaa jiru hundumti keessan beektu, hin beektanii?Afirikaa dha! Yeroo dheeraadhaafan waamamaa ture; ergan deebi'ee dhaquuyaaluutti ka'ee waggoota lakkoofsiseera. Amma

Mul'ata deemuu argeera, HafuurriGooftaa karaa qopheesseera. Namoonni hiyyeessonni durii jalqabanii achijiraachaa turan (natives) sun achi dhaquun koo isa xumuraatiif akka hin taaneyummuu dhaga'anitti, isaan halkanii fi guyyaa lafa irra ciisanii gadoodaniiboo'anii, "Yaa Gooftaa, maal goone?" jedhan, namoota kumaatama ta'anii.Namoonni kun lubbuu akka qaban iyyuu hin amanan. Hubattanii? Isaan boo'aniigadoodanii, in boo'u turan.

129 Ana dursitanii jecha tokko illee akka hin ergine. Adaraa hindubbatinaa. Hubadhaa, viizaan koo karaa tajaajiltoota sanaatiin akka deemu utuugodhamee, silaa isaan battaluman achi ga'utti na dhaabsisu. An akka nama adamoodeemuuttan dhaqa. Ani gubbaa giiftiiishee ba'aa baabura kudha torbaa fiddee gara wal ga'iitti gadi dhuftee birandeema. Ani lafa ishee irratti ol ba'een adamoo adamsa. Yeroon deemu hundumaattiPaaspoortiin koo adamsiituu jedha malee, tajaajila amantii hin jedhu.

Yeroo sanatti obboleessi tokko na argee, "Maaliif wal ga'ii xiqqooishee nuuf hin gootu?" naan jedhe. Istaadiyeemiin durumaan kireeffameera. Isaaniyyuu hin beekan turan. Hubattanii? Oo, ulfaadhu!

130 Fedhi Waaqayyoo karaatti akka hin ittifamneef kadhadhaa. Lubbuunkoo isheen erga gaafan achii ka'eetii Afirikaadhaaf boossu, nagaadhaandeebitee, ergaa waa'ee wal ga'ii guddaa sanaa isiniif fiddee akka dhuftuuf,naaf kadhadha. Akkan yaadutti, hangan achi dhaqee deebi'utti isinii wajjin waanwal arginu natti hin fakkaatu. Guyyoota muraasa booda in deemna, innis Caamsaakudhan (ALA) kan deemnu ta'a. Anaaf in kadhattuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.]

Yaadadhaa, yoo achi deemtan malee rakkowwan attamii akka jiranisin hin beektan; gama hundumaan warra namatti tolchanii fi seexanatu guuteejira, isaan waan godhan hin beekan jettanii hin yaadinaa. Hubattanii? Yummuuisaan dura dhaabattan maal dubbachuu akka qabdan beekuutu, isiniif wayya. "Anigaruu Eenyitti akkan amane waanan beekuuf hin yeella'u; akkasumas Inni wantaadaraa anatti keenname kana, hamma guyyaa sanaatti eeguu akka danda'u nanamanadha."

Egaa, amma erbeen dafqaa murssani as kaa'amii jiru.

Yaa Waaqayyo jaallatama, akkuma Ergaan ganama kanaa du'aa ka'uuta'e, yaa Gooftaa anis kunoo as dhaabadheen Humni jiraachisuu sun kan ijoolleewarra amananii akka ta'e Sagalichaan mirkaneessaa ture. Kanaafuu, amanuu kooirraan kan ka'e, amantiidhaan, Humni jiraachisu sun jireenya koo jijjiire. YaaGooftaa, namoonni kunis waan amananiif, Inni jireenya isaanii jijjiire. Nuyiwalii walii keenyaaf in kadhanna. Ani erbee dafqaa kana irra harka kookaa'eera, innis… Adaraa yaa Waaqayyo, Inni Yesus Kristosiin du'a keessaa kaaseeIsa jiraachise, Hafuurri Qulqulluu inni du'aa Isa kaase, dhagna keenya keessahaa buufatu.

Hafuurri inni dhagna Elsaa'iin keessa ture, erga inni du'ee lafeenisaa duwwaan achitti hafee booda, inni lafee sana irraa Humna jiraachisu sanaqaba ture. Harka ergamootaa of keessaa Human jiraachisu qaba ture. Sammuunergamootaa, iji ergamootaa, arrabni amantootaa, hundumtuu Humna jiraachisu ofirraa qabu turan.

Humni jiraachisu sun amma, akkuman amma harka koo isaan irrakaa'ee jirutti, harki koo ayyaana Keetiin nama Humna jiraachisu sana qabu haata'u, Inni tokkoon tokkoon dhagna dhukkubsatee kanneen haa jiraachiisu, yaaWaaqayyo, adaraa hundumti isaanii guutummaatti fayya qabeessummaatti haadeebi'an, Maqaa Yesus Kristoosiin.

Fayyinni kun warra erbee dafqaa kana duwwaadhaaf utuu hin ta'in,namoota gubaa'ee keessa jiran, warra dhiphina qaban hundumaaf haa ta'u. Ijolleexixinnoo hundumaa, namoota umurii dheeraa qaban hundumaa, eenuun iyyuu haata'anii, Humni jiraachisu sun amma battala kanatti, Maqaa Yesusiin isaan haajiraachisu. Ameen.

131 Egaa amma, meeqan keessantu Humna jiraachis sana argate?[Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Egaa yoo Humni jiraachisu sun isin keessajiraate, amma walii walii keessan irra harka keessan kaa'aa.

Egaa, wanti achi Isa ittisu waan tokko duwwaa dha, innis immooamanuu diduu keessani. Dubartittiin shaashara wayyaa Isaa tuqxee fayyite;loltuun warra Roomaa fuula Isaatti tufee, gara qilillee deeme. Hubattanii?Kanaafuu inni…inni eessa akka jirtan irratti hundaa'a. Isatti in amantuu?[Amntoonni, "Ameen" jedhan.] Isin Isa in amantuu?

Egaa amma mataa keessan gadi qabattanii walii walii keessaniifakka kadhattanin barbaada. Sagalee keessan baasaatii kadhadhaa, "Yaa Gooftaa,namni kun" jedhaa… Hubadhaa, dhugaatti walii walii keessaniif kadhadhaa.

132 Yaa Waaqayyo jaallatama, nuyi kana Maqaa Yesus Kristoosinn goona, Maqaatokkicha ittiin namoota gidduudhaa ittiin fayyuun nuuf kennameen in goona.Namoota kunneen, warra walii wajjin dhaaltuu Mootummaa keetii ta'an kana, yaaIsa Humna jiraachiisu of harkaa qabduu, yaa Gooftaa, amma Isa isaan keessajiraachisi. Hafuurri kee joobira irra gara joobiraatti, Sagalee irraa garasagaleetti deemee, hamma tokkoon tokkoon dhagna isaanii keessatti guutummaanamummaa Yesus Kristos mul'atutti, wanta jireenya

fooniif isaan barbaachisu,wanta jireenya hafuuraaf isaan barbaachisu, akkuma nuyi harka walii waliikeenyarra keenyee jirru kanatti, waan isaan barbaachisu akka isaaniif guuttuufSin kadhadha. Maqaa Yesus Kristoosiin. Ameen.

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7